


XIINXALA WALSIMANNAA AKKAATAA BARACHUU,  
TARSIMOOLEE BARACHUU BARATTOOTAAFI MALA  
BARSIISONNI AFAAN OROMOO ITTIIN BARSIISAN:  
XIYYEFFANNOO MANA BARUMSAA SADARKAA  
LAMMAFFAA HOOMAAFI SOOTALLOO  
KUTAA 9<sup>FFAA</sup>




MAZGABUU GIRMOOSHAATIIN

WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA)  
GAMISAAN GUUTTACHUUF DAMEE AFAAN  
OROMOOFI OGBARRUUTIIF DHIYAATE

FULBAANA,2022  
JIMMA, , OROMIYAA

XIINXALA WALSIMANNAA AKKAATAA BARACHUU,  
TARSIMOOLEE BARACHUU BARATTOOTAAFI MALA  
BARSIISONNI AFAAN OROMOO ITTIIN BARSIISAN:  
XIYYEFFANNOO MANA BARUMSAA SADARKAA  
LAMMAFFAA HOOMAAFI SOOTALLOO

KUTAA 9<sup>FFAA</sup>



# YUUNVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJI SAAYINSII HAWAASAAFI NAMOOMAA DAMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUU

## MAZGABUU GIRMOOSHAATIIN

WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA)  
GAMISAAN GUUTTACHUUTIIF DAMEE AFAAN  
OROMOOFI OGBARRUUF DHIYAATE

- 1.GORSAA:ALAMAAYYOO FAQQADAA(PHD).
  - 2.GORSAA GARGAARAA:CIMDII WAAQUMAA(ASSO,PROF.)

FULBAANA,2022  
JIMMA, OROMIYAA

YUUNVARIITII JIMMAA KOLLEEJJI SAAYINSII  
HAWAASAAFI NAMOOMAA DAMEE AFAAN  
OROMOOFI OGBARRUU

XIINXALA WALSIMANNAA AKKAATAA BARACHUU,  
TARSIMOOLEE BARACHUU BARATTOOTAAFI MALA  
BARSIISONNI AFAAN OROMOO ITTIIN BARSIISAN:  
XIYYEEFFANNOO MANA BARUMSAA SADARKAA  
LAMMAFFAA HOOMAAFI SOOTALLOO  
KUTAA 9<sup>FFAA</sup>

MAZGABUU GIRMOOSHAATIIN  
  
  
WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA)  
GAMISAAN GUUTTACHUUTIIF DAMEE AFAAN  
OROMOOFI OGBARRUUF DHIYAATE

- 1.GORSAA:ALAMAAYYOO FAQQADAA(PHD).
- 2.GORSAA GARGAARAA:CIMDI WAAQUMAA(ASSO,PROF.)

FULBAANA,2022  
JIMMA, OROMIYAA

## **Yuunvarsiitii jimmaa sagantaa qo'annoolee Eeb-booddee**

Waraqaa qorannoo digrii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi ogbaruu barsiisuuf Mazgabuu Girmooshaa Hundeet mataduree 'xiinxala walsimannaa akkaataa barachuu, tarsimoolee barachuu barattootaafi mala barsiisonni Afaan Oromoo ittiin barsiisan: xiyyeffannoo mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Hoomaafi Sootaloo kutaa 9<sup>ffaa'</sup> jedhu irratti hojjetee dhiheesse ulaagaa yuunvarsiitichi kaa'e kan guute ta'uu nanmirkaneessa.

Koree qormaataa

- 1.Qoraa alaa \_\_\_\_\_ mallattoo \_\_\_\_\_ guyyaa \_\_\_\_\_
- 2.Qoraa keessaa \_\_\_\_\_ mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_
- 3.Garsaa \_\_\_\_\_ mallatoo \_\_\_\_\_ guyya \_\_\_\_\_
- 4.Gorsaa aantee \_\_\_\_\_ mallattoo \_\_\_\_\_ guyyaa \_\_\_\_\_

## **Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan duras yuuniversiitii kamiyyuu keessatti waraqaan qorannoo eebbaaf kan hin hojjetamne ta'uusaa, akkasumas, wabiileen qorannoo kanaaf dubbisee haala seera qabeessa ta'een fudhadhee, tarreewan wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

### **Qorataa**

Maqaa Mazgabuu Girmooshaa Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

## Axereeraa

*Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa,walsimannaa akkaataa barachuu, tarsimoolee barachuu barattootaafi mala barsiisonni Afaan Oromoo ittiin barsiisan kan mana barumsa sadarkaa lammaffaa Hoomaafi Sootalloo kutaa 9<sup>ffa</sup>a xiinxaluudha.Mataduree kana irratti ragaa barbaachisu funaanuudhaaf, qorannoo makaatti dhiimmaa bahamee jira.Mala iddatteessuu akkaayyoofi carraa salphaatiin barattoota kutaa 9ffa saddeettama, barsiisota afurii fi dura buutotni afur walii galatti namoonni saddeettamii saddeet filatamanii hirmaatanii jiru. Ragaa mala safarataafi qulqulleeffataatiin walitti qabame, akkaataa wal fakkeenyaa walitti qindaa'anii xiinxalamani karaa lakkofsaafi jechaatiin qaacceffamanii ibsan dhihaataniiru.Argannoowwan gurguddoon qorannoo kanaan bira gahaman:1ffaan,Fedhiin akkaataa barachuu barattootaa ilaaluun, dhageettiin, barreessuufi dubbisuufi Qaamsochiin barachuu kan jaallatan yoo ta'u, tarsimoolee barachuu isaanii ammoo tarsimoo yaadsanmmuu,tarsimoo yaadsammuu olaanaa,tarsimoo yaadqalbii ilaalchaa, tarsimoo hawaasummaafi tarsimoo kalsirreessuutiin barachuu akka barbaadan bira ga'amee jira. 2<sup>ffa</sup>a.Hubannoon akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barsiisota manneen barnootichaa biratti gadaanaa ta'uu,3<sup>ffa</sup>a barsiisonni akkaataafi tarsimoolee barachuu barattootaa xiyyeffannoo osoo hin kennin barnoota kan dhiheessan ta'uu,4ffaan mijatummaan haala daree barnootaa,naannoo barnootaa,duubeen barsiisotaa,barattootaa, meeshaaleen barnootaa akkaataa barachuu barattootaatiin dandeettiwwan Afaan Oromoo barsiisuuf gufuu akka ta'an adda ba'eera.Dhumarrattis, yaboowwan gurguddoo qorataan tarreesse:Ifaan,Hubanno Akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa irratti jiru cimsuuf leenjiin barsiisotaafi barattootaaf osoo kennamee gaariidha.2ffa,Barsiisotni akkaattaa barachuu barattootaa addaan baasuun osoo barsiisanii gaarii ta'a.3ffa gufuuwwan hojiirra oolmaa akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa dhimmamtoota barnootaatiin yoo furaman gaarii ta'a.4ffa,Barattoota kutaa gara gadii irratti xiyyeffachuun barsiisuufi fedhii akkaataa barachuu isaanii addaan baasuun barsiisuuf qaamoleen sadarkaan jiraniifi BBOn osoo haala mijessanii gaarii ta'a.*

## **Galata**

Duraan dursee jalqaba qorannoo kanaarraa kaasee hanga dhumaatti fayyaa guutuu naaf kennee hargansuufi dhahannaal onneekoo toora uumamaa keessatti kan naaf eegee, heeyyama jiraachuufi hojjechuu kan naaf kennee, nagaan najalqabsiisee, nagaan kan naxumursiiseef Waaqayyoon guddiseen galateeffadha.

Itti aansee Kaayyoon qorannoo kanaa akka galma ga'uuf jalqabaa wixinee qorannoo irraa eegalee hanga xumura waraqaa qorannichaatti nuffii malee yeroo isaanii osoo hin waakkatin gorsaafi yaada bilchaataa kan naaf kennaa turan gorsaa koo Dr.Alamaayyoo Faqqadaatiif galanni ani qabu guddaadha. Itti dabalees,hojiinkoo caalaatti akka miidhaguuf gorsa dabalataa kan naaf taasisaa turan gargaaraa gorsaa kan ta'an Cimdii Waaqumaa(Asso.Prof.) baayyeen galataeffadha.

Akkasumas,deggersa yaadaafi mallaqaa kan naaf taasifte haadha warraakoo Maaramee Birhaanuu guddaan galateeffadha.Dhuma irratti namoonni fiixaan ba'iinsa qorannoo kanaaf qooda qabdan hundumaan galatoomaa jedheera.

## Gabatee baafataa

Fuula

Matadureewwan	
Axereeraa .....	6
Galata .....	7
Gabaajeewwan .....	10
Jiibsoo .....	10
BOQONNAA TOKKO:SEENSA .....	11
1.1. Seenduubee Qorannichaa.....	11
1.2.Ka'umsa Qorannichaa.....	16
1.3. Kaayyoo Qorannichaa.....	18
1.3.1 Kaayyoo Gooroo.....	18
1.3.2 Kaayyoo Gooree .....	18
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa .....	18
1.5. Daangaa Qorannichaa.....	19
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU .....	20
2.1.Akkaataa Barachuu Barattoota .....	20
2.2. Maalummaa akkaataa barachuu barattootaa .....	20
2.2.1. Moodeelota akkaataa barachuu barattootaa.....	22
2.3. Akkaata barachuu barattootaa beekuun barsiisootaaf faayyidaa inni kenu .....	28
2.3. Tarsimoowwaan Barachuu Barattoota.....	28
2.3.1.Maalummaa Tarsimoo Barachuu Barattootaa .....	28
2.3.2. Akaakuuwwan Tarsimoo Barachuu Barattootaa .....	29
2.4. Sakattaa'a qoranno walfakkii.....	31
2.5.Yaaxxina Qorannichaa.....	33
2.6.Moodela qorannichi bu'uureeffate.....	35
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA .....	37
3.1.Saxaxa Qoramichaa .....	37
3.2. Irraawwatama Qoramichaa .....	37
3.3..Madda Ragaa .....	37
3.4.Iddattoofi Mala Iddatteessuu .....	37
3.5.Meeshalee Odeeffannoon Ittiin Funaanamu .....	38
3.6.Mala Qaaccessa Ragaa.....	40
3.7. Naamusa qoramichaa .....	40
BOQONNAA AFUR: XIINXALAAFI QAACCESSAA RAGAALEE .....	41
4.1.Duubee namoota ragaan irraa funaanamee .....	41
4.2.Qaaccessa ragaakkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa.....	43
4.3.Qaaccessaa ragaafgaaffii hoggantoota irraa Argame .....	51
4.5.Qaaccessaa ragaafgaaffiiwwan barsiisotaa irraa.....	57
4.6.Gufuuwwan Hojiirra Oolmaa Akkaataa Barachuu Barattootaa .....	63
4.6.1.Gufuuwwan Barsiisotaan Walqabatan.....	63
4.7.Gufuuwwan barattootaan walqabatan.....	65
4.8.Gufuuwwan bulchiinsaan walqabatan .....	68
4.9.Qaaccessa Daawwanna Kutaa barnootaa .....	72
4.9.5. Cuunfaa yaada Marii garii xiyyeeffanno .....	77
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO .....	79
5.1.Cuunfaa.....	79

5.2. Argannoo .....	80
5.3. Yaboo qorannichaa .....	82
Wabiilee .....	83
Dabalee A .....	89
Dabalee B:.....	91
Dabalee C:.....	92
Dabalee D:.....	93

## **Gabaajeewwan**

BBO=Biirroo Barnoota Oromiyaa

MBI=Ministeera Barnootaa Itoopiyyaa

BC=Before Christ

### **Jiibsoo**

**Akkaataa Barachuu**-Karaa Namni Tokko Ittiin Odeeffannoo Fudhachuu Jaallatu.

**Bara malleeniin duraa**=Osoo malli afaan barsiisuu qorannoo irratti hundaa'e hin jalqabin dura yeroo malli barsiisuu muuxannoo namoota dhuunfaatiin hojiirra oolaa tureedha.

**Bara malleenii**=Bara malleen baruufi barsiisuu walduraa duubaan hojii irra oolaa turan

**Bara malleeniin boodaa(post method pedagogy)**=Bara malleen baruufi barsiisuu filatamaa barbaaduun dhaabbatee gara fedhii barattoota daree keessaa xiyyeffachuun mala filachuun jalqabameedha.

**Dhihaannaa cunqa'aa**=Tooftaa malleen duraan jiran walitti guuruun fedhii dareetti madaqsuun barsiisuu.

**Garaagarummaa dhuunfaa**=Amala barachuu namni tok ko isa biroo irraa ittiin adda ba'u.

**Mala** =Karaa barsiisonni qabiyyee barattootaaf ittiin dhiheessan.

**Mala barsiisaa giddugaleeffate**=Mala barsiisonni osoo barattootaa hin hirmaachisin hunda dhuunfachuun ittiin barnoota dhiheessan.

**Odeef-kenniitota**=Namoota qorannichaaf oddeefannoona irraa guurame.

**Tarsimoolee Barachuu**=Tartiiba namni tokko ittiin odeeffannoo qaacceffatuufi yaadatu duraa duuba malli tokko ittiin hojiirra oolu.

## **BOQONNAA TOKKO:SEENSA**

### **1.1. Seenduubee Qorannichaa**

Seenaan afaan barsiisuu umurii dheeraa lakkofsisee jira.Malleenif haalli dhihaannaa qorannoo irratti hundaa'e osoo hinjalqabin dura namoonni beekumsa, muuxannoofi dandeettii mataa isaanii irraa ka'uun qajeelfama ofii isaanii bocatanii dhimmoota garaa garaatiif afaan barsiisaa turaniiru.Yaada kana Dağkiran,(2015,f:1)yeroo ibsu:“Even before the arrival of language teaching methods, people who had their own teaching principles shaped by their individual knowledge and experience had taught languages for various reasons in various contexts” jedha.Yaada kanaarraa wanti hubatame malli barachuufi barsiisuu qorannoo irratti hundaa'e osoo hojiirra hinoolin namoonni kaka'umsa mataa isaaniifi muxannoo qabanitti gargaaramuun kayyoo garaagaraatiif afaan barsiisaa akka turan ibsa.Yeroon kun bara malleenin duraati.Bara malleenin duraa keessatti malli barachuufi barsiisuu qorannoo irratti hundaa'e hin turre.

Sababa kana irraa kan ka'e yeroo dheeraadhaaf malli barachuufi barsiisuu barsiisaadhaan dhuunfatamee hojiirraa oolaa ture.Kunis barachuun barsiisaa keessaa beekumsa gara barattootaatti dabarsuu akka ta'etti ilaalamaa ture.Yaada kana Boumova, (2008,f:11)yeroo ibsu,‘The traditional methodology puts the responsibility for teaching and learning mainly on the teacher and it is believed that if students are present in the lesson and listen to the teacher’s explanations and examples,they will be able to use the knowledge.’’jedha.Yaada kanarraa wanti hubatamu baroota darban keessatti mallii barachuufi barsiisuu barsiisaa qofa kan giddugaleessa godhate ta'ee,barattoonni daree keessatti argamanii,barsiisaan ammoo ibsaafi fakkeenya laannaan, beekumasa argataniiru jedhamee amanamamaa kan ture ta'u isaa hubanna.

Haata'u malee, jijiirama yeroodhaa gara yerootti mul'achaa dhufe irraan kan ka'e fooyya'insi mul'achaa dhufuuun malleen barachuufi barsiisuu garaa garaa walduraa duubaan dhufanii hojiirraa hoolaa turan.Akka fakkeenyaatti malleen walduraa duubaan hojiirra oolaa turan kunneen:Mala jijiirraa seerlugaa,mala kallattii, mala uumamaa, sajeestoo piidiyafi kan biroon dirree barnootaa irratti walduraa duubaan baroota gara barootaatti inni tokko isa biroo caalaatti fooyya'aadha yaada jedhuun hojii irra oolaa turanii jiru (Qing-xue &Jin-fang, 2007).

Keessumaa bara1950 irraa eegalee hanga bara 1980 tti malleen afaan barsiisuu hanqina isa tokko irratti mul'ate kan biroon fooyyessuuf yaaliin taasifamaa tureera.

Yaada kana Dağkiran,(2015) Kumaravadivelu,(2003)fi Richards and Rodgers, (2001) wabeeffatee yeroo ibsu:

*A great number of language teaching methods and approaches have emerged one after another and the late twentieth century witnessed the rise and fall of a variety of these methods. In the last 60 or so years different teaching approaches and methods have been generated, the peak of this method shift in the history of language teaching was between the 1950s and the 1980s (f:11)*

Yaada olii kana irraa kan hubatamu malleen barachuufi barsiisuu garaa garaa waljijiirranii yeroo tokko kufu kan biroon ammoo dhufaa akka ture ibsa.Sababni saffisaan waljijiirraa malleen kanaa malli afaan barsiisuu baayyee filatamaa ta'e kan barattoota hundaaf yeroo tokkichatti walqixa mijatu dhibamuu isaati.Kanaafuu hayyooni mala baaqgee ta'e tokkoon barattoota daree barnootaa keessa jiran hundaaf galma barachuu milkeessuun beekumsaaf dandeettii argachiisuun akka hin mijanne bira ga'an.

Yaada kana Prabhu (1990 ) waraabbi armaan gadiitiin yeroo ibsu,

*If those who declare that there is no best method are asked why, the most immediate and frequent answer is likely to be "Because it all depends," meaning that what is best depends on whom the method is for, in what circumstances, for what purpose is for, in what circumstances, for what purpose, and so on. That there is no best method therefore means that no single method is best for everyone, as there are important variations in the teaching context that influence what is best. (f:162)*

Yaada kanarrraa kan hubannu malli tokko filatamaadha kan jennu eenyummaa nama malichaan barnooni dhihaatuuf irratti kan hundaa'u ta'ee bu'aa barachuu gaarii yoo argamsiiseedha.

Kanuma irraa ka'uun malli tokkichi rakkoo hiikuuf mijatu waan hin jirreef 'walitti dabalanii guutuu taasisuufis malleen hundinuu walitti makamanii yoo walitti cunqaa'an rakkoo isa tokkoo isa birootiin hiikuuf mijataadha' yaada jedhu hayyoota irraa ka'ee bara 1980 eegalee mala dhihaanna cunqa'aa kan yoomessa daree barnootaatti maloota jiran madaqasuuun barnoota dhiheessuuf bu'aa barattootaa gaarii fiduun akka dandaa'amu ibsame.Malli kun kanneen biroo duraan turan caalatti fedhii daree keessa jiru yaada keessa galchuun barnootni dhihaachuu qaba yaada jedhu waan qabuuf akka fooyya'ina qabutti ilaalamee hojiirra oolaa ture (Prabhu,1990).

Haata'u malee, malli kunis,qeeqa jalaa ba'uu hin dandeenye.Yaada kan Dağkiran,(2015) yeroo ibsu‘Even though eclecticism may have good intentions,it has been criticized by

Kumaravadivelu and several other researchers for not having a systematic framework” jedhuun ibsa. Akka yaada kanaatti malli dhihaannaa cunqa’as yaaxxinaafi qajeelfama sirna qabeessa irratti bu’uureeffame hinqabu yaada jedhu irraa ka’ee qeqame. Walumaa galatti bara malleeniiin duraafi bara malleenii keessatti afaan barsiisuun haala baayyee walxaxaa ta’e keessa darbuun gara bara malleeniiin boodaatti ce’e.

Bara malleeniiin boodaa (post method pedagogy) tti yeroo dabarru yaada falaasaa Giriikii durii kan ta’e ‘Aristootil’ dubbatee ture kan ‘daa’imman daree barnootaa tokko keessa jiran gidduu garaagarummaa dhuunfaa(individual difference) jira jedhu irraa kaana. Sababiin Mala tokkichaan barattoota daree tokko keessaa barsiisanii beekumsa argachiisuun dadhabameef akkaataan dhalli namaa ittiin odeeffanno gara sammuu isaatti fudhatu addaa adda waan ta’eefi.

Kanaafuu,jijiiramuun malleen barachuufi barsiisuu baroota dhufaa darbaa kun sababa garaa garummaa dhuunfaa dhala namaa gidduu irraa uumamae (Gajić,et al,2021). Kunis, barattooni daree tokko keessa jiran garaagarummaa dhuunfaa waan qabaniif karaa walfakkaataa mala murtaa’e qofaan barsiisanii hubachiisuun danqaa ture. Sababa garaagarummaa dhuunfaa barattoota gidduutti argamuu kanaatiif, barattooni karaa garaa garaatiin barachuu ni fedhu. Filannaan fedhii barachuu kun akkaataa barachuu barattootaa (students learning style) jedhamee beekama.

Yeroo jalqabatiif yaanni waa’ee garaagarummaa dhuunfaa barattootaa gidduu kan ifa ba’e falaasaa biyya Giriikii durii kan ta’e ‘Aristootiliin’ akka ta’e Reiff & National Education Association,W.D.,(1992,f:7) yerooibsan, “Accounting for individual differences is not a new phenomenon. As 334 B.C.Aristotle said that each child possessed specific talents and skills and the concept of individual differences in young children” jechuun barreessaniiru. Yaada kanarrraa akka hubatamutti umuriin akkaataa barachuu barattootaa adda baasuun akkaataa garaagarummaa isaaniitti deggersa barbaadamu gochuuf yaaliin hayyootaa bara dheeraa lakkofsisuu isaa argina.

Haata’u malee,akkaataa barachuu barattootaa sababa garaa garummaa dhuunfaatiin uumamu kanaaf xiyyeffannoos osoo hin kannamen jaarrraa hedduu ture. Akkataan barachuu barattootaa sababa dhiibbaa naannoo, muuxannoo,caasaalee sammuu,hidda dhalootaafi kakaastota naannoo jirenyaa irraa madduu danda’a (Haswell, 2017).

Gama biraatiin tooftaaleen barattooni ittiin waan baratan sammuu isaanii keessa akka turfataniif tajaajilus kana cinaan dhimma ijoodha. Kun ammoo tarsimoolee barachuu

barattootaa jedhamee waamama.Tarsimooleen kun yaadachuuf, odeeaffannoo barattoota bira gahe osoo hin dagatamin akka turan taasisuuf,kuusuuf,odeeffannoo haaraa argachuuf kan ooluudha. Akka Arifin, Salam, &,Sukarti,(2020,) maddaa ragaa Oxford in Shi (2017) wabeeffachuun yeroo ibsan,“

*Learning strategies are also important to be investigated by language learners.*

*Learning strategies are steps taken by learners to improve their learning process.Learning strategies as the often steps of behaviors used by language learners to enhance the acquisition, storage, retention, recall, and use of new information (f:3)*

Akka yaada kanaarraa hubannutti tarsimooleen barachuu barattootaa akkaataa barachuu barattootaatti dabalee barachuu barattootaatiif murteessaadha. Kana jechuun akkaataa barachuu barattootaatiin daree barnootaa keessatti barattoota barsiisuuun gocha yeroo tokkotti xumuramu miti.Duraa duubaan gochoota tartiibaan hijirra oolan qabu.Kanaafuu tarsimooleen barachuu barattootaa akkaataa barachuu barattootaa hojirra oolchuuf duraa duuba gochoota raawwatamanii ofkeessaa qabaata.

Gara mana barumsaa xiyyeffannootti yeroo deebinu haalli barachuifi barsiisuu daree barnootaa keessaa kan gosa barnoota Afaan Oromoo maal irra jira?Haalli barachuifi barsiisuu yeroo ammaa hojii irra hoolaa jiru kan yeroon barbaaduudhaa? gaaffii jedhuuf deebiin qorannoo bu'uura godhate barbaachisa.Haala yeroon barbaaduun fedhii barattootaa yaada keessa galchuun humna osoo hin balleessin akkaataa barachuifi tarsimoolee barachuu barattootaa daree keessaa dursa sakatta'uun erga addaan ba'ee booda akka fedhii daree keessa jiruutti barnoota dhiheessuun bu'aa barachuu gaarii fiduuf tooftaa filatamaadha (Chetty,et.al2019). Kanaafuu barsiisonni daree barnootaa keessatti haala akkamitiin akkaataa barachuifi tarsimoolee barachuu akka hojii irra oolchaa jiran xiinxaluun amalli mul'atu addaan ba'ee dhihaatee jira.

Hayyoonni addaa addaa barsiisonni gara daree barnootaa dhaquudhaan dura garaagarummaa dhuunfaatiif xiyyeffanna kenuun fedhii barattootaa sakatta'anii akka fedhii jiruutiin barnoota dhiheessu akka qaban irratti walii galu.

Yaada kana Gajic,et al,(2021) waraabbiin armaan gadiitiin yeroo ibsan,

*Respecting individual differences among students, the teacher should keep in mind that his/her class consists of individuals who require different methods and strategies that are consistent with different learning styles.During class, the teacher should strive to activate each student by using available materials, arousing their curiosity and motivation for the content studied.The correlation*

*between the application of teaching strategies of teaching and student school achievements, depending on how much the teacher respects their learning styles.(f:186).*

Akka yaada kanaatti barsiisonni garaa garummaa dhuunfaa barattoota gidduu jiru kabajuun meeshaalee barbaachisan mijeessuufiin akka fedhii isaaniitti barnoota yoo dhiheesseeif bu'aan barachuu isaanii haala kanneen irratti hundaa'ee dabalaa akka deemu ibsu.

Bu'uura yaadole armaan olitti ka'an hundaatiin bakka xiyyeffannoo qorannoo kanaa godina Wallaggaa Lixaa Aanaa Hoomaa mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Hoomaafi Sootalloo yeroo deebinu dareen barnootaa keessatti barnoonni yeroo ammaa wayita Afaan Oromoo barsiisotaan kennamaa jiru akkaataa barachuu barattootaifi tarsimoolee barachuu barattootaa xiyyeffannoo keessa galchuun kutaa 9ffaatti kan barsiifamaa jiru ta'ee isaa xiinxalee qorannoona adda baasuun raawwii jiru sakatta'uun dhiheessee jira.

Bu'aan hojii kanaa barattootaaf,barsiisotaafi ogeeyyi barnootaa hundaaf ni oola. Sababiinsaas, ragaa waa'ee akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa dhimmamtoota barnootaa biratti akka beekamu taasisa.BEEKUMSI akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa fedhii barattootaa addaan baasuun akka fedha isaaniitti qabiyyee qindeessuu meeshaalee qopheessuu, mala barachuufi barsiisuuf daree barnootaatti hojiirra ooluu qabu addaan baasuun karoorsuudhaan barachuun barattootaa gama dhiheessiifi malaatiin akka hin gufanneef haala mijeessuudhaaf gargaara. Bakka hedduutti barsiisonni daree barnootaa keessaafi alatti barattoota isaanii barsiisuuf fedhii garaa garummaa dhuunfaa barattoota gidduu jiru hinhubatan.Kun ammoo barattoonni maaliin barachuu, akkamitti barachuu akka fedhan erga hinhubannee beekumsi barsiisota biraagara barattootaatti darbuun baayyee dhiphaa ta'a jechuudha. Kanarraa ka'uudhaan dhimmoonni kanneen manneetii barnootaa sadarkaa lammaffaa keessatti maal irra akka jiran addaan baasuun yaada furmaataa barbaachisaa tarreessuun hojii yeroon gaafatu ta'ee waan jiruuf korannoodhaan addaan baasuun dhiheessuun barbaachisaa ta'uun hubatamee ture.

Kanaafuu,qorataan hojiirra oolmaa akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa akka mana barumsaa Hoomaafi Sootalloo sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa xiinxaluun amala jiru addaan baasee hojiwwan hojjetamaa turan maal akka fakkaatan gabaasa waraqaa kanaatiin ibsee jira.

## **1.2.Ka'umsa Qorannichaa**

Mataduree‘xiinxala walsimannaakkaataa barachuu,tarsimoolee barachuu barattootaafimala barsiisonni Afaan Oromoo ittiin barsiisan:Mana barumsa sadarkaa lammaffaa Hoomaafi Sootalloo kutaa <sup>ffaa</sup> irratti kan xiyyeffate’ jedhu irratti qorannoq akka hojjetuuf kan qoraticha kakaase keessaa inni jalqabaa, mata duree kana irratti hanga ammaatti qorannoq Afaan Oromootiin hojjetamee olkaa’ame sakatta’amee waan bira hinga’amneef qaawwa sana duuchuuf gahee ni qabaata yaada jedhuudha.Qorannoq mata duree kana irratti hojjetame ammoo beekumsa dhimma kanarratti barbaachusu barsiisota akkaataa barachuu barattootaa addaan baasuun barsiisuu irratti hubannoo gahaa barbaadaniif madda odeeffannoo ta’ee karaa agarsiisuu dandaa'a.

Sababni Inni lammaffaa,qoratichi wayita koorsii malleen afaan barsiisuu fudhachaa ture mata duree ‘akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa’ jedhu irratti ragaalee funaanee akka dhiheessuuf abbaltiin barsiisaa koorsichaan yeroo kennameefitti ragaa funaunuuf jecha wayita maddoota odeeffannoo garaa garaa sakatta'u mata durichi barsiisotaaf ogeeyyii barnootaa hundaaf barbaachisaa ta’uu isaa adda baasuun dhimmichi qorannoq akka gabbatuuf xiyyeffate.

Gama biraatiin ,daawwaannaa yeroo hojii taasifame irraa wanti hubatame barsiisan Afaan Oromoo barsiisu mala walfakkaataa ta’etti deddeebi’ee wayita Afaan Oromoo barsiisu fayyadama.“Yeroo hunda mala kanneen fayyadamuun kun fedhii barattootaa giddugaleeffateeraa”? gaaffii jedhu irraa ka’uun garaa garummaa dhuunfaatiif iddoon akkamii kennamaa akka jiru xiinxaleera.

Kanuma faana gosa barnootaa tokkicha irratti fedhiin barattooni barachuuf qaban kan walirraa fagaatu ta’uu irraa ka’e.Fakkaaeenyaaf,yeroo odibsaa kan jeeqan yeroo marii gareetti ammoo naamusaan hirmaatu.Kana malees, yeroo barsiisan meeshaalee deggersa barnoota Afaanii Oromoo qabatee daree barnootaa seenu gareen tokko ilaaluuf akkaataa dabaree isaanii illee osoo hin eeggatin tartiiba cabsanii walsaamu.Kanneen biroon ammoo warra ariifatan qeequ. Gochi barattoota kanaa gosuma barnootaa tokko irratti yeroo tokko fedhii gaariidhaan,yeroo biroo ammoo fedha dhabuun kun akkaataa barachuu jaallataniin barachuu filachuu ta’innaa jedhemee waan yaadamuuf qoratichi sababa amaloonni kanneen mul’ataniif qorannooodhaan addaan baaseera.

Qorannoowwan mataduree kanaan kallattiin walfakkaatan kan Afaan Oromootiin hojjetame ammaaf yoo sakatta’amee bira hinga’amnes,kan itti dhihaatu Tigisti Befiqaaduu (2012)

mataduree ‘Xiinxala Malleen Cunqaa’aa Fayyadamuun Afaan Oromoo Barsiisuu’ Manneen Barnootaa Sadarkaa 2ffaa Nophaafi Biloo Qaaroo Irratti kan hojjetame yoo ta’u, argannoor qorannoo kun akka agarsiisutti, barsiisonni Afaan Oromoo mala kana gonkuma itti fayyadamaa akka hinjirre, malli kun tartiiba barannoo qabaatus barsiisoonnii kun hojii irra akka hin oolchine, adeemsa barachuifi barsiisuu keessatti gahee guddaan barsiisaadhaan kan qabamu ta’uu adda baastee jirti. Walfakkeenyi qorannoo kanaa iddo kanatti yoo ilaalle, mala dhihaanna cunqa’aa jechuun, mala yoomessaafi haala daree barnootaatti madaqfamuun barsiifamudha. Yoomessaafi haala daree barnootaa xiyyeffachuu jechuun ammoo gama biraatiin eenyummaa barattootaa yaada keessa galchuu waan ta’eef, gama kanaan walitti dhufeenya qabaata.

Garaagarummaan jiru ammoo qorannoona armaan olii malleen barachuifi barsiisuu walitti cunqeessuun barachuifi barsiisuu keessatti akkaataa haala daree barnootaatiin hojiirra oolchuu yeroo ta’u, qorannoona kun immoo osoo daree barnootaa hindhaqin akkaataa barattoonni ittiin barachuu barbaadan addaan baasuun akka fedhii daree keessa jiruutti humna osoo hin qisaasessin qabiyeye qindeeffachuu fi meeshaalee deggersa barnootaa mijeeffachuu barsiisuun hojiirra oolaa jiraachuifi dhiisuu addaan kan baaseedha. Malli dhihaanna cunqa’aa gurmuu malleen garaa garaati. Akkaataan barachuu barattootaa ammoo karaa barattoonni oddeeffannoo ofitti fudhachuun barataniidha. Fedhii daree keessa jirutti madaqsuutu dirqama malee mala hunda walitti fiduun dirqama miti. Kanaafuu qabxiilee kana bu’uureffachuu qorannoona kun gaffilee gadii kanneeniif deebii kenneera.

- ❖ Barattoonni mana barumsaa Hoomaafi Sootalloo sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa akkaataa barachuifi tarsimoolee barachuu akkamakkamiitiin barachuu jaallatu?
- ❖ Barsiisonni manneen barnootaa Hoomaafi Sootalloo sad. 2ffaa akkaataa barachuifi tarsimoolee barachuu barattootaa addaan baasanii hubachuun akka fedhii barattootaatti qabiyeye barnootaa dhiheessuuf qophiin taasisan maalfa’i?
- ❖ Barsiisonni Afaan Oromoo akkaataa barachuifi tarsimoolee barachuu barattootaatiin qabiyyeefi meeshaalee qindeeffatanii hojiirra oolchuu irratti gochoota akkamakkamii raawwatu?
- ❖ Akkaataa barachuifi tarsimoolee barachuu barattootaa hojiirra oolchuu irratti gufuwwan gama barsiisotaa, barattootaafi bulchiinsa barnootaatiin jiran maalfa’i?

### **1.3. Kaayyoo Qorannichaa**

#### **1.3.1 Kaayyoo Gooroo**

- ❖ Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa walsimannaakkaataa barachuu, tarsimoolee barachuu barattootaafi mala barsiisonni Afaan Oromoo ittiin barsiisan kan mana barumsaa sadarkaa lammaafa Hoomaafi Sootalloo kutaa 9ffaa xiinxaluudha.

#### **1.3.2 Kaayyoo Gooree**

- ❖ Barattooni daree barnootichaa akaakuwwan Akkaataa barachuu akkamii akka qabaniifi tarsimoolee akkamitiin akka barachuu fedhan meeshaalee akkaataa barachuu(learning style tools)fayyadamuun adda baasuu;
- ❖ Barsiisonni Afaan Oromoo manneen barnootaa Hoomaafi sootalloo sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa hubachuun qophii dursaa taasisaa jiraachuu isaanii ibsuu;
- ❖ Barsiisonni Afaan Oromoo akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa hojii irraa oolchaa jiraachuu isaanii irratti haalota mul'atan ibsuu.
- ❖ Danqaaleen akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaatiin Afaan Oromoo barsiisuu maal maalfaa akka ta'an addaan baasuun ibsuu.

### **1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa**

Qorannoon tokko yemmuu hojjetamu akkasumaan kan hojjetamu miti.Bu'aa garaagaraa agarsiisu qabaachuu dandaa'a.Bu'aan qorannoo kana irraa eegamu:Barsiisonni manneen barnootaa Hoomaafi Sootalloo sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaatiin Afaan Oromoo Barsiisuu irratti ciminaafi hanqinoota jiran hubachuun beekumsaafi odeeffannoo dabalataa akka argatanii akkaataa barsiisuu isaanii akka xiinxalan gochuun barattooni bu'aa gaarii akka irraa argatan taasisa.

Kana malees,qorattoota kana booda mataduree kanaafi kan kanaan walfakkaatan irratti qorannoo hojjechuuf akka ka'umsaatti nifayyada.Yaada kana'Reiff,&National Education Association,W.D.(1992,f÷7) akkanaan tumsu;"Teachers need to share learning style information with administrators, parents, counselors, special education teachers, and other staff.A cooperative team effort is always more effective in working with students.Learning style understanding provides teachers with a powerful vehicle for communication" jedhu. Akkaa yaada kanaatti barsiisonni, barattooni,maatiin barattootaafi ogeeyyiin barnootaa

ta'ee kan biroo akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa beekuun akkaataa barsiisuu isaanii qabatamaan yoomessa daree barnootaatti madaqsuun of fooyessaa akka deeman ni taasisa.

## **1.5. Daangaa Qorannichaa**

Qorannoон kun barsiisotni Afaan Oromoo akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa hojiirra oolchuu irratti haala kami irra akka jiran xiinxala taasisuuf Godina wallaggaa lixaa aanaa Hoomaa manneen barnootaa Hoomaafi sootalloo sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa bara barnootaa 2014 irratti kan xiyyeffateedha. Waan kana ta'eef xiyyeffannoон hojiwwan barachuufi barsiisuu mana barumsichaa keessaa karaa ragaa dhugaadhaan deggerameen dhimmamtoota bakka sana jiranii wajjin walta'uun kan hojjetameedha.

## **1.6. Hanqina Qorannichaa**

Qoratichi qorannoo kana yeroo hojjete qorannoo ammaan dura mataduree kana waliin walfakkeenya qabu argachuuf qaamaan yuunvarsitiwwan saayinsii hawaasummaa damee barnoota Afaan Oromoo qaban qaamaan deemuun sakatta'ee bira ga'uu hindandeenye.Hanqina maallaqaatiifi fageenya lafaa irraa kan ka'e tokko tokkoon sakatta'uun odeeffanno funaanuun qaawwa uumamame irratti hojjechuun kan barbaadamu ture.Haata'u malee toora interneetii qofaa sakatta'uun kanneen gad hin lakkifamin ta'uun qofaa irratti xiyyeffachuun hanqina.Sababiinsaas kan hojjetamee jiru irra deebiin hojjechuun qisaasama yeroofi baasii fiduu irra darbee wali irratti hirkanna dhaan yaada gabbataa dhiheessuu irratti danqaa uumeera.

Haata'u malee qoratichi tattaaffii dhuunfaafi deggersa gorsaan taasiseefiin qorannicha hojjetee jira.Kana maleesi yeroo raga fudhachuuf manneen barnootaatti deddeebi'aa turetti hanqinni geejibaafi od-kennitooni manneen barumsaa keessatti argamuu dhabuun tureera.Ta'us nuffii tokko malee deddeebi'uun ragaa barbaadamu fudhachuun qorannichi akka xumuramu ta'ee jira.

## **BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU**

### **2.1.Akkaataa Barachuu Barattoota**

Galma barnootaa yoo ilaalle barattoonni daree barnootaa keessatti argaman ogummaa jireenyaa kanneen addunyaa dhugaa keessa ittiin jiraataniifi walsimataanii fedhii bu'uraa isaanii haala qabatamaa jiru waliin dorgomuuf karaa isaan dandeessisu kan ittiin gonfatan ga'umsa yeroon gaafatu sammuu barattootaa keessatti uumuudhaaf kan isaan dandeessisu roga maraan gonfachiisuun isaan ijoo ta'aniidha. Beekumsa dhugaa addunyaa kanaa sammuu nama tokkoo keessatti kuusuun nama ga'aa taasisuun hojii salphaatti raawwatamu akka hin taane hayyooni saayikolojii barnootaa ni heeru. (Grasl.et.al,2020).Yeroo dheeraadhaaf barattoonni waan barsiifaman sammuu isaanii keessatti kuufachuun gahumsa horatanii gara kaayyoo yaadameetti akka guddataniif bu'aa ba'iin hayyooni keessa hin dabarre hin jiru.

Sababa kanaatiif malleen baruufi barsiisuu jaarraawan darban keessatti osoo walirraa hin citin jijiiramaa kan turaniif kan keessaa wayyu barbaaduufi.Rakkoon barachuufi barsiisuu mala irra caalaatti adda ta'etti fayyadamuun tooftaan salphaatti barattoota daree keessa jiraniif altokkicha furmaata ta'u hanga har'aatti argamee hojii irra hin oolin jira.(Prabhu,1990).Kanaafuu yeroo ammaa kanatti akka fala gaariitti fudhatama argatee kan jiru garaagarummaa dhuunfaa barattootaa gidduu jiru addaan baasuun akka fedhii daree barnootaa keessa jiruutti malleen barachuufi barsiisuu fedha barattootaatiin walsimatu fayyadamuun hojii yeroon gaafatu ta'ee jira. (Vokić, & Aleksić,2020).

### **2.2. Maalummaa akkaataa barachuu barattootaa**

Yaadhiddamoota barachuu barattootaa hordofee waa'een garaa garummaa dhuunfaa barattoota gidduu dhimmi xiyyeffanna hayyootaa ta'aa dhufeera.Daree barnootaa tokko keessatti barattoota argaman gidduu garaagarummaa dhuunfaa tokkoo tokkoo barattootaa gidduu jiraachuu isaa irraa kan ka'e fedhiin barattoonni akkaataa itti baratan filachuuf qaban dhimma ijoo qorattootaa ta'ee argamee jira.

Yaada kana Gajić,kan biroon (2021) yeroo ibsan,

*learning styles are personality traits that determine the consistency of a student's behavior; learning styles include cognitive, affective, and physiological aspects of an individual's functioning in a learning situation, the combination of which allows a unique approach to learning within predetermined categories; learning styles are*

*the product of interaction between students and their physical and social environment.(f:185)*

Akka yaada kanaatti akkaataa barachuu jechuun fedhii barattooni dhuunfaan karaa barachuu irratti qaban kan sababoota dhiibbaa yaadsammuu,yaada anmni tokko haala barachuu isaatii irratti mul'suu,akkasumas akkaataan barachuu walsimanna barattooni nannoo fiisikaalawaafi hawaasummaati.Namni hunduu barachuu kan dandaa'u yoo ta'eellee, akkaataan itti baratuufi odeeffannoo sammuutti qabatu tokko ta'uu hin danda'u. Barreeffamoonni hedduu akkaataa barachuuf hiikkaa hedduu kennu.Akkaataa barachuu irratti qorattooni yeroo ibsan,'Learning styles are individuals' preferred ways of responding (cognitively and behaviourally) to learning tasks which change depending on the environment or context.They can affect a person's motivation and attitude to learning, and shape their performance'' jedhu. (Armstrong et al.,2012,f:454).

Akkaataa barachuu jechuun moodeela barachuu namni tokko irra caalaattii odeeffannoo bilcheessuu, yaaduu fi xinxaluuf ittin fayyadamuu naannoofi haala amaloota ittiin jiraatuu irratti hundaa'uun madaqfateedha.Kana malees,Karaa barachuu addaa nama tokkoo yookiin Mala filatamaa namni tokko beekumsaa fi ogummaa ofitti fudhachuuf itti fayyadamuudha.

Yaada kana Estrada, Moliner, & Monferrer,(2019) namoota, Alonso, Domingo and Honey (1994) wabeeffachuun yeroo ibsan,

*learning styles as, "cognitive, affective and physiological traits that serve as relatively stable indicators of how students perceive interactions and respond to their learning environments".The concept of learning style is based on the unquestionable fact that everyone is different. This difference manifests itself in many forms and is reflected in traits such as age, experience, level of knowledge and interests, and the psychological, physiological, somatic and spiritual characteristics that shape each individual's personality.(f:87)*

Yaada armaan olii kana irraa kan hubannu akkaataa barachuu jechuun dhiibbaa xiinsammuu irraan kan ka'e amaloota barattooni yeroo baratan barachuu keessatti hirmaataniifi duubdeebii naannoo barnootaa adeemsa barachuufi barsiisuu keessatti kennan jechuudha.

Kana malees, Bartee, tarsiimoo, ykn gochaalee idilee barachuu ilaachisee namni tokko ittiin barachuuf agarsiisuudha.Mala barachuu fi qo'achuu namni tokko irra caalaatti filatu; Fkn, jecha ykn barreeffama irra fakkitti fayyadamu, kophaa hojjechu irra gareen hojjechu filachu, bifa qindaa'een yookiin bittinnaa'een barachuuf amala mul'atuudha.Filanno

dhimma namni tokko barachuuf itti jallifatu tokkoodha. Beekumsa akkaataa barachu barattootaa qabaachuun barsiisotaaf murteessaadha (Dewar, 1996; Hartman, 1995; Leadership Project, 1995).

### **2.2.1. Moodeelota akkaataa barachuu barattootaa**

Akkaataa barachuu barattootaa daree barnootaa keessatti wayita barnoota afaan hojiirra oolchuun dura modelota akkaataa barachuu jiran addaan baafachuun gaarii ta'a. Kana jechuun fedhiin akkaataa barachuu barattootaa daree tokko keessatti hedduu waan ta'eef dhimmoota kanneen irratti xiyyeffanna gochuun caalaatti milkaayina fida.

Buu'ura yaada kanaatiin qoranna kana keessatti qorataan wayita barnoota Afaan Oromoo barsiifamutti moodeloota akkaataa barachuu jiran addaan baasuun qophii barnootaa taasisuun akka dandaa'amuuf moodelota akkaataa barachuu barattootaa baroota addaa addaa keessatti hayyooni qaaccessanii hojiirra oolchan keessaa kanneen beekamoo ta'an: moodela akkaataa barachuu Dunn and Dunn, moodeela akkaataa barachuu kolbi, Moodela sammuu hundaa herman (herman Whole Brain Model, 1972), Moodela akkataa barachuu Felder-Silverman), moodela akkaataa barachuu Grasha and Reichmann (Grasha and Reichmann Learning Style, 1974), Dandeettii cimina sammuu Gardner's (Gardner's Theory of Multiple Intelligences, 1983), moodela akkaataa barachuu HoneyMumford fi (Kolb Learning Styles model), moodela akkaataa barachuu Fleming's VARK (Fleming's VARK Learning Style 1992) jedhamanii kan qoqqoodaman yoo ta'u, tokkoon tokkoon moodeloota kanaa amaloota barattooni ittiin barachuu jaallatan ofkeessatti qabachuun ibsamani jiru. Elban, (2018, f:660). Moodeloota jiran hunda irratti ibsa kenuun yeroo kan gaafatu yoo ta'es, kanneen walhin fakkaanne walbira qabuun hanga mijate ilaaluu yaalla.

#### **A.Moodela sammuu Maraa heerman**

Xiyyeffannoon moodela kanaa sammuun hubannoo dhuunfaa dabaluudha. Kana malees, gadifageenyaan yaaduu fi yaada maddisiisuudhaan walqabata. Moodelli kun sammuu walii galaa keessa humni barattoota gidduutti akkaataa garaa garaa akka uumamu taasisu akka jiru ibsa. Akka moodela kanaatti yeroo barnoonni kennamu kutaaleen adeemsa barachuufi barsiisuu keessatti sammuun dammaquu akka qabuu hayyooni Estrada, et al. (2019, f:5). yeroo ibsan, "The main focus of this model is to enhance self-understanding. This model also aims to enable creative thinking through the use of this model. Herrmann's Whole Brain Model is also a learning style model which claims that the brain dominancy causes differences in learning styles. The model mainly aims to activate all parts of brain during learning process." Jedhanii kaa'u.

Akka moodela kanaatti kutaalee sammuu duraan hayyooni qoqqoodan cinatti sammun heemisfeera lamatti hirameee jira. Estrada, et al.( 2019,f:5)yaada kana yeroo ibsan, “Besides classically known cerebral right and left brain hemispheres, the model divides also the limbic system, which has an important function in transferring of information that comes to brain, into the right and the left hemispheres” jedhanii ibsu.

Kutaaleen lamman kuni’sirna liimbii’kan kutaalee sammuu keessaa tokko ta’ee odee effannoo gara sammuu dhufan kutaalee sammuu heemisfeera bitaa fi mirgaatti dabarsaniidha.yeroo ta’u Barattoonni kutaa‘Liimbii’bitaakanaan ciccimoo ta’an karoorsuu, to’achuu, kunuunsuu, bulchuu,fi waa walitti qindeessuudhaan dandeettii qabu.

Inni lammataa ‘Serebireemii bitaa’ yoo ta’u, kutaan kun sammuu isa kallattiin karaa bitaa jiruudha. Barattoonni sammuu isaanii kutaa kanaan dagaage dandeettii rakkoo hiikuu,herreguu,tooftaa addaa addaa beekuu,xiinxala gadi fagoo, lojikiin yaaduu,ibsuu, shallaguu fi kitaabolee dubbisuu danda’u.Barattoonni dandeettii akkanaa qaban to’annoo miira ,sochii miraa fi dorgommiin caaluu fedhu.

Kana malees, barsiisaa fi daataa ilaalanii barachuu danda’u. Kanaafuu karaa isaan ittiin barachuu filatan cheekliistii,waan tarreeffame(outline),gilgaalotaa fi rakkoo tartiibaan furuudhaan barachuu filatu (Dunn,1993). Walumaa galatti moodelli kun sammun kutaalee walii galaa afuritti qodeera.Isaanis:Kutaa sammuu olii isa mirgaa, Kutaa sammuu gadii isa mirgaa, kutaa sammuu olii isa bitaa fi kutaa sammuu gadii isa bitaa jechuun qoqquodee jira.

## **B. Moodela akkataa barachuu Felder-Silverman**

Felder silverman akkaataa barachuu barattootaa karaalee garaa garaatiin akka barachuu dandaa'an kutaalee afuritti cimdiin qoqquodee ibsee jira .Akka moodela kanaatti barattoonni fedhii barachuu garaa garaatiin beekumsa barbaadamu argachuu danda’u.Kika,&Leka( 2018, f:6)yeroo ibsan, "To identify student's differences in their learning styles, To classify student's learning styles, Felder-Silverman model was used.In this model learners are classified as:Sensing-Intuitive,Visual-Verbal,Active Reflective, and Sequential Global” jechuun qoqquodeera.Akkaataan garaa garaa kunneenis akka felder -silverman qindeessetti haala armaan gadiitiin dhihaatee jira.

**Miiressuun baratoo(Sensing learner s):**Barattoonni akkaataa barachuu kana jalatti ramadaman fedhii karaa isaan ittiin barachuu filatan waan qabatamaa qaqqabatanii barachuufi dhugaa jiru fuulaaf fuulaan hubachuu akkasumas, tertiibaan yookiin duraa duubaan qabatamaatti hojjetanii agarsiisuu fedhu.Barattoonni fedhii akkanaatiin barachuu

jaallatan barnoota isaanii illee akka hin irraanfanneef yaadannoo gochaatti gargaaramanii yeroo mara yaadachuu kan dandaa'an ta'uu isaanii hubanna.

**Dandeettii addaa uumamaa (Intuitive):**Barattooni akkaataa kana jalatti ramadaman dandeettii yaada maddisiisuudhaan hirmaatanii barachuu barbaadu.Yaada haaraa maddisiisuun tooftaalee garaa garaa uummudhaan beekamu.Barattooni akkanaa dandeetti uumamaa guddaa waan ofkeessaa qabaniif odeeffannoo murtaawaa barsiisotarraa argatan qaaccessanii hiika mataa isaanii uummatanii barachuun fedha isaaniiti.

**Ilaaluun Baratan(Visual learners)** kanneen jedhaman ammoo barattoota fedhii waa tokko ijaan ilaalanii barachuu jaallataniidha.Barattooni akkanaan barachuu kan filatan ilaaluudhaani. Waandhagaa'an ijaan hin ilaalan taanaan fedhiin laafaadha. Kanaafuu fakkiwwan, chaartii,moodelotafi barruun yookiin jechaan agarsiisuudhaan barsiifamu.

**Tartiiba gooree gara gooroo(Inductive learners)**Qindoomba qabiyyee barnootaatiin walqabatee fedhiin barachuu barattootaa akka moodela kanaatti ifatti ba'e kan warra qindoomba qabiyyee filataniidha. Barattooni fedhii kanaan barachuu jaallatan waan gooree ta'erraa ka'uun gara dimshaashatti deemuun barnoota hordofuu fedhu.

**Tartiiba gooroo gara gooree(Deductive learners):**Barattooni fedhii karaa kanaan barachuu jaallatan waan dimshaasha ta'erraa ka'uun gara gooreetti deemuun barnoota hordofu.

**Tartiibaan baratoo(Sequential learners):**Barattooni kunneen waanti baratamu tokko tertiibaan yoo dhihaateef sirriitti fedhiidhaan baratu.Barattooni akkanaa waan axereeraa qabu kan walmakee jiru hin fedhan.

**Si'aayinaan kan baratan(Active learners):**Kanneen jennu sochii daree keessaa karaa guutuu ta'een hirmaatanii barachuu fedhu.Barattooni akkanaa fedhiin isaanii waan tokko dubbatanii yaada isaanii baasuun barachuu ,dammaqinaan daree keessatti hirmaannaa cimaa taasisuun barachuu fedhu.Kana malees hiriyoota isaanii waliin yaada waljijiiruun barachuu fedhu. Yaada isaan keessa jiru calaqqisiisuun duudhaa isaaniidha.

**Hundaan baratoo(Global learners):**Barattooni akkaataa kanaan baratan odeeffannoo waa'ee barnoota isaanii dimshaashaan qindeessuufi ariitii guddaadhaan waa tokkoon osoo walitti hin qabsiisin barachuu danda'u.Sirnaan yaaduufi waa uumuu yaaluun firii xumura gaarii qabu argachuuf warraaqu.

## **C. Moodeela akkaataa barachuu Grashafi Reichmann (1974)**

Akka moodela kanaatti akkaataa barachuu kutaalee 6tti quoduun ibsu. Ford,Robinson, & Wise,(2016,f:2)“The survey identifies the degree to which an individual prefers each of six learning styles” jedhu.Isaanis:sodaatoo,ofdhowwoo, hirmaattota, dorgomtoota, ibsitoota, hirkattoota fi oftaatota jechuun qoqqoodaniiru.

**Ofdhowwitoota (avoidant):**Barattoota haftee baaysan kanneen dareetti argamuun hin jaallanneedha.Itti gaafatamummaa isaanii salphisanii kan ilaalanii,hojii isaanii karaa sirriitiin kan hin qindeeffannee fi barattootaa fi barsiisota waliin kanneen walitti hidhihaanneedha.

**Hirmaattota /participative/:** kanneen jedhaman jalatti barattoonni ramadaman barattoonni akkanaa karaa isaan ittiin barachu filatan karaa ofiin of barsiisuu fi michuu (hidhata gitasaanii) waliin daree keessatti amala lammummaa gaarii agarsiisuu fi daree barnootaa dhaquutti baayyee gammadu;barnoota kennamus amma dandaa'an hirmaatu.

**Dorgomtoota /competitive/:**barattoonni akkasii daree keessaa fi dareen alatti michuuwan isaaniitiin dorgomanii badhaafamuutti gammachuu qabu.Kaayyoo isaanii keessatti kan biroo caalaatti hojjechuu barbaadu.Kana malees, fedhii beekumsaa argachuutiif daree barnootaatti xiyyeffannoo guddaadhaan argamu.Filannoon barattoota kanaa waan gara kanaatti isaan dhiibuu mara.Barattoonni Ibsitoota(Collaborative)jedhaman ammoo yaada isaan keessa jiru dubbachuu dhaan barnoota hirmaatanii yoo baratan fedhu.Yoo hin dubbanne barachuun itti hintolu.Hirkattoota(Dependent) ammoo ofii isaaniitiin waa gochuuf humna keessa hin qaban, dhiibbaa hiriyaatiin,hiriyoota irraa barachu fedhu.Faalla kanaatiin ammo barattoota oftaatota(independent) karaa kamiiniyyuu waan argan irraa barachuun dandaa'an kan ofiifi hiriyoota isaanii irraa barachuuf dandeettii warra qabaniidha.

Yaada kana -P. (2018 ) yeroo ibsan,

*Learning independence can be understood as a characteristic, behavior, and skill had by the students to complete learning activities either by themselves or with some help from other people. This is in line with the statement that learning independence is the ability of the students in putting their willingness or desire into reality without being dependent on others, in this case the students are able to study independently, determine an effective type of learning, and conduct learning activities independently(f:3)*

Yaada kana irraa kan hubatamu barattoonni ofdanda'oon warra fedhii isaaniitiin amalootaafi ogummaa sochiwwan barnoota keessatti dalagaman ofiisaaniitii yookiin deggersa muraasa barbaaduun barataniifi fedhii isaanii kanneen mullinaan sodaa malee ibsataniidha.

## **D. Moodela Dunnfi Dunn (1978)**

Akka moodelii kanaatti akkaataan barachu garaagarummaa guddina amala baayooloojiikaalaa namni dhuunfaan tokko kan biroo irraa ittiin adda bahuudha.Dunn and Dunn,(1978)& Mitchel,(2009) yeroo ibsan“each stimulus contains individual elements which contribute to mastering academic skills.Some ways can be found because of the

differences in biological developmental characteristics ''jedhu.Akka moodeelichaatti barattooni akkaataa garaa garaatiin baratu.Isaanis: baratan,muuxannoo isaanii irraa kan baratan,kaan ammoo ilaaluudhaan baratu jedha.Kana malees, moodelli kun kakaastotaan mul'achuu dandaa'a. Isaanis: naannoorraa, miressuu,qorhawaasummaa,qaamolee ijaan mul'ataniin fa'a.

### **E. Dandeettii cimina sammuu Gardner's**

Gaardinar akka ibsuttii dhallii namaa dandeettiin hedduu yoo qabatuu isa tokkoon ykn lamaan garuu kennaa cimaa qaba jedhee amana.Kana irraa ka'un dandeettiin dhala namaa hedduu ta'ee osoo jiruu gosa dandeettii tokkoon ykn lamaan qofa keessattuu dandeettii herreeguu fi itti fayyadama afaaniin qofa nama madaluun waa'ee dandeettii nama tokko dandeettiwaan kaan cinaattii gatuun dubbachuun sirrii akka hin taanee qeqqa.

Kanuma irraa ka'uun Gaardinar dandeettii dhala namaa bakka saddeetittii qoode.Isaanis: Dandeettii cimina jechaa, dandeettii cimina loojikaalaan yaadu fi herregu,dandeettii cimina muuziqaa, dandeettii cimina ispaashaalii, dandeetti cimina sochii qaamaa, dandeettii cimina hariiroo uumu, dandeettii cimina keesso dhugoomsuufi dandeettii cimina sammuu olaanaa (global intelligence) jechuun qoqquodeera.Akka moodela barattooni dandeettii cimina sammu jechaa qaban barachuun kan filatan dubbiisuun, barreessuun, dubbachuufi dhaggeeffachuudhaan (afaanitti) fayyadamudhaani. Dandeettii cimina sammu loojikaalaan sababeessuu /mathematical intelligence) barattootni qaban ammoo sababeessuun, rakkoo hiikuufi shallaguun akkasumas herreguun barachuutu itti tola. Dandeettii cimina sammu muuziqaa (musical intelligence) kanneen qaban immoo rukuttaa sagalee jaalatanii fi fedhii ogummaa muuziqaa warra qabaniidha.

Dandeettii cimina sammuu Ispaashaalii (Spatial Intelligence) gareen qaban barattoota gochawwaan, fakkii, maappii, wantoota yaadaan barachuun kan fedhaniidha.Kana malee, dandeettii cimina sammu sochii qaamaa(bodily kinaesthetic intelligence) kanneen qaban sochii qaamaan warra barachuun barbaadan. FKn dadacha'ina qaamaa cimaafi booddee irratti isporteessitoota, shubbiistoota fi kkf ta'uu warra malaniidha.

Kanuma duukaa dandeettii cimina sammu hariiroo uumu (interpersonal intelligence) yoo ilaalle barattooni gosa kanaa immoo, kanneen hojii gareefi namoota waliin højjechuun ga'umsa qabaniifi hojii gareettii amanan namoota waliin ykn daree keessattii waliigaloo fi amansiisoo ta'anii dha.Dandeettii cimina sammu keessoo ofii dhugoomsuu (intrapersonal intelligence):barattoonii gadi fageenyaan yaadu, xiyyeeffachuun fi sababeessuu olaanaa

agarsiisanfi hojii itti kennamee tokko siritti xiyyeffatanii hojjeechuu jaalatan ni jiru.Dandeettii cimina sammuu hedduu (multiple intelligences) ammoo kanneen kutaalee sammuu lamaa oliin dandeettii qabaniidha.Barattooni akkasii waa'ee yaaduu ofii isaanii kan yaadaniidha.walumaa galatti Gardner akkaataa barachuu barattootaa kan murteessu haala uumama sammuu nama ta'uu ibsee jira. (Gardner,1999)

## F.Moodeela akkaataa barachuu Kolbi

Moodelli akkaataa barachuu kun yeroo jalqabatiif hayyuu' David kolb' jedhamuun bara 1984 haara'e. moodelli kun akkaataa barachuu karaalee afuriin ibsee jira.Moodelli akkaataa barachuu kolbi kun addunyaa irratti akkaataa barachuu isa bal' inaan hojiirra hoolaa jiruudha.Akka moodelichaatti garaagarummaan akkaataa barachuu barattoota gidduu jiru muuxannoo hidda dhalootaa barattoota sanaatiin walqabata.Akkaataa barachuutiin barattoota dirree barnootaa irratti argaman fedhii isaanii adda baasuudhaan gaaffiilee akkaataa barachuu caqasuun qopheessuun barattootaaf dhiheessuun kan isaan caalaatti filata n ilaaluun akka fedha isaaniitti deggeruudha.“learning style inventories are designed to help respondents determine which learning style they have. These inventories typically take the form of a questionnaire that focuses on how people prefer to learn. Respondents choose the answers that most closely resemble their own preferences”Akkaataan barachuu inveentarii kan bu'uureeffatu fedhii barachuu muxannoo irrattii yoo ta'u akkaataan barachuu barattootaas haala armaan gadiin qoodama.

Akkaataa Moodela Kanaatti diyaanaamikii barattoota dammaqoo kanneen jedhaman barattoota kanneen irra caalaattii yoo gochaan barnootaa sanattii dammaqinaan hirmaataniidha. waan kana ta'eefis barsiisonnii piroojekti, marii garee xiqqaa qindeessan, rakkoo hiksiisan, falmiisiisan, fi hojii itti gaafatamummaa dhuunfaan hojniisiisan irracaalaattii barattoota akkaata barachuu daayinaamik jajjaabeessu.Kanneen itti aanan warra miira waliiniin baratoo(common sense learners)akka dhiheenya moodela kanaatti fakkeenyota garee irraa yoo barataniifi yaada naamootaa gochattii hiikuun isaan gammachiisa.Gochaalee barannoo rakkoo hiiku, yaalii, tilmaamaa, wantootaa karaa adda addaan galmeessuun akka dalagan taasiisuu jaallatu.Kana malees, carraa agarsiisuun dhiyeessuu yoo argatan daraan baratu.Kan itti aana yaada ibsoo (reflective), kan jedhaman tilmaama yaadaan baratoo (imaginative learners): barattooni akkaata barachuu gosa kanaa odibsaan barachuu faayidaa qabeessa ta'ee argatu.

Haata'uu malee, yeroo yaada isaani calaqqiisaniifi tilmaama yaada isaanii hiika ofii itti keennuun yaada haaraa ofii irraa burqiisiisuuf yeroo barbaadu. Carraa marii, gaaffii,

sammuu kakaastuu, dhimma daawwatamoo, gahee taphachuu fi kkf irraa fayyadamoodha. Qaacceessa Yaadaan baratoo (Analytical theoretical learners) kanneen jedhaman ammoo irra caalaatti kan baratan yoo carraa qabiyyee barachuu haaraa isa duraan baratanii waliin walbiraa qabuun dorgomsiisuu argataniidha. Qo'annoo seena'aa(Case studies), dubbiisuu, naqa wantootaa ilaaluu, odeeaffannoq qaacceessuun fi gochawwan barannoo calaqree sammuu gaafataniitti irra caalaatti fayyadamoodha.Moodeeloota yaadhiddamaa barachuu haaraan walitti fiduu irrattii ciimoodha. Kanamalees, gochaalee ulfaatoo yaaluun isaan gammachiisa(Kolb,1984)

### **2.3. Akkaata barachuu barattootaa beekuun barsiisotaaf qabu**

Barreffamonnii qorannoo akkaataa barachuu irratti barreffaman akka ibsanitti akkaataa barachuu barattootaa beekun dhimma ijoo barsiisota irraa eegamu akka ta'eetti addeessuu. Sababnii isaas barattoonni fedhii fi dammaqinaan adeemsa barachuu irratti hirmaatani barnoota keessatti milkaa'ina olaana akka gonfatan shoora olaanaa qaba.Akka Reid (1995) ibsitetti, akkaataa barachuu barataa beekuun faayidaa barsiisotaaf inni kennuu kanneen akka mala barachuufi barsiisuu barattootaa hundaa gidduu galeefatan filachuuf,Meeshaa deeggarsa barnootaa filachuuf gahee qaba.

Kana malees,barattoonni hundi daree keessatti haala walqixaafi dammaqinaan akka hirmaatan gochuuf, Barattoonni hundi barnoota isaanii irratti miira itti gaafatamummaa fi ofitti amanamummaa akka horataan taasisuuf barattoota sababa filanoon barachuu isaanii irraa kan ka'e gocha keessaa baafaman (out task) hirmaachisuuf faayidaa guddaa qaba.

### **2.3. Tarsimoowwaan Barachuu Barattoota**

#### **2.3.1. Maalummaa Tarsimoo Barachuu Barattootaa**

Yaadrime tarsiimoo barachuu barattootaa ilaachisee hiikawwan hedduun hayyoota garagraan kenamee jira.Yaada hayyootaa bal'inaan irratti xiyeefatamee keessaa ibsi kennname akka armaan gadiitti dhiyaateera:Scarcella (1992)akka ibsetti, tarsiimoo barachuu barattootaa tooftaa barattoonni dalagaa/gocha/ murtaawaa tokko karaa salphaan, si'aayinaaniifi of giddu galeessa gochuun barachuu kan isaan dandeessisuudha jechuun ibsa.

Gama biraan Dunfi Griggs (1988) yeroo ibsan,tarsiimoon barachuu barattoonni gocha qabatama ta'ee mala ykn tooftaa rakkoo adeemsa barachuu keessatti mudateef furmaata wayitawaa ta'e kennun barachuu isaanii kan itti fooyeffataa adeemaniidha.Tarsimooleen barachuu barattootaa akka yaada hayyoota armaan oliitti tooftaa barattoonni adeemsa barachuu keessatti rakkolee jiran tartiibaan hiikkachaa adeemaniidha.Tarsimooleen

barachuu barattootaa akkuma akkaataa barachuu barattootaa akaakuufi tarkaanfilee addaa addaa qabaatu.

### **2.3.2. Akaakuwwan Tarsiimoo Barachuu Barattootaa**

Tarsimooleen barachuu barattootaa kutaa garaa garaa baayyeetti qoodamu.Kutaalee kanneen irratti qoqqooldii yeroo taasifamu bakka lamatti hiram.isaanis:Tarsimoolee kallattiifi Tarsimoolee alkallattii jedhamanii beekamu.Hyyoonni Arifin,& Salam, Sukarti, (2020,f:6).Yeroo ibsan,“Language Learning consists of many items and represents two categories of learning strategies both Direct and Indirect strategies.Direct strategies include Memory strategies, Cognitive strategies, and Compensation strategies, otherwise, indirect strategies include Metacognitive strategies, Affective strategies, and Social strategies. Every learning strategy has a different number of items”. Akka yaada kanaatti tarsimooleen barachuu barattootaa kallattiifi mit kallattiitti hiram.Walumaa galatti cuunfaa yaada garaa garaa Omalley fi Chamot(1990) kanneen jedhaman tarsiimoo afaan barachuu barattootaa haala armaan gadiin qoduun walduraa duubaan ibsu.

#### **A.Tarsiimoo YaadSammuu(Cognitive Strategy)**

Tarsiimoon kun gosa tarsimoo kallattiin barattoonni rakkoo hiikuu akka danda'an kan isaan taasiisuu dha.Salphumatti tarsiimoon kun barattootni sammuu isaaniitti gargaaramuu rakkoo hiikuu ykn shaakala hojjechuu kan isaan dandeessisuudha.Tarsiimoo kana keessatti barattoonni irradeddeebiin shaakalu, akkasumas, yaadachuuuf wanta mul'atuun walqabsiisu (visualization )Dubbisa keessatti akkaataa galumsaa (context clue) fayyadamuun hiika jechaa biragahuu, jechoota furtuu ta'an jala sararuu, mala odeeaffanno murtaa'aaf dubbisuu fayyadamuun dubbisu, hammam akka hubatan ofiin of madaaluufi yaada dubbisichaa cuunfanii hubachuuf yaalu.

#### **B.Tarsiimmoo Sammuu Ol-aanaa (Meta Cognitive Strategy)**

Tarsiimoon kun gosa tarsimoo alkallatii kan ta'eefi Salphumatti hiikni isaa waa'ee yaaduu ofii yaaduudha ( thinking about your thinking). Gama biraan tooftaa barattoonni waan beekanii fi hin beekne adda baafachuu, waan hin beekne immoo muuxannoo duraan qaban fayyadamuun akkamitti shaakala tokko hojjechuu akka danda'an kan hubachiisuudha.Egaa tooftaa kana keessatti haala gaariin barachuun, gadifageessanii yaaduu waliin wal qabata. Shaakala afaanii tokko osoo hin hojjetiin dura itti yaaduun dandeettii (beekumsa) duraan qaban duuba deebi'anii yaaduun hojjechuu gaafata.

**Tarsiimoo kuusa Yaadannoo/Memory Related Strategy/Tarsiimoon kun barattoonni odeeaffannoo kuufatan yeroo barbaachisaa ta'etti baasanii akka itti fayadaman kan isaan**

dandeesisuuf bifa adda taheen sammuu isaanii keeassti kufachuu kan isaan garagaaruudha.Tarsiimoo kana keessatti fakkii fi jecha wal qabsiisuun yaadachuuf fayyadamu. Tarsiimoon kun bifa lamaan hojiirra ooluu ni danda'a. Isaanis:-

**Haalaan Waliitti Qindeessuun Barachuu (Advance Organizers)**Tooftaan barsiisuu kuni barattooni waan dubbisan wanta isaan duraan beekan. Fakkeenyaaaf, biyya ykn meeshaa waliin akka walsimsiisaan kan jajjabeessudha.Yoo qindoominni siritti qophaa'e, beekumsa barattootaa duraan kuufame sana ni dadammaqsa.Kunis walitti dhufeenyaa qabiyee isaan dubbisaa jiran waliin ni uumamaaf jechudha.

**Jechoota qabee jalqabaa Waliitti Qindeessuun Barachuu (The‘mne monic’)** Tarsimoo kun tooftaalee yaadachiftuu odeeffannoo kan akka qabee jalqabaa gurmeeessuun barachuu barattoota qajeelchu akka odeeffannoo sammutti qabatan taasiisu dha. Tarsiimoo kana keessatti qabee jalqaba jechoota irra jiru tokko yaadrimee haaraa fi yaadachuuf ulfaataa ta'an waliin walqabsiisuun yaadarimee sana bifa salphaan yaadachuuf kan gargaaruudha. Fkn. barsiisaan Afaan Oromoo qabee 'S' barsiisuuuf fakki Sa'aa fayyadamuu ni danda'a.

### **C.Tarsiimoo Yaada qalbii ilaalchaa (Affective Strategies)**

Tarsiimoon kun gosa tarsimoo alkallattii ta'ee kan barattooni miira ofii to'achuun (managing emotion) barachuu hojiirra oolfataniidha.Kunis adeemsa barachuu keessatti osoo hin rakkatin, osoo sodaan hin guutamin, biliisa ta'anii tarsiimoo barachuuti. Tariisimoo kana barsiisaan barattoota jajjabeessuun, sodaa malee biliisa ta'anii shaakala adda addaa akka hojjetan taasisuun,keessumaayyuu of danda'anii akka baratan hojii dhuunfaa kenuun, hojii lamee /pair work/ fi hojii gareen akka hojjetan jajjabeessuu fi Gorsuun akkasumas, ofta'uun akka hojjetan gochuun milkeessuu danda'a.

### **D.Tarsiimoo Hawasummaa (Social Strategies)**

Tarsiimoon kun gosa tarsimoo alkallattii ta'ee adeemsa barachuu keessatti waan ifa hin taane mirkaneeffachuuf ibsa gahaa argachuun shaakalawwan afaanii hojjechuuf tarsiimoo barattooni gaaffii gaafatanii hubatan hammata.Kana malees, tarsiimoon kun hiriyaay ykn nama afaan baratamu sana akka afaan tokkoffaatti dubbatu waliin haasawa taasisuun barachuus ni dabalata.Kunis duudhaa fi aadaa hawaasa afaanicha dubbatuu beekuuun afaanicha barachuu barattootaa waan cimsuuf.Tarsiimoon kunis afaan lammaffaa barachuu keessatti barattooni kan itti gargaaramani dha.

### **E.Tarsimoo kalsirreessuu(CompensatoryStrategy)**

Tarsiimoo kun gosa tarsimoo kallattiiti.Hayyuun Ehrman (1995:8).haala armaan gadiin ibsa. “Compensatory strategy is guessing from the Context in listening and reading; using

synonyms “talking around” the missing word to aid speaking and writing, and strictly for speaking, using gestures or pause words) help the learner makeup for missing knowledge. Akka tarsimoo kanaatti, ammoo baratoonni dubbisa tokko akka galumsa isaatti dhaggeeffachuun, dubbisa sana keesatti of danda'anii jechoota haaraa hiikachuun barachuuf kan hojiirra ooluudha. Kana malees, hanqinoota dandeettii dubbachuu fi barreessuun walqabatan xiqqeessuuf gargaara.

## **2.4. Sakattaa'a qorannoo walfakkii**

Qorannoowwan mata duree qorannoo kanaa waliin firoomina qaban kan biyya keessaafi kan biyyoota alaa walduraa duubaan dubbisuun ragaa barbaachisaa irraa guuruuf qorataan sakatta'ee jira.Qorannoowwan sakatta'a keessa tokko kan namni 'Urai Salam (2020) Mataduree 'An Analysis of Learning Styles and Learning Strategies Used by a Successful Language Learner' jedhu 'Tanjungpura university' kan hojjete yeroo ta'u,gaaafannoo akkaataa barachuu barattootaatti fayyadamuun barattoota daree keessa jiran hunda akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu isaanii kan qorate yoo ta'u, argannoon isaa 'barattoonni daree keessa jiran akkaataa barachuu dhuunfaan baratoo (individual learner)fi warra ilaaluun baratan daree keessa akka jiran addaan baasee jira.Kana malees tarsimoolee isaan ittiin barachuu jaallatan ammo tarsimoo yaadsammuu(Cognitive Strategies)fi tarsimoo kalsirreessuu (Compensation Strategies) tiin barachuu akka jaallatan yaaliidhaan adda baasee jira.

Qorannoon 'Widharyanto'fi 'Binawan' namoonni jedhamanbara 2020 mata duree 'Learning style and language learning strategies of students from various ethnics in Indonesia' jedhamu irratti university Sanata DharmaYogyakart'jedhamukeessattikanhojjetameyeroo ta'u barattoota qomoo garaa garaa shan irraa dhufan irratti qorannoo gosoota akkaataa barachuu isaanii inventeriin kan adda baasan yeroo ta'u argannoon isaanii gosootni akkaataa barachuu qomoo garaa garaa shanan irratti argame , kan wal hinfakkaanne yeroo ta'u, isaanis: warra dhaga'uun baratan, warra qabatamaan tuttuqanii barataniifi kanneen karaa lamaa oliin baratan, yeroo ta'u, tarsimooleen isaan ittiin barachuu danda'an ammoo tarsimoo sammuu olaanaafi tarsimoo yaad qalbii ilaachaa akka ta'e mirkaneeffatanii jiru.Arganno kana qorattooni Widharyanto, & Binawan (2020) yeroo ibsan, "The first finding suggests that the main learning styles of students from the five ethnics are variants [aural] and [kinesthetic] including variations in bimodal, and trimodal. The second finding shows that the major language learning strategy is metacognitive and affective. The third finding reveals some similarities and unique differences in their learning style and learning strategy" jechuun tarreessanii jiru.

Qorannoo itti aanu kan namoonni ‘Huang’, ‘Hoi’fi ‘Teo’ jedhaman bara (2018) mataduree “The Influence of Learning Style on English Learning Achievement Among Under graduates in Mainland China” jedhamu irratti hojjetan yoo ta’u, argannoonaanisaanii harki caalaan barattoota yuuniversiitii Chaayinaa warra ilaaluudhaan baratan akka ta’aniifi kanneen biroon ammoo, warra dhageettiifi arguun baratan akka ta’an adda baasanii jiru. “The results revealed that the Chinese university students preferred the visual learning style the most, followed by the auditory and kinaesthetic styles” jedhanii ibsan. (Huang, Hoi, & Teo, 2018).

Inni itti aanu qorannoo ‘Oxford, namni jedhamu bara2003 mata duree ‘Langua ge learning styles and strategies: Concepts and relationships’ jedhu irratti hojjetee International Review of Applied Linguistics in Language Teaching’ jedhamuuf galii taasise yoo ta’u, argannoonaan qorannichaa daree barnootaa keessatti baratoonni argaman akkaataa barachuu addaa addaa kanneen sansakkaa dhuunfaan walqabatan, idda dhalootaafi muuxannoo bakka itti guddataniitiin kan dagaagfatan akka ta’eefi tarsimoolleen barachuu barattootaas tarsimoo sammuu olaanaa, hawaasummaafi kalsirreessuu akka ta’e ibsee jira (Oxford, 2003).

Qorannoowwan armaan olii walitti aanan hundinuu baratoonni akkaataa barachuufi tarsimoollee barachuu akkamiiitiin barachuu akka barbaadaniifi hariiroo akkaataa barachuufi tarsimoolleen barachuu barattootaa barnoota afaanii waliin qaban kan qoratan yoo ta’u, qorannoonaan kun ammoo akkaataan barachuufi tarsimoolleen barachuu barattootaa yaada keessa galchuun daree barnootaa keessatti barnoonni kennamaa jiraachuuf dhiisuu isaa adda baasuufi fedhiin akkaataa barachuudaree keessaa maal maalfaa akka ta’e addaan baasuun qaawwa jiru ifa taasisuuf kan deemee waan ta’eef karaalee kallattiitiin osoo hin taane karaa alkallattiin walitti dhufeenyaa qaba. Kunis, xiyyeffannoo, bakkaafi kaayyoo qorannichaatiin yeroo ilaalamu addaa adda. xiyyeffannoonaan qorannoonaan kanaa barsiisota yoo ta’u, kanneen armaan olii ammoo barattoota irratti xiyeffatanii hojjetanii jiru.

Kanatti aaneey ‘Feyera Deressa’ (2019) ulaagaa digirii2ffaa guuttachuuf aanaa Yebu mana barumsaa sad.2<sup>ffaa</sup> kutaa 9<sup>ffaa</sup> irratti qorannoonaan mataduree ‘the effect of students’ learning style on their vocabulary learning’ jedhu irratti hojjeteen argannoonaan isaa, hubannoo hiika jechootaa irraa baratoonni argataniifi akkaataa barachuu barattootaa gidduu walitti dhufeenyi guddaan akka jiru barreessee jira.

Kana Malees,Tigisti Befiqaaduu(2012) mataduree ‘Xiinxala Malleen Cunqaa’aa Fayyadamuu Afaan Oromoo Barsiisuu’: Manneen Barnootaa Sadarkaa 2ffaa Nophaafi Biloo Qaaro Irratti kan hojjetame yoota'u, Argannoon qorannoo kun akka agarsiisutti, barsiisonni Afaan Oromoo mala dhihaanna cunqa'aatti fayyadamaa akka hinjirre, malli kun tartiiba barannoo qabaatus barsiisoonnii kun hojii irra akka hin oolchine,adeemsa baruufi barsiisuu keessatti gahee guddaan barsiisaadhaan kan qabamu ta'uu, mala kana hojii irra oolchuu keessatti wantoonni gufuu ta'anii mul'atan, wayitiin barnoota Afaan Oromootiif ramadameef bal'inni qabiyyee kan wal hinsimne ta'uu, barsiisonni waa'ee mala cunqaa'aa hubannoo gahaa kan hinqabne ta'uu,meeshaalee deeggarsa barnootaa qopheessanii itti fayyadamuu dhabuufi baay'inni barattootaa daree keessatti hedduumachuu ta'uu qorannoo kanaan adda baastee jirti.

As keessatti malli dhihaanna cunqa'aa mala baruufi barsiisuu yoomessaafi fedhii barattoota daree keessa jiraniitiin qindaa'u waan ta'eef, akkaataa barsiisuu fedhii akkaataa barachuu daree keessa jiruutiin walitti fiduudha.Kun immoo kanumaa barsiisonni mana barumsaa xiyyeffannoo qorannoo kanaa fayyadamuuuf dhiisuu isaanii qorachuuf qorataan itti adeemaa jiruudha.Waan kana ta'eef qorannoo kanaa waliin walitti dhiheenya kan qaban ta'ee,bakka qorannoon itti hojjetamu, kaayyoo qorannoo kanaa, xiyyeffannoo qorannoofi gosa qorannootiin garaagarummaa qabu.

## 2.5.Yaaxxina Qorannichaa

Yeroo ammaa kanatti yaaliin barattootaaf haala mijessuuf dandeessisan hedduun hojiira oolaa jira.Malleen barachuufi barsiisuu barattootaaf mijataa ta'anitti fayyadamuuuf tooftaa dhuunfachiisuu (personalization) fayyadamuuun filatamaadha. Kunis,dhiheessii barnootaa akkaataa fedhii dhuunfaa tokkoo tokkoo barattootaatiin hojiiwan isaan hojjechuun qaban daree barnootaa keessatti sakattoo duraafi boodaa taasisuun jijiiramni barattootaa erga addaan baafamee firii argame bu'uura godhachuun,akkaataa kallattii firii sakattoo taasifamee sanaatiin dalagaawwan barattooni hojjechuun qaban qopheessuun yoo kennameef,barattooni waan barachuuf yaadame dhuunfachuun gahee taphatu jechuudha.

Yaada kana Anoir, et. al (2020) akka ibsanitti:

*Depending on the results obtained from Learners need, the system offers a personalized learning path, so that the content can be adapted to their individual needs. On the other hand, we find solutions that focus on adjusting the pace and style of learning. A large number of recent Adaptive Learning platforms are based on Big Data, artificial intelligence, ontologies, etc. Personalization goes further in an*

*environment where both the learning objectives and the content, the teaching method and the rhythm vary according to the choices of the learner(f:1).*

Akka Yaada kanaatti hojii barachuufi barsiisuu daree barnootaa keessati hojiira oolchuun dura yaaliin fedhii barattootaa addaan baasuu erga taasifamee booda kaayyoo barachuu, meeshaalee barnootaafi qabiyyee barnootaa giddu galeeffachuu malleen barachuufi barsiisuu akkaataa fedhii barattootaa daree keessa jiraniitti osoo addaan hin kukkutin walitti fufiinsaan akkaataa barachuu barattootaa wajjin walitti madaqsuun dhuunfachiisuun akka danda'amu ibsa.Kana malees, dhuunfachiisuun tooftaa filatamaa qabiyyee barnootaa qophaa'eefi fedhii barattootaa akkaataa mijatuun walitti fiduudha.

Tooftaan dhuunfachiisuun mala roga hundaatti naanna'uun (flexibility) fedhii barattootaa guutuuf yaaluuti. Gochi dhuunfachiisummaa gaaffilee kanneen akka maal baratu?attamitti baratu?yoom baratu?eessatti baratu?maaliif baratu?maaliin baratu?maaltu akka hubatamuuf barbaadame? Miidiyaakakkamitii (haala dhiheenyaa) kamiin barachuu fedhu? Kanneen jedhan yaada keessa galchuun haalota gaaffilee kanneen deebisuuf dandeessisan soquun hojiirra oolchuun barattootaaaf haala mijeessuudha.Haaloni kunnenis kan mijachuu dandaa'an beekumsa sirna barnootaafi dhiheessii barnootaa irratti hundeffamuudhaan ta'a.

Yaada kana Anoir, et al (2020) yeroo ibsan:

*Personalization is a conception of systematic learning that focuses on adapting teaching to learners. Personalized learning provides flexibility and supports: what, how, when and where learners learn and demonstrate mastery of knowledge. More specifically, these flexibilities and supports are designed in terms of pedagogical approaches, content, activities, objectives and learning outcomes. (f:2)*

Akka yaada armaan oliitti yoomessa walii galaa baruufi barsiisuu keessatti barbaadamu guutuun deggersa meeshaalee tekinooolojii illee dababalachuu danda'a.Dhuunfachiisuun walitti qabamaafi bal'ina gamtaa barattootaa irratti bu'uureeffamee hojiirra oola.Dhuunfachiisuun jechuun wantoota armaan olitrri dubbatamee jiru hundumaa akkaataaфи yeroo barbaadamutti fedhii garee barattootaa daree keessa jiranii addaan baasuun haala mijeessuudha.“Personalizing one's teaching means above all seeking to meet the identified needs of groups of learners (...) It presents a learning activity, realized by a teacher in order to supervise the learning of the learner” (f:2).Walumaa galatti yaaxxinni dhuunfachiisuun fedhii barattootaatiif gochaalee barachuufi barsiisuu hunda akkaataa ittiin walfudhachiisuun danada'amuufi barachuun bu'a qabeessa ta'e hojiirra ooluu danda'utti haala jiru fedhii garee barattootaa daree keessaatiin walitti fiduun madaqsuudha.

## **2.6.Moodela qorannichi bu'uureeffate**

Yaaxxina qorannichi bu'uureeffate cinatti moodela qorannoон irratti bu'uureeffame filachuun kan barbaachiseef moodeloota akkaataa barachuu hundumaa irratti ragaa funaanoon qaaccessuun waan ulfaataa ta'uuf moodeelota jiran keessaa filateera.kuni ammoo barachuu barattootaa daree barnootaa keessatti wayita barnoota Afaan Oromoo hojiirra oolchuun dura modelota akkaataa barachuu jiran addaan baafachuun gaarii ta'a.Kana jechuun fedhiin akkaataa barachuu barattootaa daree tokko keessatti hedduu waan ta'eef dhimmoota kanneen irratti xiyyeefannaа gochuun caalaatti milkaayina ni fida.Haata'u malee yeroo jiru faana deemuuf moodeela tokko filachuun hojichi akka salphatu taasifamee jira.

Buu'ura yaada kanaatiin qorannaа kana keessatti qorataan wayita barnoota Afaan Oromoo barsiifamutti moodeloota akkaataa barachuu jiran addaan baasuun qophii barnootaa taasisuun akka dandaa'amuuf moodelota akkaataa barachuu barattootaa baroota addaa addaa keessatti hayyoони qaaccessanii hojiirra oolchan keessaa kanneen bal'inaan hojiirra oolaa jiran keessaa tokko filachuun gaaffiwwan akkaataa barachuu barattootaa ittiin adda baasuun gaafataman moodela filataman bu'uura godhachuun qopheessee dhiheessuun oddeeffannoo fedhii daree barnootaa keessaa guuruuf kan ta'u moodela Fleming's VARK( Fleming's VARK Learning Style,model,1992) filateera.Akka moodela kanaatti barattooni daree keessatti argaman bakka afuritti qoodamanii jiru.Isaanis:warra dhageettiin baratan,warra ilaaluun baratan, warra dubbisuun/barreessuu/ barataniifi warra sochoosuun baratan jedhamanii qoqqoodamu.Kana malees kanneen karaa tokkoo oliin baratan akka jiran hayyoони ni himu.

Yaada kana Dutsinmafi Temdee,(2020) akkanaan ibsu:

*Here four modalities are suggested by Fleming in his model of learning style. These are Visual learning, Auditory learning, Physical learning, and Social learning. Neil Fleming suggests that every learner learns in his style of learning. According to him, Visual learner prefers to learn through seeing objects like diagrams, charts, etc.Likewise, Auditory learner prefers learning through listening whereas Kinesthetic learner prefers to learn through experience like doing experiments. (f:1)*

Akka yaada kanarraa hubatamutti barattooni daree keessa jiran karaalee garaa garaatiin odeeoffannoo ofitti fudhachuun kan dandaa'an yoo ta'u,kanneen ilaaluun baratan meeshaalee qabatamaadhaan mul'atan kanneen akka fakkiwwanii,bobboca,chaartii,faa ilaaluun

baratu.warri dhageettiidhaan baratan ammoo waan dhaggeeffatamu hordofuu barachuu warra yaalaniidha.Warri sochoosuun barachuu barbaadan ammoo barattoota warra qabatamaad haan meeshaalee barbaachisoo ta'an fayyadamanii mana yaalii keessatti hojjetanii dogoggoraa barachuu fedhaniidha.Kanaafuu qorannoон kun kan irratti bu'uureffatamee hojjetamu maadela kanaadha.Sababiinsaa moodeloota akkaataa barachuu hundumaa irratti xiyyee ffachuuf yeroofi humni jiru kan heeyyamu miti.Moodeloonni jiranis hedduudha.Moodela jiran hunadumaa giddu galeessa godhachuun qorannoo hojjechuuf yeroofi maallaqa ga'aa gaafata.Yeroofi maallaqa ga'aa kana ittiin utubuun danda'amu ammoo hin jiru.

Haata'u malee, moodeloota beekamoo fi waalta'inaan bakka hundumaafi namoota hundumaa biratti beekamooo ta'an kan bal'inaan hojii irra oolaajiran keessaa filachuun dirqama ta'ee jira.Osoo guutummaatti hammachiisuun qoratamee gaariidha garuu humni hanga danda'u irraa qoeddachuun ragaa barbaadameef oolchuun dhimma ijoo waan ta'eef qoratichi moodela Neil Fleming (vark) jedhamuun beekamu filateera.Akka moodela kanaatti namni tokko akkaataa barachuu tokko yookiin tokkoo ol qabaachuu danda'a.Moodela kana bu'uura godhachuun gaaffileen akkaataa barachuu barattootaa ittiin addaan baasan qopheeffamanii ittiin gaafatamuun odeeffannoон barattoota irraa ittiin funaanamee qorannicha keessatti ragaan odeeffannichaa gaafannoo afaniitiin dhihaate barattoota irraa guuramanii qaacceffamuun dhihaateera.

Gaafannoo kana duukaa deebiin moodeelota kana waliin walitti hin dhufne kan moodelota biroo yoo barattoota irraa dhihaatan warruma moodelota kanaaf guuraman waliin itti aanee qaaccessa keessatti kan dhihaatu ta'a malee,bara kan darbamu miti.Sababiin isaa yeroodhaaf jecha moodeela tokkichaan daangeffame malee akkaataan barachuu barattootaa daree keessaa hundinuu qorannoo kana keessatti agarsiiftuu hojiirra oolmaa malleen baruufi barsiisuufi akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaatiin Afaan Oromoo barsiisuu ta'uu danda'u.

## **BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA**

### **3.1.Saxaxa Qorannichaa**

Saxaxni qorannoo kanaas ibsaa makaa (mixed descriptive)dha.Qorannoo makaatti fayyadamuun kan barbaachiseef ragaaleen qorannoo madda ragaalee irraa bargaaffiifi afgaaffiidhaan funaanamuuf waan barbaachiseef, akkasumas, ragaaleen jechaafi lakkoofsaan qaacceffamuuf malan ragaa qorannichaa keessa waan jiraniif filatame.

### **3.2. Irraawwatama Qorannichaa**

Qorannoon kun kan inni ilaallatu akkaataa barachuufi tarsimooleen barachuu barattootaa yaada keessa galchuun barsiisonni daree keeessatti dandeettiwwan afaanii barsiisuuf tarkaanfilee isaan hojiirra oolchaa jiran xiinxaluudha.Kanaafuu Irraawwatamtoonni qorannoo kanaas, barsiisota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa Mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Hoomaafi Sootalloo ti.

### **3.3..Madda Ragaa**

Ragaa qorannoo kanaaf barbaachisan kan qorataan irraa argate: barsiisota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa,dura buutotaafi barattoota Mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Hoomaafi Sootalloo kutaa 9ffaa irraati.Barattootaa,dura buutotaafi barsiisonni kunneen madda ragaa tokkoffaa ta'uun odeeffannoonaan kan irraa guurameedha.

### **3.4.Iddattoofi Mala Iddatteessuu**

Qorannoon hojjetamu tokko kaayyoo isaa irraa ka'ee qaama kamtu osoo filatamee odeeffanno barbaadamu sirriitti kennuu dandaa'a.? yaada jedhuu hubannoo keessa galchuun iddattoon filatamuu dandaa'a.Odeeffanno barbaachisu qixaan argachuuf namoota kallattiin mata dureen qorannichaa ilaallatu filachuun qorataadhaaf haala mijeessa.Odeeffanno qorannoo kanaaf ta'u funaannachuuf barsiisota Afaan Oromoo bakka qorannoon kun itti hojjetamu barsiisaniifi dura buutota akaakuu iddatteessuu akkayyoo fayyadamuun filachuun ragaan irraa guurameera.Sababni iddatteessu akkaayyoo filatameef, qoranno kana keessatti barsiisonni Afaan Oromoo manneen barnootaa qorannoon kun irratti hojjetamu barsiisota Afaan Oromoo 4 waan ta'aniif hundinuu ragaa qorataaf kennuuf barbaachisoodha.Dura buutonnis manneen barnootaa kana keessa 4 waan ta'aniif mala kanaan fudhatamanii jiru.

Kanis waan jiru keessaa hamma barbaadamu hundumaa waan ta'eef akkuma jiranitti mala akkaayyootiin fudhatamanii jiru.Baayinni iddettoo barsiisotaafi dura buutota manneen barnootaa dhiira shan (5) dubara sadii (3)walii gala (8) yeroo ta'an, Baayinni barattoota kutaa 9ffaa walumaa galatti mana barumsaa lachuu irraa dhiira128 dubara 137 walii gala barattoota 265 kutaa 9<sup>ffaa</sup> daree afuritti waliin barachaa jiran keessaa mala iddattoo carraa salphaatiin dhiira afurtama (40) dubara afurtama (40) walii galatti barattoota saddeettama (80) filachuun hirmaattota qorannoo ta'anii ragaan akka kennaniif humna namootaa saddeettamii sadeet (88) hirmaatanii ragaan irraa guurameera.

### **3.5.MeeshaaLee OdeeFFannoOn Ittiin Funaanamu**

Qorannoo kana hojjechuuf, mata duree qorannoo kana waliin kan walsimatu, meeshaaleen odeeffannoOn ittiin funaanamuuf karoorfaman afgaaffii banaafi bargaaffii,daawwannaafi marii garee xiyyeeffannootti dhimma ba'ame.Meeshaaleen odeeffannoOn ittiin funaanaman kunis rakkoo dhiyaateef odeeffannoO qabatamaafi dhugaa ta'e argachuuf waan fayyadanuuf,gaheen isaan qaban guddaadha. Kanaafuu, qorannoOn kun daree barnoota Afaan Oromoo keessatti dandeettiwwan afaanii yemmuu barsiifaman garaagarummaan barattoota gidduu jiru hammam barsiisonni adda baasanii barachuufi barsiisuu hojiirra akka oolchaa jiran xiinxaluu waan ta'eef,meeshaalee kun kanaaf mijatoo waan ta'aniif ragaan barbaadamu ittiin guuramee jira.

#### **A.Bargaaffii**

Bargaaffiin meeshaalaee odeeffannoOn ittiin namoota hedduu irraa funaanamuuf mijata ta'eedha. Bu'uruma kanaan qorannoOn kun qorannoo makaa waan ta'eef gaafannoOn akkaataa barachuu barattootaafi tarsimoolee barachuu barattootaa ofkeessaa qabu qopheeffamee barattootaaf dhihaatee ragaan irraa guuramee jira.GaafannoOn kun meeshaalee akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa adda baasuuf hoolan kan hammatee waan ta'eef, barattooni fedhii akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuuakkamiitiin daree keessatti kuufamanii akka jiran ittiin addaan baasuuf gaaffiin akkaataa barachuu 6(ja'a) gaaffiin tarsimoolee barachuu 8(saddeet) walii galatti gaaffiin kudha shan bakka toktotii qindaa'ee daree keessaatti yeroo barnootaan alatti daqiqaa 120(dhibbaaf digdamaaf) sassaabamee ragaan isaanii qaaccessamee dhihaatee jira.

#### **B.Afgaaffii**

Afgaaffiin ramaddii malleen funaansa ragaal jalatti kan mul'atu ta'ee isa qorataan odeeffannoO kennitoota waliin fuulaa fuulatti walquunnamuun gaaffiin afaaniin dhiyeessuun odeeffannoO barbaadu argachuuf fayyadamuudha.Afgaaffi keessatti qorataan gaaffiin

gaaffatu haala hirmaattotaa galuun ibsuu akkasumas hirmaattonni iddo gaaffiin gaafataman hingalleeffitti carraa gaafatanii hubachuu qabu.Qorataanis iddo deebiin hirmaattonni kennan hin hubatamneefitti akka irra deebi'anii hubachiisan taasissee ragaa irraa guurrateera.Qorataan qorannoo kanaas barsiisotaafi dura buutota keessaa dhiira shan(5) dubara sadii(3) walii gala saddeet(8),menneen barnootaa lamman irraa walqixa filatamanii kan dhufaniif afgaaffiin dhuunfaa dhuunfaan hoggantootaaf gaaffii 4(afur)barsiisotaaf gaaffiin 5(shan) dhihaatee ragaa qorannoo isaa milkeessuu danda'u qoratichi funaanuun xiinxalee dhiheessee jira

### **C. Daawwannaan**

Daawwannaan mala odeeffannoontaa ittiin funaannamu keessaa tokko ta'ee isa qorataan iddo wanti/gocha/ ilaaluuf barbaade jirutti qaaman argamuun ijaan ilaalaan odeeffannoobarbaachisu funaanuuf itti fayyadamuudha.Kanaafuu qorataan mana baraumsaa kanatti argamuun gaafannoo qopheessee wayita barnootaa Afaan Oromoo akkaataa barsiisonni itti barsiisan marsaa afur afur turtii daqiqaa (160) cheekliistii adeemsa baruifi barsiisuu daree keessaatiin walqabatanii jiran qabxiilee 25(digdamii shan) qabu qopheeffatee daawwateejira.Kana malees, qorataan mooraafi mana barumsichaa keessatti wantoota qorannichaan walitti hidhata qaban hordofee xiinxala taasissee ragaa barbaachisaa yaadannoo dhuunfaa irratti qabachuun kan hirmaattotaa waliin walcina qabee xiinxaluudhaan dhiheessee jira.

### **D.Marii Garee**

Ragaalee gahaa qorannoo tokkoof barbaachisu meeshaalee funaansa odeeffannoontaa qofaan argachuun rakkisaadha.Waan kana ta'eef, gaaffii gareedhaaf mijataa ta'eefi kaayyoo qorannichaan bu'uura godhatee qopheessuun barbaachisaadha. Yaaduma kana fakkaatu David, (2004÷230) yemmuu ibsu,“Fucos groups can be a low cost way of collecting data ; but require a considerable amount of cooperation and enthusiasm from participants.” Akka yaada nama kanaatti, af-gaaffiin garee xiyyeefatamee karaa baasii gadaanaatiin odeeffannoowalitti qabachuuf hedduu gargaara.Ta'us tokkummaafi fedhii cimaa namoota odeeffannoontiraa guuramee (namoota garicha keessatti hirmaatan) barbaachisa.

Dabalataan Neuman,(2007) akka ibsetti wayita marii garee isa namni tokko beeku inni biraan hinbeeku; kan tokko dagate inni kan biraan itti dabaluu ni danda'a.Kanaafuu, odeeffannoogahaa ta'eefi amansiisaa ta'e namootarraa argachuuf qorataan kun mala kanaan odeeffannookenname dhaggeeffachuun yaadannoo qabatee ragaalee miseensota marii garee irraa argame funaanee qaacessee dhiheesseera.Bu'uuruma kanaan qoratichi namoota waa'ee akkaataa barachuufi tarsimoo barachuu barattootaa irratti ibsa gahaa kennu

jedhamanii filataman barattoota 88 garee afuritti qoodamanii maree akka gaggeessan taasisee gochaa isaanii hordofuun yaadannoo barbaachisaa ta'e funaannatee ragaalee duraan bargaaffii, afgaaffiifi daawwannaq irraa argamanii wajjin walbira qabuudhaan akka qaacceffamu taasiseera.

### **3.6.Mala Qaaccessa Ragaa**

Adeemsa qaaccessa odeeffannoo qorannoo kanaa keessatti gaaffilee qorannoo dhiyaataniif deebii argachuuf tartiiba armaan gadii raawwatameera.. Jalqabarratti ragaaleen safarataan barattoota irraa akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu isaanii addaan baasuuf guuraman gabatee keessatti qaacceffameera. Itti aanee afgaaffiin hoggantootaafi barsiisota Afaan Oromoo barsiisaniiif dhihaate xiinxalliin gadi fageenyaan erga taasifamee booda,akkaataa garaagarummaa mataduree odeeffannoo giddu galeeffachuu walduraa duubaafi walitti dhufeenya isaanii bu'uureeffachuu qaacceffameera.Ragaaleen daawwannaq pereedii afur,afuriif daawwataman irraa funaanaman kan barsiisotaafi barattootaa hundaa haala mataduree walfakkaataniin walitti dabaluun qaacceffame.Kanuma faana marii garee xiyyeffannaa irraa ragaaleen argaman kan gaafannoo akkaataafi tarsimoolee barachuu barattootaafi gaaffii hoggantootaafi barsiisotaa walbira qabuun dhihaatee ture irraa argame kanuma duraa waliin kan walsime waan ta'eef bakka walfakkaataatti walitti dabaluun qaacceffamee jira.

### **3.7. Naamusa qorannichaa**

Qorannoon dirree barnootaa hojii dhuunfaatti jalqabamee xumuramu miti.Hirmaannaa hawaasaa barnootaa barbaada.Qorataan ragaawan qorannichaa yeroo sakatta'u gochaawan raawwate muraasni:Yaada nama seeraan fudhateera,wayitii gaaffiwwan qomaaf daawwannaq gaafatamtootaafi daawwatamtoota kabajuu,xalayaa seeraa qabchuufi jechoota safuu eegee fayyadamee hirmaattota keessummeesseera.Dhuma irratti qorannoo hojjete ragaa qofa irratti hundaa'uun naamusa barbaadamu hordofuun dhiheesseera.

## **BOQONNAA AFUR: XIIXALAAFI QAACCESSAA RAGAALEE**

### **Seensa**

Boqonnaan kun,bakka itti odeeffannoon maddoota ragaa irraa funaanaman itti xiinxalamanii dhiyaataniidha.Mana barumsaa sadarkaa lammaffaa qorannoон kun irratti hojjetame keessatti, xiinxala walsimannaa akkaataa barachuu,tarsimoolee barachuu barattootaafi mala barsiisonni Afaan Oromoo ittiin barsiisan sadarkaa akkamii irra akka jiru xiinxalaan addaan baasuuf meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanaman kanneen akka bargaaffii barattootaa,afgaaffii barsiisotaafi hoggantootaa marii garee xiyyeffannaafi daawwannaan argame mala qorannoо ammamtaafi akkamtaadhaan (Maka) fayyadamuun funaanamee kan jiru akkaataa walitti dhufeenyaa yaada isaaniin armaan gaditti xiinxalamanii dubbisuuf akka tolutti qaacceffamanii ka'amanii jiru.

Haaluma kanaan seenaa namoota odeeffannoо kennanii irraa eegalee dhihaatee jira.Kana malees, dhimmootni ijoon qorannoо kanaa kanneen akka hojiirra oolmaa akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa irratti ragaa funaaname,gufuuwwan jiraniifi fala ittiin hiika argatan irratti ragaaleen funaanamaa turan maal maalfaa akka ta'an walduraa duubaan akkaataan itti aanuun dhiyaateera.

### **4.1.Duubee namoota ragaan irraa funaanamee**

#### **A. Barattoota**

Qorannoо kanaaf barattootni odeeffannoон irraa funaaname baayinaan saddeettama (80) yeroo ta'an seenaan isaaniis gabatee armaan gadii keessatti ibsamee jira.

#### **Gabatee 1.Duubee barattootaa odeeffannoо kennanii**

Saala	Baayina	kutaa	Umurii						Ida'a
			15	16	17	18	19	20 ol	
Dhi	40	9ffaa	3	8	9	7	10	3	40
Dub	40	9ffaa	4	6	12	6	8	4	40
Ida'a	80		7	14	21	13	18	7	80

Gabateen armaan olii irraa wanti hubatamu barattoota qorannicha keessatti ragaan irraa guurame baayinaafi umuriidhaan hangaam akka ta'an kan ibsuudha.Kun ammoo barattoonni akkamii qorannicha keessatti hirmaatanii ragaa akka kennan agarsiisuuf dhihaate.Haaluma kanaan barattoonni kutaa salgaffaa keessaa dhiira 40 (afurtama)fi dubara 40 (afurtama) filatamanii karaa walqixaa ta'een Dubarri%50 Dhiirri%50 qorannicha keessatti hirmaatanii jiru.Kanuma faana umuriin barattoota kanaa dhirris ta'e dubarri waggaa 15 (kudha shan) ol akka ta'an ibsamee jira.Sababiin dubaraaf dhiira walqixa filateef ammoo gareen lamaanuu umuriin isaanii ragaa ga'aa ta'e kenuun mirga isaaniitti fayyadamanii dhimma barachuu isaanii keessatti qooda fudhatanii akkaataa barachuifi tarsimoolee barachuu isaanii addaan baafatanii qorataaf deebii kenu jedhamee kan yaadamee waan ta'eef akkuma karoorfametti barattoonni keessatti hirmaachuuf filataman hundinuu raga qorataaf kennanii jiru.

## **Gabatee 2. Duubee hoggantootaafi barsiisota ragaan irraa funaanamee**

Saala	Baa y'	Umurii				Sadarkaa barnootaa		Muuxannoo hojii		
		30-35	36-40	41-45	45 ol	DIG	MA	1-10	11-20	21-30
Dhi	5	2	-		-	3	5	-	2	
Dub	3	2	1	-	-	3		-	2	
Ida'am	8	4	1	-	-	3	5	4	4	

Gabatee armaan olii keessatti ragaan ibsamee jiru ammoo kan hoggantoota manneen barnootaafi barsiisota irraawwartamtoota qorannoo kanaa ta'anii ragaa kennaa turan baayina,umurii, muuxannoofi sadarkaa barnoota isaani ibsuuf kan dhihaateedha.Haaluma kanaan barsiisota 4 Dhiira 2dubara 2 kan hirmaatan yoo ta'u ,garaa garummaan dhiiraafi dubara gidduu barsiisota ilaachisee hin jiru.Kun ammoo silumaa walqixxaatoo ta'anii barsiisaa waan jiraniif hangumti daree galee barnoota Afaan Oromoo barsiisu fudhataman.Hirmaattonni kunneen umuriidhaan yeroo ilaallu waggaa 30fi isaa oliidha.Muuxannoo waggaa kudhanii olii kan qabaniifi sadarkaa baranootaa digirii tokkoffaa barsiisota Dhi 1\_Dubara 2 walii gala 3,Digirii 2ffaa kan qaban dhi 1\_Dubara 1 yeroo ta'an,hoggantoonni ammoo digirii tokkoffaa Dhi - Dubara 1 walii gala 1,Digirii 2ffaa kan qaban dhi 3.Dubara 1 yeroo 3.

Walumaa galatti gabatee kana irraa wanti xiinxalamu barsiisonnis ta'ee hoggantoonni mana baraumsichaa keessaa filataman umurii,muuxannoo hojiifi sadarkaa barnootaatiin namoota

hojii kamiiniyyuu ga'umsaan raawwachuu danda'an tu'uu isaanii ragaan dhihaate ni ibsa.Dhimmoonni kun xiinxalamuuun kan barbaachiseef fedhii barattootaa beekuudhaaf duubee barsiisotaa adda baasuun qorannicha waliin hidhata waan qabuufi.kanaafuu hoggantootas ta'e barsoiisonni hundinuuakkuma karooraan qabamee turetti bakka barbaadaman hundumaatti dhihaatanii ragaa qorataaf kennuudhaan qorannichaaf gumaacha gama isaaniitiin barbaachisu hunda taasisanii jiru.

## **4.2.Qaaccessa ragaa akkaataa barachuu barattootaa**

### **Gabatee 4: Qaaccessa bargaaffii akkaataa barachuu barattootaa**

T / L	Akaakuu Akkaataa Barachuu Barattootaa addaan ba'e	Sadarkaawwan Deebii									
		5		4		3		2		1	
		La kk	%	Lak k	%	Lak k	%	La kk	%	La kk	%
1	Ilaaluudhaan Kan Baratan	32	%40	23	%28.7	10	%12	9	%11.2	6	%7.5
2	Dhageettiin Kan Baratan	6	%7.5	8	%10	18	%22	21	%26.2	27	%33.7
3	Barreessuufi dubbisuun kan baratan	13	%16.2	13	%16.2	15	%18	20	%25	19	%23.7
4	Qaamsochid haan kan Baratan	29	%36.3	21	%26	18	%22	9	%11.2	3	%3.7
	Ida'ama	80	%100	65	%82.2	61	%76.2	59	%73.7	55	68.7

Yada gabatee armaan olii irraaakkuma hubannu, akkaataa barachuu barattootaa addaan baasuuf gaaffiwwan yaada ijoo gaaffii qorannoo qabxii tokkoffaafi kaayyoo gooree tokkoffaa irratti hundaa'anii dhihaatan kopheeffaman kan“ Barattooni mana barumsaa Hoomaafi Sootalloo sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu akkam akkamiitiin barachuu jaallatu?” jedhu irratti hundaa'uun moodela akkaataa barachuu filatame bu'uureeffachuu warra ilaaluu,dhaggeeffachuu,bareessuufi dubbisuufi sochoosuu danda'uufi dhiisuu barattootaa iyyaafachuuuf qabxiilee ja'aan dhihaateef jalqaba gaaffii akkaataa barachuu barattootaa addaan baasuuf lakkofsa 1.1. irratti dhihaate“ Namootaan wajjin yannaan dubbadhuuf yeroon baradhu waa'ee odeeaffanno dubbatamu sanaa hubachuuf ijaan ilaaluu baannaan natti hin tolu.” jedhu irratti kan dhihaate barattoota ilaaluun barachuu danda'an sakatta'uuf kan gaafatame yommu ta'u,barattoonis deebii isaanii akkaatta itti aanuun furtuu deebii shan(5)Baayyeen fedha (4),hanga tokko nanfedha(3),muraasa nanfedha,(2)baayyee muraasan fedha (2), hinfedhu yoo jechuu barbaadan (1) akka filataniif gaaffii dhihaate irratti barattooni 32(soddomii

lama) dhibbeentaa % 40 kan ta'an yeroo hunda ilaaluun dandeettiwwan barreessuufi dubbisuu barachuu akka jaallatan, barattooni 23 (digdamii sadii) % 28 darbee darbee ilaaluun barachuu akka jaallatan,barattooni 10 (kudhan)dhibbeentaa % 12 kan ta'an muraasa ilaaluun barachuu kan fedhan,barattooni saga 9 (sagal) 1%11 kan ta'an baayyee muraasa ilaaluun barachuu akka fedhaniifi barattooni 6 (ja'a) %7 kan ta'an ilaaluun barachuu kan hinfeene akka ta'an deebii barattootaa irraa funaanamee gabatee keessatti qaacceffame irraa argamee jira.

Deebii barattoota kanneenii irraa wanti hubatamu barattooni daree tokko keessa jiran fedhii barachuu walfakkaataa akka hin qabne ta'uufi fedhiin akkaataa barachuu barattoota kanneenii walbira qabuun yeroo madaalaman warri ilaaluun barachuu barbaadan kanneen biroo caalaatti akka baayyatan ragaa kana irraa xiinxaluun ni danda'ama.Kanaafuu barattoota kanneeniif meeshaaleen degrsa barnootaa baayyee barbaachisaa ta'uu isaa hubatamaadha.Garee barattoota kenneenii barsiisuuf barsiisonni meeshaalee deggersa barnootaa qabachuun daree kan hin seenne yoo ta'e barattooni %40 ta'an waan barsiifamu hubachuuf akka danqaman gabatee armaan olii irraa hubachuun waan danda'amuuf, barsiisonni meeshaalee degrsa barnootaa qabiyyee waliin qindeessuun qabatanii daree seenuun barattoota ilaaluun barachuuf fedhii guddaa qaban kanneen akka barataniif haala mijessuun barbaachisaadha.

Gaaffii qorannoo qabxii tokkoffaa akkaataa barachuu barattootaa addaan baasuuf gaafatame irratti hundaa'ee kan qophee'ee Gaafannoo lakkofsa 1.2. irratti warra dhageettiin baratan sakatta'uuf barattootaaf dhihaateef " Nama dubbatu xiyyeffachuu baadhus waan dubbatame dhaggeeffachuu sirriittan hubadha" kan jedhu irratti deebii funaaname keessaa, barattooni 6 (ja'a) dhibbeentaa %7 kan ta'an yeroo hunda dhaggeeffachuu barachuu akka jaallatan, barattooni 8 (saddeet) %10 darbee darbee dhaggeeffachuu barachuu akka jaallatan,barattooni 18 (kudhan)dhibbeentaa %22 kan ta'an muraasa dhaggeeffachuu barachuu kan fedhan,barattooni 21 (digdamii tokko) % 26 kan ta'an baayyee muraasa dhaggeeffachuu barachuu akka fedhaniifi barattooni 27(digdamii torba) % 33 kan ta'an dhaggeeffachuu barachuu kan hin feene akka ta'an deebii barattootaa irraa guuramee gabatee keessatti qaacceffame irraa argamee jira.Barattooni dhageettiin barachuu jaallatan dandeettii dubbachuufi dhaggeeffachuu akka cimsatan qorattooni himanii jiru(Gardner,1999).

Yaada armaan olii kana irraa wanti xiinxalamu barattooni dhaggeeffachuu barachuuf fedhii guddaa qaban baayyee muraasa ta'uu isaaniiti.Kun ammoo barattooni akkaataa

dhiheessa barnootaa barsiisonni daree keessatti raawwachaa jiran kan yeroo daawwannaan daree barnootaa waliin walbira qabuun gaafa xiinxalamen baayyee walirraa fagoodha.Fedhiin barattootaa akka ragaa armaan olii irraa hubatamutti % 40 kan ta'an ilaaluun barachuu kan barbaadan yoo ta'u, % 7 kan ta'an dhaggeeffatanii barachuu akka barbaadan fedhii funaaname irraa argamee jira.Barsiisonni yeroo baayyee odibsaan barsiisaa jiru.Kana jechuun barattoonni sirriitti gammadanii baratan %7 kanneen biroon gamisaan kan hordofaniifi %27 dhaggeeffachuu barachuuf fedhii guddaa kan hinqabneedha.Kanaafuu bu'aa ba'iwwan barachuufi barsiisuu manneen barnootaa kanneen keessatti mula'taa jiru kanaaf fala atattamaa kannuu baannaan egereen barattoota barachaa jiranii kunneen miidhaaf saaxilamoo akka ta'an beekamaadha.Kanaafuu malli fedhii barattootaatiin walsimachuu danda'u daree barnootaa keessatti hojii irra hooluun hojii yeroon ogeeyyi barnootaa irraa barbaaduudha.

Itti aanee Gaaffii qorannoo qabxii tokkoffaa akkaataa barachuu barattootaa addaan baasuuf gaafatame irratti hundaa'ee kan qophee'ee Gaafannoo lakkofsa 1.3. kan warra barreessuufi dubbisuun baratan sakatta'uuf barattootaaf dhihaate“ Barnoonni tokko kan naaf galu yoon yaadanno qabadheefi yaadota tarreffadhee waan ta'eef yaadannoo qabachuu, barreessuufi dubbisuun baayyee natti tola” kan jedhu iratti deebii funaaname keessaa:barattoonni 13 (kudha sadii) dhibbeentaa % 16 kan ta'an yeroo hunda barreessuufi dubbisuun barachuu akka jaallatan, barattoonni 13(kudha sadii) %16 darbee darbee barreessuufi dubbisuun barachuu akka jaallatan,barattoonni 15 (kudha shan)dhibbeentaa %18 kan ta'an muraasa barreessuufi dubbisuun barachuu kan fedhan,barattoonni 20(digdama) % 25 kan ta'an baayyee muraasa barreessuufi dubbisuun barachuu akka fedhaniifi barattoonni 19 (kudha sagal) % 23 kan ta'an barreessuufi dubbisuun barachuu kan hinfeene akka ta'an bira ga'amee jira.Barattoonni kanneen ammoo dandeettiwwan afaanii gurguddoo arfanuu dagaafchuu akka danda'an Gardner ibsee jira.

Gaaffii kanarraa deebii dhihaate gaafa xiinxalaan ilaalamen fedhiin barattoonni dubbisuufi barreessuun barachuu irratti qaban kan baayyee fedhaniifi kan darbee darbee fedhan walfakkaataa yeroo ta'u muraasaafi baayyee muraasa kan fedhanis walitti dhihoodha.Haata'u malee %23 barreessuufi dubbisuun barachuun itti hin tolu.Akka xiinxala kanaatti barattoonni kun fedhiin isaanii barreessuufi dubbisuu bira osoo hin taane akkaataa barachuu kan biraatiin barachuu fedhu.Akkuma qabxii duraa keessatti ilaalle barattoota jiran keessaa% 40 ilaaluun barachuu akkuma barbaadan barrreessuuf dubbisuu irratti ammoo fedhiin isaan qaban muraasa yookiin tasayyuu fedhuu dhiisuu waan

danda'aniif barnoota dareetti dhihaatuu meeshaalee deggersaa,odibsa,yaadannooleefi shaakaloota addaa addaa kenuun barattootaaf haala mijeessuun barnoota keessatti hirmaachisuun akka barbaachisaa ta'e qabxiilee kanneen irraa hubachuu dandeenya.

Kanuma faana Gaaffii qorannoo qabxii tokkoffaa akkaataa barachuu barattootaa addaan baasuuf akka yaada ijootti dhihaate irratti hundaa'ee kan qophee'ee Gaafannoo lakkoofsa 1.4. kan warra sochoosuun baratan sakatta'uuf barattootaaf dhihaateef "Wanta barsiisaan barsiisuu dhaggeeffachuufi dubbiisuu irratti hanqina qaba;Tartiiba ykn teeknika gocha tokko ibsuuf dhimmicha irrattii gochaan agarsiisuun yookiin gochaan fayyadamee ofin hojjeechuun garuu baayyee nagammachiisa" kan jedhu irratti deebii funaaname kan moodeela akkaataa barachuu filatame irratti hundaa'ee qophaa'ee dhihaate keessaa barattooni 29(digdamii sagal) dhibbeentaa % 36 kan ta'an yeroo hunda qaamsochiin barachuu akka jaallatan,barattooni 21(digdamii tokko) %26 darbee darbee qaamsochiin barachuu akka jaallatan,barattooni 18 (kudha saddeet)dhibbeentaa 22%kan ta'an muraasa qaamsochiin barachuu kan fedhan,barattooni 9 (sagal) %11 kan ta'an baayyee muraasa qaamsochiin barachuu akka fedhaniifi barattooni 3 (sadii) % 3kan ta'an qaamsochiin barachuu kan hinfeene akka ta'an ragaa qaacceffame irraa argamee jira.

Walumaa galatti gabatee armaan olii irraa deebii barattooni kennan kan fedhii akkaataa barachuu hunda irraa argame walitti fiduun yeroo walbiratti xiinxalaman barattoota manneetii barnootaa lamaan irraa kutaa 9ffaa baratan keessaa %40 ijaan ilaalanii barachuu kan barbaadan,yeroo ta'u meeshaalee deggersa barnootaa qabiyyeen walsimu barbaada.Ragaa dhihaate irraa akka xiinxalamanitti bakka meeshaaleen deggersa barnootaa hin dhihaannetti barattooni kunneen fedhii barachuu olaanaa hin qaban.Kun ammoo qabxii isaanii irratti dhiibbaa uumuu danda'a.

Kan itti fufee jiru warra dhageettiin barachuu danda'an yoo ta'u isaanis %7 kan ta'aniidha.Barattooni kunneen odibsa barsiisaa sirriitti hordofanii barachuu kan danda'aniidha.Warreen barreessuufi dubbisuudhaan barachuu dandaa'an ammoo akka manneetii barnootaa kanaatti kan addaan bahe %16 kan ta'aniidha.Warra kanaaf barsiisaan yaadanno barreessuudhaan ,mata duree isaan dubbisaniif hubachuu qaban kenuufin dareetti hojjetanii akka dhiheessan yoo taasisaniif barachuun isaaniif ni mijata.Akka manneen barnootaa kanaatti yeroo xiinxalamu haalli kun fooyya'aa fakkaata.Haata'u malee, iddo kanatti danqa guddaa kan uume seenduubee barattootaa irraan kan madde barreessuufi dubbisuun barattootaa baayyee gadaanaa waan ta'eef shaakala kanaaf isaan qopheessu yommu hojjetan seera qubeessuu eeguun shaakalanii akka hin dhiheessine daawwanna yeroo taasifametti addan ba'ee jira.

Xumura irratti barattoota waan tokko iddoodhaa sochoosuu,qabatamaadhaan hojjetanii barachuu barbaadaniidha.Brattoonni qabatamaadhaan tuttuqanii sochoosuun yookiin meeshaalee yaaliitti fayyadamuun barachuu barbaadan %36 akka ta'an ragaaleen funaanaman ni ibsu.Warri qabatamaadhaan barachuuf barbaadan warra ilaaluudhaan barachuu barbaadanitti aananii baayina qabu.Barattoota ilaaluudhaan barachuu danda'aniif warri qaamsochiin barachuu barbaadan walfaana yeroo xiinxalaman %76 ta'uu isaanii hubanna kun ammoo harka sadii oliin barattoota warra kaan akka caalan hubatamaadha.

Akka addaan bahetti baayinni barattootaaakkataa fedhii jiruutiin yeroo tarreeffamu ilaaluun kan baratan %40,dhageettiin%7,barreessuu/dubbisuun %16 akkasumas qaamaan sochoosanii gochaan barachuu kan fedhan % 36 ta'uu isaanii gabatee qaaccessaa bargaaffii inventeriif dhihaate irraa argamee jira.Barachuu barattootaa milkeessuuf akkaataa fedhii daree keessaan kanatti gochoota dabareedhaan waljijiiruun barattoota barsiisuun akka fooyya'an gochuun qabxiin barattoota kanneenii faayya'aa ta'uu damda'a.

### **Gabatee5:Qaaccessa tarsimoolee barachuu barattootaa**

T / L	Akaakuu Tarsimoolee Barachuu Barattootaa	Sadarkaawwan Deebii									
		5		4		3		2		1	
		Lakk	%	Lakk	%	Lakk	%	Lakk	%	Lakk	
1	Tarsimoo yaadsammuu	35	%43	17	%21.2	11	%14	10	%12	7	%9
2	Tarsimoo yaadsammuu olaanaa	8	%10	10	%12	14	%17.5	20	%25	28	%35
3	Tarsimoo yaadqalbii ilaalchaa	11	%14	14	5%17.	14	%17.5	17	%21.2	24	%30
4	Tarsimoo hawaasummaa	16	%20	10	12	16	%20	18	%22	20	%25
5	Tarsimoo kalsirreessuu	10	%12	15	%18	13	16.2%	19	%23.7	23	%28.7

Yaada gabatee olii irraaakkuma hubannu, Gaaffii qorannoo qabxii tokkoffaa irratti gaafannoonaan barreeffamaan dhihaate kan tarsimoolee barachuu barattootaas ofkeessatti waan hammatuuf Gaafanno lakkofsa **2.1fi 2.2.** kan tarsimoo yaadsammuu sakatta'uuf barattootaaf dhihaateef “ Wantoonni salphaan kan naaf galan yoon irra daddeebi'ee jedheefi yeroon dubbisu sammuutti qabachuuf jechoota ijoor ta'an jalan sarareen yaadadha;kana malees wanta mul'atuun walbira qabeen sammuutti qabadha” kan jedhan iratti deebii funaaname furtuu deebii sadarkaan ka'ameen madaalamee kan dhihaate

keessaa : barattoonni 35 (soddomii shan) dhibbeentaa 43% kan ta'an yeroo hunda tarsimoo yaadsammuutti fayyadamuun barachuu akka jaallatan, barattoonni 17(kudha torba) 21% darbee darbee tarsimoo yaadsammuutti fayyadamuun barachuu akka jaallatan ,barattoonni 11(kudha tokko)dhibbeentaa %14 kan ta'an muraasa tarsimoo yaadsammuutti fayyadamuun barachuu kan fedhan,barattoonni 10 (kudhan) % 12 kan ta'an baayyee muraasa tarsimoo yaadsammuutti fayyadamuun barachuu akka fedhaniifi barattoonni 7 (torba) % 9 kan ta'an tarsimoo yaadsammuutti fayyadamuun barachuu kan itti hin tolle akka ta'an deebii barattootaa irraa guuramee gabatee keessatti qaacceffame irraa argamee jira

Yaada gabatee armaan olii irraa kan hubatamu barattoonni daree keessa jiran tarsimoolee barachuu addaa addaa akka qabaniifi barsiisotaan daggersi barbaadamu kan tarsimoolee isaan ittiin barnoota isaanii sammuutti qabatanii tarfachuu danda'an waliin walsimachuu danda'u addaan baafatanii beekuun deggersa walgitiinsa qabu gochuun kan barbaadamu ta'ee utuu jiruu,barattoonni tarsimoo yaadsammuutiin baratanii yaadachuuf barbaadan tooftaalee akkamiitiin dalagaan isaaniif mijatu kennameefii barachuu keessatti qooda akka fudhataniif deggersi barsiisaa bira barbaachisu hin kan kennamneef ta'uu isaa wantoonni nutti mulisan:Tokkoffaa fedhiin barattootaa barsiisotaan addaan bahee kan hin beekamne waanta'eef,lammaffaa wayita daawwiin daree barnootaa taasifametti gochoonniakkanaa kan barattoota irratti xiyyeffate hin mul'atu.Yeroo barnoonni jalqabu barsiisota qofaatu waanqabatee dhufe barreessuufi odibsaan xumuree baha.Rakkoon kun ammoo barattootaaf gaarii waan hin taaneef furamuu akka qabu nutti agarsiisa.

Ittuma fufee Gaaffii qorannoo qabxii tokkoffaa irratti gaafannoон barreeffamaan dhihaate kan tarsimoolee barachuu barattootaas ofkeessatti waan hammatuuf Gaafannoо lakkoofsa **2.3.** kan tarsimoo yaadsammuu olaanaa sakatta'uuf barattootaaf dhihaate “ Waanin beekuuf hin beekne sirriitti hubadhus ,gadifageessee itti yaaduun beekumsa duraanii fayyadameen odeeffannoо haaraaf hiika kenna”kan jedhu irratti ragaalee guurame irraa barattoonni 8 (saddeet) dhibbeentaa %10 kan ta'an yeroo hunda Tarsimoo yaadsammuu olaanaa fayyadamuun barachuu akka jaallatan, barattoonni 10(kudhan) %12 darbee darbee Tarsimoo yaadsammuu olaanaa fayyadamuun barachuu akka jaallatan,barattoonni 15(kudh afur)dhibbeentaa 17% kan ta'an muraasa Tarsimoo yaadsammuu olaanaa fayyadamuun barachuu kan fedhan,barattoonni 20(digdama) %25 kan ta'an baayyee muraasa Tarsimoo yaadsammuu olaanaa fayyadamuun barachuu akka fedhaniifi barattoonni 28(digdamii saddeet) % 35 kan ta'an Tarsimoo yaadsammuu olaanaa fayyadamuun barachuu kan itti hin tolle akka ta'an deebii barattootaa irraa guuramee

gabatee keessatti qaacceffame irraa argamee jira.

Yaadni kun yeroo xiinxalaan ilaalamani barattooni tarsimoo yaadsammuu olaanaatiin baratan daree keessa jiraachuufi akkaataa isaanii ittiin odeeffannoo yaadachuu sammuutti kuufatan barsiisonni hubatanii kan hinbeekneedha.Dandeettiin afaanii irra caalaatti tarsimoo kanaan baratamu dubbisuu waan ta'eef,fedhiin Barattoota kanaa barsiisotaan dursee osoo addaan bahee beekamee daree barnootaa keessaafi alatti dalagaaleen fedhii isaaniitti madaqee kannamuufidhaan akka barachuu isaanii keessatti gahee bahan taasisuun bu'aa barachuu gaarii ta'e argamsiisa.Kun hanga hin taanetti qabayyeen barsiifaman akkaataa fedhii isaaniitti madaqfamee gooreetti qoqqoodamee qabachuuf akka mijatutti hin dhihaatuuf taanaan,hangi isaan karaa tarsimoolee barachuu biraatiin baratan akka isa karaa fedhii isaanii mijateefii hanga barbaadamu hin ta'uuf.Kanaafuu,barsiisaan tarsimoolee barattooni ittiin barachuun yaadachuu danda'an kan tokkoo tokkoo barattootaa adeemsa keessa qoratee addaan baasaa deemee deggersa kennuu baatee jennaan barachuun barattootaa gaaffii jala galuu danda'a.

Dabalataan Gaaffii qorannoo qabxii tokkoffaa jalatti gaafannoonaan barreeffamaan dhihaate kan tarsimoolee barachuun barattootaas ofkeessatti hammatu Gaafanno lakkofsa **2.4.** kan tarsimoo yaad qalbii ilaachaa sakatta'uuf barattootaaf dhihaate "Sodaa tokko malee dalagaawan kennaman ofta'ee hojjechuufi miirakoo to'adheen tazgabbiin hojjechuutu natti tola."kan jedhu irratti barattooni 11(kudha tokko) dhibbeentaa %14 kan ta'an tarsimoo yeroo hunda yaadqalbii ilaachaa fayyadamuun barachuun akka jaallatan,barattooni 14(kudha afur) %17 darbee darbee Tarsimoo yaadqalbii ilaachaa fayyadamuun barachuun akka jaallatan,barattooni 14(kudha afur)dhibbeentaa %17kan ta'an muraasa Tarsimoo yaadqalbii ilaachaa fayyadamuun barachuun kan fedhan,barattooni 17(kudha torba) %21 kan ta'an baayyee muraasa Tarsimoo yaadqalbii ilaachaa fayyadamuun barachuun akka fedhaniifi barattooni 24 (digdamii afur)30% kan ta'an Tarsimoo yaadqalbii ilaachaa fayyadamuun barachuun kan hin mijanneef akka ta'an deebii barattootaa irraa guuramee gabatee keessatti qaacceffame irraa argamee jira.Tarsimoo kanaan dandeettiin afaanii hundinuu ni baratama (Dunfi Griggs 1988).

Qabxiilee kana irraa wanti hubatamu barattooni ilaalchaan walqabatee barachuun isaanii saffisiifachuu yookiin boodatti deebi'uu akka danda'an nuhubachiisa.Sababa kanaatiif gaheen barsiisonni iddo kanatti qaban,barattooni sodaa irraa biliisa ta'anii ofitti amanuudhaan ofta'anii barnoota isaanii akka barataniif xiinsammuu isaanii jajjabeessuu,waan sodaa uumuu danda'an qoratanii fala itti kennuu barattooni akka hubataa deeman taasisuu,barachuun isaanii keessatti hamilee kennuufiin beekumsa

qabaachuu isaanii hubachiisuun akka of hin shakkineef gama barbaadamu hundumaan cimsuun hojii barsiisota irraa barbaadamu ta'ee utuu jiruu,faallaa kanaa yeroo raawwatamu:barattoota dheekkamuu,hamilee buusuu,akka ofitti hin amanneef jechoota beekumsa dhabuu isaanii waliin walqabatuun arrabsuufi dhimma baasuu akka hin dandeenyetti yaadsammuu isaanii dhiibuun yeroo daawwanna daree ni calaqqisa.kun ammoo barattoonni hamilee dhabanii barachuu isaanii keessatti gahee akka hin baaneefi abdii kutannaadhaan barnoota akka addaan kutan kan isaan taasisu waan ta'eef utuu yeroon hin fagaatin furamuu baannaan egeree barattoota kanneenii miidhoo adnda'a.

Haalumaa walfakkaatuun Gaaffii qorannoo qabxii tokkoffaa jalatti gaafannoobarreeffamaan dhihaate kan tarsimoolee barachuu barattootaas ofkeessatti hammatu Gaafannoob lakkofsa **2.5**.kan akaakuu tarsimoo hawaasummaa sakatta'uuf barattootaaf dhihaate “ Waan ifa naaf ta'uu dide Hiriyootakoo waliin mariyachuun baayyee natti tola” kan jedhu tarsimoo hawaasummaa barattoota qaban addaan baasuuf kan gaafatame irratti, barattoonni 16 (kudha ja'a) dhibbeentaa %20 kan ta'an yeroo hunda Tarsimoo hawaasummaa fayyadamuun barachuu akka jaallatan, barattoonni 10 (kudhan) %12 darbee darbee Tarsimoo hawaasummaa fayyadamuun barachuu akka jaallatan, barattoonni 16 (kudha ja'a) dhibbeentaa %20 kan ta'an muraasa Tarsimoo hawaasummaa fayyadamuun barachuu kan fedhan,barattoonni 18(kudha saddeet) %22 kan ta'an baayyee muraasa Tarsimoo hawaasummaa fayyadamuun barachuu akka fedhaniifi barattoonni 20 (digdama) %25 kan ta'an Tarsimoo hawaasummaa fayyadamuun barachuu kan itti hin tolle akka ta'an deebii barattootaa irraa guuramee gabatee keessatti qaacceffame irraa argamee jira.Dandeettiwwan afaanii tarsimoo kanaan barataman dhaggeeffachuufi dubbachuun warra duraati (Dunfi Griggs 1988).

Qabxiwwan kanneen irraa wanti hubatumu barattoonni waan baratan sirriitti hubachuuf ibsa hiriyaan isaanii barbaadan daree barnootaa keessa jiraachuu argina.Kanaafuu barsiisaan baruumsa jalqabuun dura barattoota isaa kakaasuufi sisii'eessuun gara fedhiisaaniitti dhiibee karaa isaan barachuuf waan baratan qaacceffachuun sammuutti qabachuu danda'an qoratee barnoota dhiheessuun barbaachisaa ta'uu isa beekuu qabu.Iddoo kanatti barattoonni gareedhaan waliin marii taasisanii barachuufi yaadachuu waan barbaadaniif haala mijessuufiin barachuu barattoota kanaatiif gaarii ta'a.Yaaduma kana Brumfitis (1979:72) yoo cimsu, “A group susually defined as a number of people who interact with one another, who are psychologically aware of one another, and who perceive themselves to be a group”,jechuun eera. Haluma kanaan, namoonni yookaan barattoonni walitti dhufuudhaan dhimma yookaan mataduree tokko irratti miseensota

yaada wal jijiiranidha.Kana malees, si'aa'ina xiinsammuutiin kan wal hubataniifi garee tokko ta'uu isaanii kan amanan waan ta'eef yaada walirraa fudhachuun barachuun filannoo isaanii akka ta'e hubachiisa.

Dhuma irratti gaaffii qorannoo qabxii tokkoffaa jalatti kan qopheeffame gaafannoo tarsimoolee barachuu barattootaa akaakuu tarsimoo kalsirreessuu warra qaban addaan baasuuf gaafatame kan gaafannoo 2.6. irra jiru “Odeeffannoos ta'ee jechoonni haaraan gara sammukootii gaafa dhufu waanan duraan beeku waliin walcina qabeen xiinxaluun hiika kenna”kan jedhu irratti deebiin kenname keessaa barattoonni 10 (kudhan) dhibbeentaa %12 kan ta'an yeroo hunda Tarsimoo kalsirreessuun fayyadamuun barachuu akka jaallatan, barattoonni 15(kudha shan) %18 darbee darbee Tarsimoo kalsirreessuun fayyadamuun barachuu akka jaallatan,barattoonni 13(kudha sadii)dhibbeentaa %16 kan ta'an muraasa Tarsimoo kalsirreessuun fayyadamuun barachuu kan fedhan,barattoonni 19(kudha sagal) %23 kan ta'an baayyee muraasa Tarsimoo kalsirreessuun barachuu akka fedhaniifi barattoonni 23 (kudha sagal) %28 kan ta'an tarsimoo Tarsimoo kalsirreessuu barachuu kan hindandeenye akka ta'an deebii barattootaa irraa guuramee gabatee keessatti qaacceffame irraa argamee jira

Walumaagalatti, gaaffiilee tarsimoolee barachuu barattootaatiin walqabatanii armaan olitti walduraa duubaan tarreeffaman irraa kan hubatamu barattoonni tarsimoolee barachuu garaa agaraa kan qaban ta'uu isaaniifi barsiisonni akkaataa tarsimoolee barachuu barattootaa kanaatti barnoota dhiheessaa kan hin jirre akka ta'e ragaa kanneen irraa hubatamee jira.gochoonniakkanaa kun ammoo yerooammaa kanatti dirree barnootaa irratti waan hin barbaachifneef malleen baruufi barsiisuu fedhii barattootaa irratti bu'uure qorachuun barsiisuudhaan barachuu barattootaa gaaffii jalaa baasuuf hojiin hojjetamuu qabu hafee akka jiru qorannoo kana irraa argameera.

#### **4.3.Qaaccessaa ragaa afgaaffii hoggantoota irraa Argame**

Gaaffii yaada ijoo gaaffii qorannoo lammaffaifi kaayyoo gooree qabxii lammaffaa waliin walqabatee dabalee 'B'Fuula 80 jalatti dhihaate irraatti ragaaleen hoggantoota irraa funaanamanii jiru.Dhimmoonni xiyyeffataman Hubannoo barsiisonni akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu irratti qaban irrratti kan xiyyeffatuufi dalagaawwan barsiisotni qabiyyee barnootaa dhiheessuudhaan duratti taasisan ilaachisee qophaa'ee afaniin kan dhihaateedha.

Gaaffii afaniinii “. Akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa irratti hubannoo qabachuun barsiisonni yeroo qabiyyee barnoota Afaan Oromoo barattootaaf dhiheessuuf

fedhii barattootaa addaan baafame irratti hundaa'uun qophii taasisuufi akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa hojii irra oolchuu irratti gochoota akkamii raawwatu?" kan jedhuufi qophii barsiisonni qabiyyee dhiheessuun dura godhan irratti hundaa'uun gaaffii tokkoffaafi lammaffaa irratti dhihaateef" deebiin hoggantoota irraa guurame walitti dhufee akkaataa armaan gadiitiin qaacceffameera.

**A.**Gaaffii kana irratti hogganaan duraa "akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa ilaalcissee barsiisonni hubannoo ga'aa akka hinqababan ;waa'ee kanaas gadi fageenyaan walqixxaatanii hinbeekan;qabiyyee barnootaa yeroo dhiheessan kitaaboleefi karoora waggaa isaanii irratti hundaa'uun barsiisaa jiru"jechuun hogganaa jalqaba ibsan.Yaada hogganaa kanaa irraa wanti hubatamu barsiisonni daree barnootaa dhaquun duratti qophileen akkam akkamii taasifamuu akka barbaachisu gadi fageenyaan kan hinbeekneefi akka barbaadamutti kan hin qophoofne ta'uu isaa hubanna.

**B.**Itti aanees hogganaan lammaffaa yaada kannan ".barsiisonni daree barnootaa yeroo seenan kitaabaafi boronqii isaanii qabatanii seenanii barsiisanii hojii maneefi hojii daree kannanme kanneen danda'anii hojjetaniif soroorsuun yeroo wayitiin xumuramu dareedhaa ba'anii deemuu malee fedhiin keessan maal?akkamittiin yoo barattan isiniif qabatama jedhanii gaaffii tokkooyyuu gaafatanii fedhii barachuu jiru sakattaa'anii addaan baasuu isaaniitiif ragaan ibsu akka hinjirres ibsanii jiru(madda: af- gaaffii gaafa Eebla, 8/2014 ).Asiitti barsiisonni qophii ga'aa akka hin taasisneefi meeshaalee addaa addaatti fayyadamaa akka hin jirre hubanna.

**C.**Hogganaan sadaffaan gaaffii dhihaateef irratti yaada kennan "barsiisonni akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa irratti hubannoo hin qaban.akka tasaatti daree barnootaa seenanii barsiisanii galuuf yaalu.Yeroo gaafatamanis sababoota dhiheessuun rakkoo meeshaalee deggersa barnootaatti qabatu" jechuun ibse.

Yaadni hoggantoota armaan olii yeroo xiinxalamu daree barnootaa dhaquun dura barsiisonni fedhiin barattoota isaanii maal akka ta'e,akkamittiin barachuu keessatti barattooni hirmaaannaa cimaa akka taasisanii baratan addaan baasanii haalduree dhiheessa barnootaa tiin dura addaan ba'ee hubatamu qabu irratti tattaaffiin jiru gadaanaa akka ta'e hubanna.Yadaa kana Chen,(2014:3) yeroo ibsu:"the instructional procedures most directly derivable from a specification of needs, wants, and objectives are those of supplying to learners the relevant tokens of language, or getting them to rehearse target language behaviour in simulated target situations".jechuun ibsa.Yaada kana irraa wanti hubatamu tartiibni gochoota baruufi barsiisuu kallattiidhaan fedhii barattootaa,waan

barattootaaf barbaachisuufi kaayyoo barnootichaa bu'uureeffachuudhaan barattootaaf dalagaawanisaan shaakalan haala jirutti madaqsuun kennuufii akka ta'e hubanna.Kanaafuu ragaaleen armaan olii akka ibsanitti barsiisonni tartiiba barbaachisaa hordofuun duraan dursanii fedhii funaunuun qabiyyee dhiheessaa akka hin jirre waan hubatameef hojiirra oolmaan akkaata barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaafi malli barsiisonni itti fayyadamanii barsiisan walirraa fagoo akka ta'e ragaa kana irraargamee jira.

**D.**Hogganaa dhumaa yaada isaaakkanaan ibsa: ‘Akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa irratti hubannoo qabachuun barsiisonni yeroo qabiyyee barnoota Afaan Oromoo barattootaaf dhiheessuuf fedhii barattootaa addaan baafame irratti hundaa’uun qophii taasisuufi akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa hojii irra oolchuu irratti gochoota akkamii raawwatu?’kan jedhu irratti yeroo deebii kennan “barsiisonni keenya hubannoo akkaataa barachuu gadaanaa qabaatu;yereoo qabiyyee barnootaa kitaabolee irraa dhiheessan meeshaalee barbaachisootti hinfayyadaman;kunammoo yeroo barattoota jalaa kan balleessuudha” jechuun ibsan.

Gochoonni kun ammoo barattoonni sirnaan walqixxaatanii barachaa akka hin jirre,tokko yeroo taa’ee baratu inni biraan barnoota fedhii isaanii malee daree barnootaa keessatti dhihaatu irraa utuu hin fayyadamin ta’anii yeroo dabarsaa jiru.Kunis malli barsiisonni ittiin barsiisan barattoota harka caalaadhaaf bu’aa kan fide waan hin taaneefi.Yaada kana Prabhu, (1990,p:3)haala kanaan ibsu:”A prevalent notion of the best method is that it is the method that yields the best results in terms of learning outcomes. Since the aim of all teaching is to bring about as much learning as possible as quickly as possible, it seems self-evident that teaching methods should be judged by the amounts of learning they can lead to, in a given period of time”jedha.Akka yaada kanaatti malli irra caalaatti gaariidha jedhamu kan bu’aa barachuu gaarii argamsiiseedha.Galmi barachuu hanga danda’ametti bu’aa eegamu fiduu erga ta’ee, malli baruufi barsiisuu akkaataa galma hawwame sana bira gahuun itti dandaa’amu yeroo ka’ame keessatti madaalamuun kan ifu ta’uu isaati.

Haata’u malee,barsiisonni manneen barnootaa kana keessatti haala kanaan raawwachaa akka hinjirre bira ga’ameera.Haalonniiakkanaa kun immoo egeree barattoota kanneenii miidhuu irra darbee lammii eggattummaadhaan jiraatu oomishuun biyyaafi maatii ,akkasumas jirenya dhuunfaa barattoota kanneeniitiif gaarii akka hin taane hubanna.Kanaafuu dhimmooni akkanatti mul’atan kallatii fuula duraa keessatti furmaata waaraa barbaada.

**A.** Yaada ijoo gaaffii qorannoo lammaffaifi kaayyoo gooree lammaffaa irratti hundaa'uun Gaaffii lammaffaa irratti wanti gaafatame barsiisonni fedhii barattootaa addaan baafatanii beekuun akkaataa fedhii jiruun hojii irra oolchuu irratti haalonni mul'atan maalfaati?kan jedhuf hogganaan jalqabaa deebii isaanii yeroo kennan:

Akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa irratti karaa walfakkaataa yoo ta'uudhaa baates,hanga tokko barsiisonni garri caalaan hubannoo qabu;daree keessatti wayita qabiyyee barnootaa dhiheessan fedhii jiru addaan baasanii ragaadhaan erga qabatanii akka fedhii addaan ba'e sanaatti qabiyyee,meeshaaleefi malleen waliin qindeessuu dhiheessuu irratti hanqinatu jira.Sababiinsaas,fedhiin barattootaas maal akka ta'eyyuu sirriitti hin beekan hin gaafatanis.Ossoo barattoota gaafatanii garuu tokko tokkoon akka itti himuu danda'an nanaman.Tarsimooleen isaan ittiin barnoota dhiheessan kitaaba barattootaa irraa ibsa kennuu, gilgaala hojii manaafi dareetti hojjetan gabateerratti barreessuu,hiika jechuuta haaraa barreessuufi hiika ofumaa itti kennuu,duubdeebii hojii daree kanneen saffisanii hojjetaniif sororuufi yaadannoo barreessuudha. (madda: af- gaaffii gaafa Eebla, 8/2014 )

Akka yaada kanaatti Barattoonni qajeelfama kennname hordofuu,ibsa dhaggeeffachuu,hojii daree hojjechuufi yaadannoo isaan barreessan irraa ilaalanii hanga danda'an hojjetanii duubdeebiidhaaf barsiisaatti dhiheessu.Barsiisonni waanuma ofii isaaniitii karoorfatan hojjechuuf daree dhaqu malee fedhiin barattootaa maal akka ta'e gaafatanii akkaataa fedha jiruutti qabiyyee barnootaa madaqsuuf ofkennoo akka hin taane hubanna.

**B.**Hogganaan lammataa gaaffii lammaffaa irratti yaada yeroo kennan:“barsiisonni mana barumsaa keenya kanaan duraaf dhimmi akkaataa barachuufi tarsimoo barachuu barattootaa jedhu irratti raga qindeeffatanii qabachuu isaanii wanti hibsu hinjiru”jechuun deebisan.

Akka yaada kanaatti akkaataan barachuu barattootaafi akkaataan barsiisuu barsiisota yeroo walitti firoomuu dadhabu barachuu barattootaafi milkaa'insa barachuu irraa eegamu irratti miidhaa guddaa qaqqabsiisa.Barsiisonnis yeroo baayyee mala filachuu,qabiyyee qindeeffachuufi muuxannoo qaban fayyadamanii barnoota dhiheessuu irratti laafina qabaachuu akka danda'u ibsa.Deebii hoggantota kanarrraa wanti hubatamus barsiisonni akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa iratti hubanno hanga tokko kan qaban yoo ta'u, fedhii barattootaa ossoo addaan hin baasin mala filachuu,qabiyyee qindeeffachuufi,qabiyyee qindaa'e itti dhufeedhuma barsiisuu isaaniifi fedhii barattootaa sirnaan gaafatanii addaan baasuu caalaa yeroo akkaataan barachuu isaaniif mijachuu dadhabu gaaffii barattoonni gaafatan qeequun deebii akka kennan hubanna.

Yaada kanarrraa wanti hubannu barsiisonni qabiyyeefi gilgaalota yeroo hedduu dhiheessu; barattoonni immoo eeggattummaadhaan hirmaannaa malee dhaggeeffachaa duubdeebii barsiisonni kennan fudhatu.Gaaffilee seerlugaa,hiika jechootaafi jijiirraa ilaallatu barattoonni akka dalaganiif kenuuf.Garuu barattoonni carraa daree keessatti shaakaluu hin argatan.Malli dhihaannaa barsiisotaafi fedhiin barattootaa kan walhin fakkaannee waan ta'eef, walhubannoон barattootaaf barsiisota gidduu hinjiru.Barattoonis kanarrraan kanka'e barsiisota hin hordofan, barsiisonni kanaaf barattoota isaanii qeequ, ajajamanii daree keessa akka ta'aniif dirqisiisu, yoo barattoonni suuta deebii kennaniifi gaaffii hubannoo gaafatan barsiisonni barattootatti aaru.

Yaada kanarrraa wanti calaqqisaa jiru malli barachuufi barsiisuu barattoonni itti barataa jiran kan yeroon barbaadu akka hin taane hubanna.Jaarrraa kana keessatti mala bara durii(traditional method)tti fayyadamuuun baayyee waan barattootatti rakkoo hamaa fiduudha.Kanaafuu tooftaan barsiisuu barsiisaa qofaa giddu galeeffate kun attattamaan fooyya'uu baatee jennaan barattoonni fuula duratti barnoota sadarkaa ittaanuu illee barachuuf danqamuun waan dandaa'aniif rakkoon kun furamuun hojii yeroon gaafatuudha.

Deebii kanarrraa kan hubatamu inventeriin dursaa barsiisonni qabiyyee barnootaa dareedhaaf dhiheessuuf,meeshaalee deggersaa qopheeffachuuf akkasumas qabiyyeewan qoqqooduuf fedhii barattootaa irraa kan ka'an osoo hin taane akksumaan kitaaba barattootaa irra waan jiru irraa yaadannoo qabtanii karoora wagga isaanii waliin walcina qabnii karoora duukaa deemuuf kan dorgoman ta'ee,barattoonni barnoota kennamu harcaatii guddaa malee akka hubatan gochuuf tooftaawan gargaaran kan hin fayyadamne ta'uu isaanii ragaa qindeeffame kanarrraa hubachuun nidanda'ama.

Yaada kana ALQahtanifi Al-Gahtani,(2014,f:3)yeroo ibsan:" Knowing the learning styles of students facilitates their understanding of themselves and there by increases teaching efficiency. Few studies have been conducted that investigate learning preferences of students in the field of language".Akka yaada hayyoota kanaa irraa hubannutti fedhii akkaataa barachuu barattootaa beekuun hubannoo barattootaaf haala mijeessuun ga'umsi isaan barachuu irratti qaban akka dabalu kan taasisuudha.Qorannoowwan muraasni filannoo akkaataa barachuu barattootaa dirree isaan irra jiran irratti argamuun akka addaa baasanii deggeruun akka irra jiru hubanna.

Dhugaan jiru kana yoota'u, gochoonni daree barnootaa manneetii barnootaa kana keessaa kun kan isaan nutti agarsiisan filannoo akkaataa barachuu barattootaafi tarsimoolee barachuu barattootaatiif xiyyeffannaan kennamaa kan hin jirre, malli barsiisonni ittiin fayyadamanii barsiisaa jiran mala bara durii kan yeroon hin barbaanne akka ta'e nutti mul'isa. Walumaa galatti yaadni kun yoo xiinxalmu egeree barattoota haala kanaan barachaa jiraniitiif gaarummaa kan hin qabneefi galma barnootaa yaadamuufi hawwamu biraan barattoota geessisuu kan hin dandeenye ta'uu isaa xiinxaluun ni danda'ama.

Yaada kana irraa kan hubannu daree barnootaa keessatti barnoota dhiheessuudhaan dura fedhii akkamii barattooni akka qabaatan addaan baasuun barbaachisaa akka ta'e hubanna. Barnoonni osoo fedhii barattootaa addaan hin baasin daree barnootaa keessattis ta'e dareen alatti barattoota jiran hundaaf walqixa akka hin hubatamne, yeroo tokko gammadee baratu inni tokko ammoo barnoota sana utuu hin hubatan daree keessa akkasumaan taa'uu danda'a jechuudha.

Yaada kana Wallace (1991.f;13) yeroo ibsitu, "I believes that a central factor in the choice of methods is the learners' needs and characters; something works for one person well, but the same method might not work at all for another person" jetti. yaada kanarraa wanti hubatamu mala filachuu irratti wantoonni handhuura ta'an fedhiifi amala barattootaa addaan baasuu; malli isa tokkoof sirriitti mijataa ta'e nama kan biraatiif ammo tasayyuu mijataa ta'uu dhiisuu akka dandaa'u ibsiti.

Kanaafuu kutaa barattoota kanneenii keessatti akkaataa barachuu addaa addaa, tarsimoolee barachuu bifaa addaa addaa jiru kanaa wajjin malleen walgituu danda'an hubachuun qabiyyeefi meeshaalee fedhii kanneeniif barbaachisu hubachuun qabiyyeen kan hin dhihaanne waan ta'eef fuulduree barattoota kanneenii if gaarii miti. Akkaataa barachuu barattootaa beekuun barsiisotaaf mala filachuuf meeshaalee deggersaa qindeessuuf kan gargaaru yoo ta'u, tarsimoolee isaan ittiin baratan beekuun ammoo barsiisaan dalagaawwan akkamiitiin akka baratan barattoota jajjabeessuun, sodaa malee biliisa ta'anii shaakala adda addaa akka hojjetan taasisuun, keessumaa ofdanda'anii akka baratan, walbira qabiinsaafi gabaajeewan, waan ifa hin taane mirkanoeffachuuf ibsa gahaa argachuun shaakalawwan afaanii hojjechuuf tarsiimoo barattooni gaaffii gaafatanii hubatan hammata. Hojii dhuunfaa kenuun, hojii lamee /pair work/ fi hojii gareen akka hojjetan jajjabeessuun fi gorsuun akkasumas, ofta'uun akka hojjetan gochuun milkeessuu danda'a. Kunis adeemsa barachuu keessatti osoo hin rakkatin, osoo sodaan hin guutamin, biliisa ta'anii tarsiimoo

barachuufi yaadachuuti.Kanaafuu barattoonni haala jedhame kanaan deggeramanii barannaan firiin barachuu isaanii gaarii ta'a.

#### **4.5.Qaaccessaa ragaa afgaaffiwwan barsiisotaa irraa**

Afgaaffii barsiisotaaf gaafatame keessaa, gaaffii 1ffaa gaaffii qorannoo lammaffaifi kaayyoolee gooree lammaffaa jalatti kan ilaalamu Akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa irratti hubannoo isin qabdan haala kamiin hojji irra oola? yeroo qabiyyee barnoota afaan Oromoo dhiheessitan maalirratti hundoftanii mala baruufi barsiisuu filattu? Isa jedhuuf, deebiin barsiisonni kennan haala itti aanee jiru kanaan ka'amee jira.

**A.Gaaffii dhihaate kana irratti barsiisaan dura yaada kenne:**

*Adeemsa baruuf barsiisuu keessatti, hubannoo akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa irratti hanga tokko beekumsa qabna.Haata'u malee akkaataa fedhii barachuu barattootaa tokko tokkoon daree barnootaa keessaa sakatta'uun addaan baasanii akka isaan fedhanitti:isa ilaalee barachuu barbaadutti qabatamaan meeshaalee deggersa barnootaa fayyadamuun itti agarsiisuun, warra ilaalanii sochiin barachuu fedhaniif meeshaalee yaadrimee jechaan barsiifame bakka bu'an barbaadanii ittiin barsiisuun dhuunfaan, gareedhaan ,dubbachuudhaan, dhaggeeffachuudhaan, gooroodhaan, gooreedhaan barachuu barbaadan hundumaaf fedhii isaanii guutanii fedhii jiru hundaaf mala baruufi barsiisuu qabiyyeen ittiin dareetti dhihaatu qopheessuun waan ulfaataa akka ta'etti ibsaniiru.Sababni isaas, tokkoffaan, baay'inni barattoota daree tokko keessa jiranii, akka barattoota daree keessaa hunda yeroo gabaabduu keessatti fedhii isaanii qabatamaan bira hin geenye taasisa(madda: af- gaaffii gaafa Eebla, 8/2014 ).*

**B.Gaaffii tokkoffaa barsiisotaaf dhihaate irratti B1. yaada yeroo Kannan:**

*Akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa hojitti hiikuuf Dareen barnootaa mijataan barsiisonni akka barbaadamutti keessa deemanii wayita barattoonni baratan to'anno taasisan ga'aan sababa baayina teessoo daree keessaatiif waan hin jirreef dhiphinni iddo sababa hedduumina barattootaatiin uumamee, dalagaalee adda addaa kenuuf nama rakkisa.Fkn:Hojii garee kenuun, keessa deemanii barattoota mari'atan to'achuuf, darichi waan hin miijanneef, harka caalaatti barattootaan hojjedhaa jedhanii hojii isaanii daawwachaa fedhasaanii addaan baasaa deemuu caalaa ofuma keenyaa hojjechuun darbuu filanna .Kun ammo sababa rakkoo dhiheessii meeshaalee*

*barnootaafi meeshaalee deggersa barnootaatiif ta'e (madda: af- gaaffii gaafa Eebla, 8/2014 ).*

Akka yaada barsiisaa kanaatti fedhii barattoota muraasaa kan dhaggeeffachuu barachuu danda'aniifi kanneen karaa hundaan barachuu danda'an qofaadhaaf malee, malli barsiisonni itti fayyadaman barattoota hundaaf mijataa miti.

**C.Barsiistuun Sadaffaa irratti yaada latte akka ibsitetti:,**

*Akkaataa barachuu barattootaafi tarsimoo barachuu barattootaa hubachuun barsiisuun fedhii barattootaa irraa ka'uun milkaa'a. Yeroo qabiyyee barnoota Afan Oromoo barattootaaf dhiheessinu fedhii barattootaa addaan baafame irratti hundaa'uun qophii taasisuufi akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa hojii irra oolchuu irratti barattoonni hirmaannaa ho'aadhaan dandeettiwwan afaanii barachuu irratti laafuu waanta'aniif duubdeebiin barattoota irraa argamu gadi aanaadha.Kun akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa irratti hundaa'uun mala barachuufi barsiisu filachuun afaan barsiisuuf danqaadha.Sababiin isaa barattoonni fedhii isaanii sirriiti hin ibsat(madda: af- gaaffii gaafa Eebla, 8/2014 ).*

Akka yaada kanaatti barattoonni waan isaan barbaachisu,karaa ittiin barachuu jaallatan barsiisota isaaniitti himuun fedhiin isaanii akka guutamuuf gochuu keessatti danqaa uumanii jiru.Fedhii qaban barsiisota isaaniitiif dhiheessanii karaa dheeraa gabaabsuun barachuuf haala mijeffachuu keessatti hirmaannaan isaanii laafaafi waan baratame qofa faana bu'uun yeroo isaanii dabarsuuf yaalu.Walumaa galatti akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa irratti hundaa'uun malleen barachuufi barsiisu qopheeffachuu hojii salhpatti hin raawwatamne kan fooyyinsa manneen barnootaa guddaa gaafatuu akka ta'e yaada kana irraa hubanna.

**D.Barsiistuun dhuma irratti yaada qabxii armaan olii irratti kennan:**

*Akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa addaan baasuun hojii guyyaaa muraasa keessatti raawwatamu miti.Yeroo dheeraa walirraa hin cinne gaafata.Wayitiwwan kennamte lamaan keessatti kitaabolee irra qabiyyee jiru fixuuf kan fiignu malee yeroo mijataa addaan baasuun fedhii dura tarreessuu argachuu hin dandeenyne.Kana malees barattoonni dandeettiif sadarkaa kanaa waliin walhinsimneen daree keessa taa'u;barreeffama qulqullina qabu illee seera*

*afaanii sasalpaa eeganii barreessuu iyyuu dadhabaa jiru(madda: af- gaaffii gaafa Eebla, 8/2014 ).*

Yaadni barsiisota armaan olii yeroo xiinxalamu barsiisonni manneetii barnootaa kanaa hubannoo akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa ilaalcisee barbaadamu kan qaban ta'ee, garuu yeroo qabiyee barnootaa karoorfatan fedhii daree barnootaa keessa jiru kan hin xiyyeffanne,kitaaba barattootaafi karoora wagga isaanii qofa duukaa deemanii kootaa yeroo sanaaf kennname xumuruu irratti akka xiyyeffatanii hojjetan bara ga'amee jira.

Gaaffii lammaffaan,gaaffii qorannoo lammaffaafi kaayyoo gooree lammaffaa irratti hundaa'uun kan dhihaate yeroo ta'u, barattoonni daree barnootaa keessa jiran fedhii akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuuakkamiitiin tokkoon tokkoon isaanii akka barachuu barbaadan daataadhaan barsiisonni addaan baasanii kan daree barnootaa barsiisanii of harkatti qabatanii jiraachuufi dhiisuu addaan baasuudhaaf kan gaafatameedha.Gaaffiin afaanii dhihaate kunis: “Barattoonni daree barnootaa keessa jiran akkaataa barachuufi tarsimooleeakkamiitiin barachuu akka fedhan tokko tokkoon addaan baafattanii beektuu? Kan jedhu ture.

Kanarratti Barsiisonni **B4.** walduraa duubaan yaad itti aanuu kennanii jiru:

**A.**Barsiisaan jalqaba irrattii yaada kennan,“fedhii akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa addaan baasuun ofharkatti qabadhee hinqabu.Kunis sababa baayina hojiitiif kana raawwachuu hin dandeenye.Wayitiin barnootaa natti baayyeedha. Bakka barsiisaa lamaattin qofaakoo barsiisa kanaafuu kana gochuu hin dandeenye” jechuun ibse.

Akka yaada kanaatti barsiisaan kun barattoota daree barnootaa keessa jiran eenyummaa isaanii addaan baasanii kuufachuun hojii kamiifiyyuu gaarii akka ta'e hubatanii,utuma beekanii fedhii akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa daree keessaa addaan baasanii akka hin beekne ibsanii jiru.

**B.**Barsiisaan itti aanu yaada isaanii yeroo kennan:“akkaataa barachuufi tarsimoo barachuu barattootaa daree keessaa addaan hin baafanne. Utuma fedhii jiru addaan baasuudhaan of harkaa qabaanneeyyuu haala jiru keessatti hojiirra oolchuun danqaa ta'a.Sababiinsaa, meeshaalee barnootaa ga'aa,man ayaalii ga'aa,baayina barattootaa istaandaardiidhaan qindate barbaada” jedhan.

Yaadaa barsiisaa kanaas yeroo ilaallu fedhii barattoota daree keessa jiranii addaan kan hin baafanne ta'uu hubanna.kanus akka sababaatti daree barsiisonni salphaatti keessa deemanii hordofanii bira ga'an,yeroo ga'aa, leenjii dandeettii barsiisuu akka barbaachisu ibsan.

**C.Barsiistuun sadaffaa irratti yaada laatte,**

*Dhimma akkaataafi tarsimoolee barachuu barattootaa hubachuuf beekumsa dhuunfaa barsiisaafi, leenjii qulqullina qabu barbaada.Kana malees ofirraa bu'anii barattootaaf yaaduun naamusiafi nageenya naannoo manneen barnootaa sirriitti kan barbaadamuudha.Meeshaaleen deggersa barnootaa ammo dhimmi kanaaf isa ijoodha jedheen yaada.Isaan kun guutamuuf ammoo yeroo kan fudhatu waan ta'eef fedhii barattoota kanneenii tokko tokkoon addaan baasuu caalaatti fooyya'insa manneen barnootaa irratti dura hojjetamuu gaariidha(madda: af-gaaffii gaafa Eebla, 8/2014 ).*

Yaada barsiistuu armaan olii irraa wanti hubatamu sababonni biroon haa tuttuqaman malee,barattooni daree jiran fedhii akkamii akka qaban kan addaan hin baafanne ta'uu isaa hubanna.

**D.Gaaffii armaan olii irratti barsiistuun itti aantu yaada ishee yeroo laattu,**

*Akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa daree keessaa addaan baasuun fedhii isaanii beekuun gaariidha. Haata'u malee dhimmi kana irratti dhihootti leenjii fedhahdee hubannoo hin qabu.Gara fuula duraatti mariidhaan leenjiin akka irratti kennamuuf gaafachuun hojiirra oolchuuf nanyaala amma garuu raga kana ofharkaa hinqabu (madda: af- gaaffii gaafa Eebla, 8/2014 ..*

Qabxiwwan barsiisonni walduraa duubaan tuttuqaa ibsaa turan kanneen irraa wanti xiinxalame barsiisonni wantoota addaa addaa sababeessuudhaan akkaataa barachuu barattootaa tokkoon tokkoon barattootaa fedhii barachuu akkamii akka qaban addaan baafatanii akka hinbeekne hubanna.Kun immoo barsiisonni qabiyyee barnootaa yeroo dhiheessan akkaataa fedhii barattoota hundumaatti akka hintaane hubatamee jira.Gochoonni akkasii kun barattoota yeroo ammaa haala kanaan barachaa jiran miidhoo irra darbee,barattoota eeggattummaadhaan daree keessa ta'an oomishuudhaan ofiifi biyya isaaniitiif warra dhimma hin baafne taasisaa waan jiruuf yeroo utuu itti hin kennin atattamaan sirrachuu baannaan dhaloota jaalala biyyaa hin qabne oomishuudhaan rakkoo keessatti akka kufan kan taasisuudha.

Gaaffiiin sadaffaa, afaaniiin barsiisotaaf dhihaatee jiru kan kaayyoo gooree 2ffaa fi gaaffii qorannoo lammaffaa jalatti qopheeffame Haala qophii,dhiheessaa barnootaafi itti fayyadama meeshaalee deggersa barnootaa irratti Carraaleen leenjiwwan adda addaa barsiisota Afaan Oromoo kutaa sagal barsiisan argatan maal fa'i?kanneen jedhu yeroo ta'u,yaanni barsiisotarraa argames,haala itti aanuun deebiin itti kennamee jira.

Gaaffii kana irratti barsiisonni arfan walduraa duubaan yaada kenna:

‘**A’B1**,“Carraa leenjii argadheera”,barsiisaan ‘**B1**’, “carraa leenjii deddeebiin argadheera” Barsiistuun **C1**. “Carraa leenjii yeroo muraasaa argadheera”Barsiistuun ‘D1’ “Carraa leenjii hin arganne”jechuun deebisanii jiru.

Akka yaadolee barsiisota armaan oliitti leenjii itti fayyadamaafi faayidaa meeshaalee barnootaatiin walqabatee kennamuu ilaachisee barsiisonni dhibbeentaa torbaatamii shan (%75) ta'an kanaan dura fudhachaa akka turanii fi bu'aan inni barattootaaf buusu irratti hubannaan jiru ga'aa ta'us, garuu meeshaalee kanneen hojjetanii itti fayyadamuuf baajanni ga'aan akka hin jirre waan naannoo irraa hojjechuuf ammoo meeshaaleen safaraaf,muruu,barreessuu,fakkii kaasuufi kuusuuf barbaachisan manneen barnootaa keessatti qaama ilaallatuun hin dhihaanne.Rakkoo dhiheessii guddaaakkanaa keessa teenyee meeshaalee qopheessinee itti fayyadamuun haala qabatamaa keenyaan rakkoo qaba,Haata'u malee kanneen duraan hojjetamanii jiranitti fayyadamaa akka jiran,inni ammoo ga'aa akka hin taane ibsanii jiru.

Gama biraatiin barsiisota jiran keessaan dhibbeentaaan digdamii shan %25(nama tokko) ammoo kanneen carraan leenjii hin qaqqabne, dhimmi kana irratti leenjii kenname ga'aa miti;gadi fageenyaan hin hubanne haala kamiin akka oomishamee ittiin barsiifamu barsiisota warra kaan irratti ilaalee hanga tokko yaaliidhaan itti fayyadama.Kana malees,gaafannoo mirkaneeffanna raawwii hojii mana keenya keessatti yeroo baayyee waan tarreffamee madaallii barsiisotaatiif waan dhihaatuuf deddeebi'ee hojjechuuf dirqamee malee ga'umsaan hojjedhee itti fayyadamuuf hubannoos ishee ga'aa akka hintaane ibsite.

Qabxii kanarrraa akka hubannuti barsiisonni harki caalaan leenjii itti fayyadamaafi faayidaa meeshaalee deggersa barnootaa fudhachaa kan turan ta'uu sadarkaa jechaa(theory) isaa sirriitti kan beekan garuu hojiirra hoolmaa(practical)irratti garuu sababoota baajata dhiheessuu dadhabuu hoggansa mana hojiitiif raawwatamuu akka dadhabame heeran.Kun ammoo xiyyeefannoo qorannoo kanaa kan ta'e hojiirra oolmaa akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattoota qabatamaan hojiirra oolaa akka hin

rirre kan namatti agarsiisuudha.Sababiin isaas, meshaaleen deggersa barnootaa fedhii addaa barattootaa guutuuf gahee guddaa akka taphatu beekamaadha.

Kanaafuu, meeshaaleen daree keessatti ittiin baratan irratti bu'aa ba'iin hanganaa erga uumamee jiraatee malli hojii irra oolee ittiin barsiifamaa jiru mala barsiisota giddu galeessa godhate waan ta'eef gochoonni qabatamaa akkaataa tooftaawwan baruufi barsiisuu malleen boodaa(post method pedagogy )tti hojiirra oolaa waan hin jirreef hanqina qaba.

Yaada kana irraa wanti xiinxalamu barattoonni gariin karaa fedhii isaaniitiin ala ta'een barsiifamaa akka jiran hubachaa,barattoonni kunneen gara fuula duraatti rakkoo waan itti uumuuf haalli mul'ataa jiru kun fooyya'uu baannaan jirenya barattoota kanneenii irratti miidhaa qaba.

Gaaffiin itti aanee gaaffii qorannoo 2ffaafi kaayyoo gooree 2 jalatti dhihaate , barattootaa beekuun kan walqabatee jiru yoo ta'u,fedhii barattoota daree keessa jiranii barsiisaan osoo barsiisuu hin jalqabin dura beekuun faayidaa maalii akka qabu barsiisota gaafatamee deebiin kan ittiin iyyafatameedha.Gaaffiin kunis,’fedhii akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu daree barnootaa keessaa addaan baasuun bu'aa akkmii qabaata’?kan jedhu yoo ta'u,

Deebiin barsiisonni walduraa duubaan kennan haala kanaan cuunfamee dhihaateera:

‘A’,‘Malaafi meeshaalee filachuun akka fedhii isaaniitti barnoota dhiheessuuf gargaara’’,barsiisaan ‘B’,‘Qabiyyee madaqsuun gara fedhii barattootaatti firoomsuuf akka yaada isaanitti barsiisuf gargaara’’ Barsiistuun C. “Mala fedhii barattootaatiin walsimatu filachuuf gargaara’’Barsiistuun ‘D’ “barattoonni akka qabxii gaarii galmeessaniif gargaara’’jechuun deebisanii jiru.

Akka yaada barsiisota kanaatti Fedhii barattootaa addaan baasanii beekuun faayidaan inni qabu xinnoo miti .Hojiwwan baruufi barsiisuu utuu hin eegalin barsiisonni eenyummaa,amalaafi fedhii barattoonni qaban utuu iyyafatanii bu'aan argamu danuu akka ta'e hubachuun nama hin dhibu. Kunis, barsiisaan fedhii, dandeettii, amalaafi,eenyummaa barattoota isaanii yoo beekan akkaataa fedhii jiru sanaatti mala baruufi barsiisuu isaanii madaqfatu,rakkoo jiruuf furmaata barbaachisaa osoo yeroon itti hin sokkin kennuufi akkaataa amalaa,fedhii,eenyummaatti barsiisonni qabaiyyee barsiisan madaqsinaan immoo akkaataa barachuu barattootaa addaan baasuun barsiisuu keessaa tokko raawwachuu agarsiisa.Kanaafuu haala walii galaa barattoota daree keessaa beekuun dhimma xiyyeffannoodhaan itti fufee raawwatamuu qabu ta'a.

Qabxiilee kana irraa wantoonni xiinxalaman hojii barsiisuu raawwachuuf haaldureen eenyummaa barattootaa akka walii galaatti beekuu dhimma ijoo akka ta'eefi bakka kun hin jirretti fedhiin barattootaa hojiirra oolaa akka hin jirre nutti agarsiisa.Haata'u malee qabxiilee armaan olii irraa wantoonni xiinxalaman barsiisonni waa'ee akkaataa barachuu barattootaa hanga tokko nihubatu;hubannoonaanisaanii garuu sadarkaa jechaatti malee sadarkaa gochaatti kan mul'atu miti.Kunis yaanni isaan waa'ee akkaataa barachuu beekuu irratti kennan gaaffii keessa kan nama galchuudha.Waan beekan gochaan ammo kan hin raawwatamne yoo ta'e amansiisaa miti.Kanaafuu irra deebiin dhimmicha irratti leenjii kenuun dhugoomsuu barbaachisa.Kana malees fedhii barattootaatiif xiyyeffannaan kenuun hojii yeroon irraa barbaadu ta'uu isaa hubachuun fala barbaaduun hojii ijoo ta'a.

#### **4.6.Gufuuwwan Hojiirra Oolmaa Akkaataa Barachuu Barattootaa**

Gaaffii shanaffaa kan gaaffii qorannoo arfaffatiifi kaayyoo gooree 4ffaa bu'uureeffachuuun qophaa'e irratti gufuuwwan hojiirra oolmaa akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa maalfaa akka ta'an afgaaffii qophaa'ee barsiisota afuriifi hoggantoota afur walii galatti namoota saddeetiif (8) kan dhihaate yeroo ta'u,deebii isaanii walduraa duubaan akkaataa itti aanee jiruutiin qindeeffamee bakkauma tokkotti dhihaatee jira.Gufuuwwan kenneen akkaataa qaama rakkoo sana qooddatoota ta'uu danda'uutiin qoqqooduun gaaffiin kun barsiistaf hoggantootaafis walfakkaataa waan ta'eef,bakkuma tokkotti, gufuuwwan gama barattootaan jira,gufuuwwan gama barsiisotaan jiraniifi gufuuwwan gama bulchiinsa jiran jechuun mata duree matadureedhaan dhihaatee jira.Qabattooni hojiirra oolmaa akkaataa barachiifi tarsimoolee barachuu barattootaa hojiirra oolchuu keessatti danqaa uuman keessaa kanneen beekamoo ta'an akkaataa ragaa barsiisotaafi dura buutota irraa argameetti:Seenduubee barsiisotaa, seenduubee barattootaa, Fooyya'insa manneen barnootaafi Qindoomina hoggansaa mana barumsichaa akka ta'e yeroo dubbatan yaada isaanii akkaataa armaan gadiitiin qindaa'uun tokko tokkoon dhihaatee jira.

##### **4.6.1.Gufuuwwan Barsiisotaan Walqabatan**

###### **A. Duubee Barsiisotaa**

Akka yaada barsiisotaa kanneen irraa guurameetti seenduubeen barsiisotaa barachuu barattootaatiif bu'aa guddaa akka taphatu hirmaattota ragaa kennuuf qorannoo kana keessatti qooda fudhatan keessaa dura buuttonni lamaafi barsiisaan tokko haala itti aanuun himanii jiru.Akka yaada ogeessota kanaatti danqaawwan hojiirra oolmaa akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa kan ta'an keessaa kanneen ifatti mul'atan; Dandeettii Barsiisuu, Ga'umsa ogummaa,Amala dhuunfaafi haala naannoo jirenyaa irraa madde.

Akka jecha namaicha kanaatti ga'umsi barsiisotaa barattootaaf ba'aa hedduu buusuun ga'umsi isaanii akka dabaluuf gahee guddaa taphata.Haata'u malee,bakka ga'umsi barsiisotaa baayyee gadaanaa ta'etti ammoo ga'umsi barattootaas gadaanaa ta'uun nama gaddisiisa.Kanumarraa kan hubannu ga'umsi barachuu gaariin humnan namaa ga'aafi meeshaalee barnootaa ga'a ta'n gidduudhaa ba'a.

Dabalataan Yaada kana Hariyanto,et al (2021,f:77)yeroo ibsan: "Qualified teachers play a very important role in improving learning schools.Teachers who are able to use facilities as learning resources will have a positive impact on student success at school".yaada kanarrraa wanti nuti hubannu barsiisonni ga'umsa qaban barachuu ga'ee guddaa qabaachuu irra darbee itti fayyadama leecalloo manneen barnootaa irratti bu'a qabeeyyii ta'uun ga'umsi barattootaa akka dabalu taasisuu danda'u.

Haata'u malee barsiisonni garri tokko yeroo ammaa kanatti daree baenootaatti argamanii

qabiyyee kitaaba barattootaa irra jiru barattoota odibsaan barsiisanii ba'uufillee kanneen danqaman jiru.Rakkoleen akkanaa kun barattoota karaa isaan barbaadaniin barsiisuun beekumsa barbaadamu gonfachiisuun waan yaadamu miti.Namni ofumaayyuu qophaa'ummaa hinqabne akkamitti fedhii jiru guutuun barsiisee waa hubachiisuu dandaa'?kan jedhu itti nama yaachisa.Kunimmoo duubeen barsiisota kanneenii rakkoo qabachuu agarsiisa.dabalataanis, qabiyyeen barnootaa tokko bifa kamiin dhihaatee yoo barsiifame haala qabatamaa barattootaatti madaqee barattootaaf mijawaa ta'a jedhanii yaaduun malleen baruufi barsiisuu isaanii fedhii barattootaatiin walitti fiduu hindandeenye.Kun ammoo ga'umsa barsiisummaa irratti hanqina jiru nutti agarsiisa.

## **B.Rakkoo bakka mana barumsaa**

Rakkoon daandii waan jiruuf fageenya barsiisonni mana barumsaa irraa qaban keessattuu dhiibbaa olaanaa barachuu barattootaa irraan gahuu akka danda'u wantoota nutti agarsiisan keessaa tokko manni jirenyaa naannoo manneen barnootaatti dhihoo ta'uu dhabuu, kireffachuuf bakki manni barumsichaa itti argamu baadiyyaa kessatti waan ta'eef barsiisonni dhufanii dareetti argamanii gara manaatti deebi'uuf karaa isaan dura jiru ilaalu malee fedhiin barattootakoo maal?akkamittiin barachuu fedhu?meeshaa gosa kamiin yoon qopheesse hubannoonaanisaanii caalatti gabbata? jedhanii ofgaafachuuf yeroon ga'aan akka hin jirre deebisan.

## **4.7.Gufuuwan barattootaan walqabatan**

### **A. Rakkoo ga'umsa sadarkaa gadii**

Qabxiin itti aanee akka gufuu hojiirra oolmaa akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattoota caqasame seenduubee barattootaati.Kunis barattooni manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa yeroo barachaa turan hirmaannaa isaan barnoota irratti qaban,amala gaarii isaan dagaagfatan,fedhii isaan barachuuf qaban akkasumas haalli jirenya maatii isaaniifi bakki jirenya yookiin fegeenyi isaan mana barumsaa irraa qaban barnoota daree keessatti dhihaatuuf sirnaan fudhachuu irratti dhiibbaa qabaata.

Kunis,barattooni sadarkaa gadaanaa oolmaa daa'immanii irraa eegalee hanga xumura barnoota sadarkaa tokkoffaatti hirmaannaa cimaa barachuu isaanii daree keessaafi alaa irratti yoo taasisan qabiyyeen isaan baratan salphataa deema.Sababiinsaas hiramaannaa ho'aa daree barnootaa keessatti barattooni yeroo taasisan hamileedhaan barnoota isaanii gara fuula duraa barachuuf abdiin isaanii cimaadha.Callisanii daree keessa warri taa'an ammoo egeree isaaniitiif ofit ti amanamummaa dhabuudhaan barnoota sadarkaa lammaffaa yeroo baratan sodaadhaan guutamanii hirmaannaa cimdii,gareefi daree guutuu keessatti taasisanii hawaasummaan barachuu lagatu.Akkaataa barachuu isaaniis maal akka ta'e addaan baasanii barsiisaatti himachuu ni qaaneffatu.Fedhii isaanii mul'sanii barsiisaa isaan barsiisutti waan hin himanneef barsiisonni fedhasaanii beekanii akka fedhii isaaniitti gargaaruuf nidanqamu.

Yaada kana irraa wanti hubatamu barnoonni ijoollummaadhaan kutaa gara gadiitti kennamu isa itti aanuuf haala akka mijeessu ibsa.Kanumaan walqabatee, barattooni keenya mana barumsaa sadarkaa tokkoffaatti gaafa dhufan rakkolee armaan olitti ibsame kanneenii guutamanii sadarkaa lammaffaatti darban.Yeroo ammaa daree barnootaa keessa barattoota jiran keessaa harki caalaan Afaan Oromoo sirriitti qubeessuun baraffama barreessuu hin dandaa'an.Hirmaannaa,daree ofitti amanamummaa, fedhiifi si'ayinaa barachuu barattoota keessatti barbaadamu hinqaban. Iyyaafannaan walitti fufaa dareetti manatti,dhuunfaan,gareefi cimdiin hojjetanii akka dhiheessaniif yeroo ajajaman tasumaa raawwatanii barsiisaa kenneef kan hindhiheessineefi rakkoo jiru yeroo gaafatamanis fedhii sirriitti ibsachuu waan hin qabneef barsiisonni deggersa fedhii isaanii irratti hundaa'e kan akka akkaataa barsiisuu filachuu,meeshaalee ittiin barsiisan akkaataa fedhii jiruutiin qopheeffachuuuf danqamanii waan jiraniif akkaataa barachuu barattoota hojiirra oolchuun dadhabamee kan jiru akka ta'e ibsan.

Xumuratti fageenyi barattoonni mana barumsaa irraa qaban fedhii barattootaa irratti dhiibbaa qabachuu dandaa'a .Kunis,fageenya sa'atii tokkoof walakkaatiin ol guyyuu barattoonni dhaqqaa gakla deemanii barachuu nuffuu irraan kan ka'e utuma gayyuu lamaa hanga saditti daree iraa haftee bayisanii kanneen addaan kutanii manatti afanillee jiru.warri baratanis yaaddoo karaa dhaqaaf galaatiin hubamanii fedhii barachuu yeroo kan hinqabne akka ta'antu ibsame. Fageenyi manneen barnootaa bakka jirenyaa qabu barachuu barattootaa irratti dhiibbaa guddaa akka qabu haala kanaan ibsu:

Walumaa galatti qabxiwwan barsiisonni armaan olitti gufuwwan akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa ilaachisee tarreessan kana yeroo xiinxallu duubeen barattootaa sadarkaa gadiitti eegalee hanga bakka jiraniitti barachuu isaanii irratti dhiibbaa garlamee (negative or positive impact)qabaata.Barsiisonni barattoota deggeruuf fedhiin barattootaa gahee guddaa qaba.Yoo barattoonni akkatti barachuu fedhan hin himanne yookiin yeroo gaafataman amanammummaadhaan fedhii isaanii isa dhugaa yoo hin himanne,akkaataa barachuu isaanii addaan baasanii deggeruun rakkisaa waan ta'uuf,fedhii isaanii sirriitti himachuun fala ta'a.

Kanaafuu barattoonni haala kanaan daree keesa ta'aa jiran jijiiramuudhaa baannaan egeree,ofii,biyyaafi maatii isaanii irratti dhiibbaa qabaata.sababiinsaas barattoonni hirmaannaa ho'aa hin taasifne hirkattummaatti kufanii dhiibbaa biyya iraan ga'uun kufaatii sirna barnootichaatiif sababa ta'u.kaanaafuu rakoon kanaaf furmaati atattamaa kennamuun hojii yeroon gaafatuudha.yaada kana jechuun ammoo akkaataa barachuu barattootaatiin afaan oromoo barsiisuun gufachuu isaa yaada kennaniin ibsanii jiru.

## **B.Fedhii Barattoonni barachuuf qaban**

Yeroo ammaa kanatti akkaataa fedhii barattootaatiin barsiisuuf kan gufuu ta'u fedhii barattoonni barachuuf qaban irraa madduu dandaa'a.Kunis, wayita barsiisonni daree barnootaa keessatti barannoo dhiheessan barattoonni harki caalaan callisanii dhaggeeffachuu malee kun 'ifeera kun immoo naaf hin ifne' jedhanii gama isaaniitiin barsiisotatti waan fedhan akkamitti yoo baratan akka ifuuf,deddeebi'anii barsiisaa hin gaafatan.Kanas yeroo barsiisonni odibsaan fayyadamuunii barnoota dhiheessan warri waan barsiisonni odibsaan dhiheessaa jiran qabatamaadhaan ilaalaah dhaggeeffachuu yaadan,kanneen ijaan ilaalanii deebi'anii harkaan tuttuqanii iddo sochoosuu barbaadan fedha isaanii osoo akkamitti dhihaateefii akka hubatan barsiisaatti osoo beeksisanii barsiisonni ija jabaatanii yeroo mara mala tokkichaan deddeebi'anii hin barsiisan.Kanaafuu, hojiirra oolmaa akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa

irratti gufuu ta'uu kan danda'an fedha barattooni qabrirraa madduu akka dandaa'u yaada hoggantootaa irraa odeeffatameera.

Yaada kana Barattooni Gufuuwan akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattotaa hojii irra oolchuu kun barattooni hojii kennemeef raawwachuuf fedhiin barataa maal fakkaata yaada jedhu irratti ,akka yaada isaaniitti xiinxaluun fedhiin barattootaa gadi aanaa ta'uu isaa himanii jiru.Fedhiin barattootaa kun gadi aanaa ta'uun isaa kan ittiin mirkanaa'uu danda'e,hojii kennemeef kan raawwatan daree keessaa barattoota muraasa ta'uu isaaniiti.Haaluma kanaan afgaaffii kan akka carraatti fayyadamuun waa'ee barattoota mana barumsaa kan hubachuun dandaa'amu barataan kutaa barnoo taa keessatti hojii kennemeef hojjechuuf fedhiin isaanii gadi aanaa ta'uu isaati.Sababa fedhiin isaanii gadi bu'eefis yammuu ibsan afaanicha afaan dhalootaa waan ta'eef ni beekna jedhanii fudhachuu isaanii irraa akka madde himan.

Qabxiilee walduraa duubaan ka'an irraa wantoonni hubataman fedhiin barattootaa daree keessatti laafee waan jiruuf barsiisonni hamilee dhabanii tooftaalee baruufi barsiisuuf mijatoo ta'aniin barsiisuuf kaka'umsa akka hin horanne taasisee jira.kanaafuu rakkoon kun fuulduree barattoota kanneeniiif gaarummaa waan hin qabneef atattamaan sirreessuun hojii yeroon gaafatuudha.

Yaada kana Aziza, D. R., & Wulandari, R. (2020,) akkanaan ibsa:

*There is a negative correlation between students' interest and motivation to learn simultaneously with problem-solving skills. With most students not having interest in class room, students'" academic performance will be very low or poor which will in a long effect impede the nations' development and growth(f:2)*

Akka yaada armaan olii kanarraa hubannutti walitti dhufeenyi fedhii barattootaafi kaka'umsa barachuu akkaataa rakkoo hiikuu gidduu isaamii gidduu jiru ilaalcissee barattooni fedhiin barachuu isaanii gadaanaa ta'e ga'umsi isaanii gadaanaadha.Kun ammoo barattoota kana qofaa irratti dhiibbaa kan uumu osoo hin taane,giddina hawaasaatiif illee badaadha.yoo fedhii barattootaa kakaasuun barnoota keessatti hirmaachisan garuu qabxiin isaanii dabala deema,yoo akkas hin taane garuu faallaa kanaa ta'a.Kanaafuu barattooni gorsa akkaataa daree barnootaa keessatti fedhii guutuun hirmaatanii kaka'umsa qaban fooyeffatan taasisuuf gorsi ogeeyyi barnootaa ni barbaachisa.

## **C.Hedduummina Barattootaa daree keessaa**

Barattoonni daree barnootaa keessatti ramadamanii barataman daree tokko keessatti giddu galeessaan 65 ol ta'uun isaanii fedhii isaanii tokko tokkoon addaan baasuuf danqaa cimaa umee jira.Kana irraan kan ka'e fedhiin barsiisaan funaanee odeeffannoo barattoota isaatiif barbaachisu ittiin hubatu gadi aanaa ta'uu isaati.Kana ilaachisees, barruulee barataa tokko tokko ilaalamereera.Kanarraas wanti hubatamu,hojji barataatiif duubdeebiin ( feedback ),barattoota onnachiisuun,barattoota gidduutti waldorgommii uumuun hanga barbaadame barsiisaa biraakka hin jirreeda.

Yaada armaan olii kanarraa akka hubannuti walirratti hedduummachuun barattootaa barachuufi barsiisuu irratti dhiibbaa qabaata.Firiin qorannoon akka agarsiisutti daree tokko keessatti hedduummachuun barattootaa ga'umsi isaanii akka hin fooyyofne taasisuun qabxiin bu'aa barachuu mana barumsaa uummataa keessatti gadaanaa akka ta'u taasisa.

Yaada kana Sheets,(2011,P÷1) yeroo ibsu''A large percentage of portable classrooms lowers student achievement and leads to higher teacher turnover. Overcrowded schools lead to lower student achievement and lower student attendance rates ''jedha.Yaada kanarraa wanti hubatamu baayyinni daree barnootaa qabxii barattootaa kan gadi xiqqeessuufi harcaatii barsiisotaa(teacher turnover) guddaa fiduu danda'a.Daree keessatti walitti hedduummachuun ammoo ga'umsa barattootaa gadi xiqqeessuun barattooni dareetti argamanii akka hin baranne taasisuu danda'a.Kanaafuu barattooni manneen barnoota kana keessatti daree keessatti hedduummachuun barsiisonni fedhii barattootaa sakatta'anii bara ga'uu waan ulfaatuuf danqaa umee jira.Kun ammo barachuu barattootaa danquun ga'umsi barbaadamu akka hin argamne taasisa.

## **4.8.Gufuuwwan bulchiinsaan walqabatan**

### **A.Naannoo barnootaa mijawaa dhabuu**

Nannoo barnootaa mijawaan barachuu barattootaafi fedhii barattootaa sissi'eessuu keessatti ga'eeguddaa taphata.naannoo barnootaa mijawaa kanneen jedhamanis:Daree Bal'ina,qulqullina, ifa ga'aaf ,teessuma,mijaawaa qabaachuufi wacaafi soda iraa biliisa ta'ee keessatti barattoota barsiisuudha.Dareen bali'ina qabu teessumni barattootaaf mijataa ta'e akka baayina barattootaatiin akka keessa ka'amuuf haala mijataa umee barattooni osoo wal hindhiibin teessoo isaanii irra biliisa ta'anii akka barataniif haala mijesssa.Kana malees qulqullinnii daree barachuu barattootaatiif mijataadha.fooliin gaarii hintaane daree jiraannaan barattooni naannoo sana jibuu danda'u.kana malees, ifti walgitaa ta'e ni

barbaachisa.dareen barnootaa yoo dukkana ta'es,yoo ifa garmalee barattoota waliin wal hin madaalle qabaates,barachuu barattootaatiif danqaa ta'uu danda'a.

## **B.Meeshaaleen barnootaa ga'aan dhibuu**

Meeshaalee barnootaa kitaaba barattootaa, kitaabolee wabii,man a dubbis a kitaabaa ga'aa, tajaajila interneetii naannoo manneetii barnootaa,kompiyuutera,raadiyoo fa'a.meeshaaleen barnootaa manneetii barnootaa keessatti hanga barbaadamu hin jiran taanaa barachuun barattootaa nigufata,kitaabileen barnootaa tokkoo tokkoo barattootaatiif yoo hinqaqqabamne ta'e,dalagaawwan daree keessaafi alaa akkasumas shaakala dandeettiwwan afaanii mara wanti irraa shaakalan rakkoo ta'a.

Kitaaba barattootaati dabalee kitaabileen wabiis murteessaa warra ta'an ta'uu danda'u. Kunis,qabiyyeen kitaaba barattootaa keessatti ifuu hin dandeenyeefi hojii dareen alatti raawwataman hundaaf daggersa taasisuudhaan barbaachisa .kompuutroonni fi raadiyoon meeshaalee ICT barnoota keessatti barbaadaman kanneen keessaas kompiyuuterri yaadrimee gochaan raawwatamuun harkaan nama rakkisuu salphaatti ittiin agarsiisuudhaan barsiisuun ni dandaa'ama. Adeyemo, S. A. (2012) namni jedhamu Adeboyejefi Ayodele (2004) wabeeffachuun yeroo ibsu "have variously pointed out that the availability of adequate school buildings, classrooms, chairs, desks, laboratories and other facilities are necessary for the accomplishment of any educational goals and objectives".jedha.Yaada kana irraa kan hubannu leecalloon walii galaa milkaa'insa barachuu gaariitiif bu'uura.

Akka mana barumsaa keenyaatti ammoo meeshaaleen kanneen keessaas kitaabni barattootaa reeshoodhaan 1:2 (kitaabni tokko barattoota lamaaf) qoodamee kan jiru yoo ta'u,kitaabileen wabii dabalataan jiru ammoo gosa barnootaa afaan Oromootiin yeroo ilaalamu ga'aa miti.Kompiyuuterri shaakalaaf barbaachisu baayina barattootaa waliin yeroo ilaalamu reeshoodhaan (1:35)barattooni soddomii shan kompiyuutera tokkotti fayyadamu.Raadiyoon illee kan hojii irra jiru muraasa akka ta'e barsiisonniifi hoggantoonni ragaa qorannichaatiif filaman himanii jiru.

Yaada kana irraa wanti xiinxalamu mana baraumsaa kana keessatti meeshaaleen barnootaa ga'aan baayina barattootaatiin walgitu akka hinjirre hubaanna.Bakka baayyinni meeshaalee barnootaa ga'aan hin jirretti barsiisonni akkaataa barachuu barattootaafi tarsimool ee barachuu barattootaa hojii irra oolchuun ni dandaa'ama jedhanii tilmaamuun rakkisaadha. Tarsimoolen akka dalagaa kennname kitaabolee sakatta'anii gabaasa dareef dhiheessuu,shaakala irra deddeebii kompiyuuteraan hojjechuu,raadiyoo dhaggeeffatanii

waan hubatan irra deebi'anii gabaasuu, ergaasaa hubachuu raawwatamuun kan dandaa'an yoo meeshaaleen barnootaa walgitaa ta'eedha. Kana ta'uu baannan barattooni harki caalaan lafa taa'u garee kitaabni, kompiyuuterriifi raadiyoon akka carraatti qaqqabde qofaatu barata. Kanaafuu meeshaaleen barnootaa dhibuun gufuu barachuu gama kanaatiin jiru waan ta'eef yeroo gabaabaatti furmaata argachuun baannaan barachuun ga'umsa qabu raawwatamee barattooni rakkoo hiikuu dandaa'an akka hin oomishamne taasisuun dhiibbaa barattootaaf biyyarraan waan ga'uuf rakkoon kunneen furamuun barbaachisaadha.

### **C.Hanqina Yeroo Gosa Barnootichaaf Qoodame**

Yeroon hojiin itti hojjetamu baayina hojii kennamee waliin yoowalsimuudhaa baate wanti hojjetamu duguugamee fiixaan ba'uu kan hin dandeenye akka ta'e walfalmisiisaa miti. Bu'uruma yaada kanaatiin deebiin hoggantootaa : Torbanitti wayitiin barnoota afaan Oromoo lama qofaadha. Kitaabi kennameyyuu osoo hin xumuramin hafa jennee shakkii qabna. Barsiisonni yoom daree galanii yoom fedhii barattootaa funaanu? yeroo jiru xiqqoo waantaateef ishee argamte qabiyyee kitaabarra jiruufi gilgaalota jiran xumuruun kootaa yeroo keessa jiranii guutuuf dhama'u malee, itti yaadanii fedhii barachuu akkamiitu jira? maalan barsiisa? maaliinan barsiisa? yooman barsiisa? Akkamiinan dhiheessa? jedhanii gaaffiwwan hundaaf deebii barbaachisaa kennuun barachuu bu'a qabeessa fiduuf yeroon jirtu ga'a waan hin taaneef fedhii akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa daree keessa jiran addaan baasuun danqaadha. (madda: af-gaaffii gaafa Eebla, 8/2014 ).

Deebii armaan olii irraa wanti hubatamu barsiisonni guutummaatti hubannoo hojii dhabuu osoo hin taane yeroon jiru dhiibbaa kan fide ta'uu isaa ibsanii jiru. Rakkoon kun atattamaan fala argachuun baannaan egeree barattootaa irratti dhiibbaa qabaata. Kanaafuu kallattii fuula duraa wixinuun akka fooyya'u gochuun waan filanno ta'uudha.

### **D.Hir'iina Meeshaalee deggersa barnootaa**

Meeshaaleen deggersa barnootaa barnoota qabatamaa taasisuun lubbuu itti horuun barattooni waan baratan akka hin irraanfanneef ga'ee guddaa taphata. Meeshaaleen kunneen kan bifa moodeelaan hojjetamanii bakka kuusaa meeshaalee keessatti kunuunfamuun barsiisonni galmeessanii akkaataa qabiyyee barnootaa irra ga'aniitiin itti fayyadamuun ittiin barnoota deggeraniidha. Akka mana barumsaa keenyaatti meeshaalee deggersa barnootaa ga'aa ta'e oomishuun barattooni akka itti fayyadaman baayinaan hanga barbaadamu raawwatamaa hin jiru. Sababiin isaa meeshaalee deggersa barnoota afaanii oomishuun baajata waan gaafatuuf, baajamnni dhimmi kanaaf akka mana barumsichaatti ramadame ammoo waan hin jirree, danqaa ta'ee jira. Kunuunsuu isaatiin walqabateeyuu rakkoo

guddaatu jira,.kanneen oomishamanii mana kuusaa keessatti argamanis sirnaan qindoomanii kuusamanii hin jiran Kanneen biroon immoo moofa'anii suphaa dhabanii tajaajilaan ala ta'anii waan jiraniif guutummaa guutuutti meeshaalee kanneenitti fayyadamuun rakkoo ta'ee akka jiru himan.

Yaada armaan olii kana sirriitti gadi fageenyaan yeroo xiinxallu,ulaa kanatti ijoo mata duree qorannoo tiif deebiin ga'aa asitti argamee jira.Kunis,meehsaaleen deggersa barnootaa karaalee akkaataa barachuufi tarsimoolen barachuu barattootaa gareen tokko ittiin milkaa'uudha .Fakkeenyaaaf warri ilaaluudhaan barachuu dandaa'an,sochoosuun barachuu danda'anitti kan agarsiifaman meeshaalee yaadrimee barsiifame qabatamaadhaan bakka bu'an ta'uu mala.Akka manneetii barumsaa kanneeniitti kun hir'na qabaachuun isaa hojiirra olmaanakkataa barachuu barattootaa danqamaa akka ta'e hubatamee waan jiruuf dhimmichi yeroon utuu itti hin darbin furamuun barattoonni akkaataa fedhii isaaniitti ittiin barachuun akka ga'unmsa barbaadamu horataniif xiyyeffannaan hordofuun hojii filannoo hin qabneedha.

### **E.Qindoomina Hoggansaa Mana Barumsichaa**

Qindoominni hoggansaa manneetii barnootaa gufuuwwan walduraa duubaan caqasamaa turan tokko tokkoof sababa ta'uu danda'a. Rakkoowwan manneetii barnootaa keessatti argaman qaaccessuun qaama ilaallatu beeksisaadeemuun hojii hoggansa barnootaa akka ta'e beekamaadha.Haata'u malee rakkoowwan armaan olitti caqasaman keessaa muraasni qindoominaafi tattaaffii hoggansaatiin furamee iddoodhaa maquu kan danda'uudha. Naannoo barnootaa mijawaa,rakkoo meeshaalee barnootaa,hanjinni daree,teessumaa, kitaabilee wabii,meeshaalee degrsa barnootaa,kompiyutterootaafi raadiyoona ga'aa ta'e jiraa chuufi jiraachuu dhabuun isaatiif hoggansa barnootaa sababa tokko ta'uu danda'a. Sababiinsaas,wantoonni armaan olii kunneen hirmaannaa, hawwasaa,mootummaafi mit-mootummaatiin guutamuu kan dandaa'aniidha.

Yaada kana Haug, M. E., & Wasonga, T. (2021) yeroo ibsan:

*Schools, especially high schools are complex public organizations that are subject to account for the use of resources and their outcomes. Because of their significant role in molding the youth of the nation, high schools continue to be targets for increased accountability and organizational effectiveness(f:115).*

Akka yaada kana irraa hubatamutti manneen barnootaa keessattuu sadarkaa lammaffaan meeshaalee baranootaafi bu'aa barachuu meeshaalee kanneenirraatti dhimmamoodha.Sababa

kana irraan kan ka'e manneen barnootaa hirmaannaa isaanii dabaluufi bu'a qabaeessummaa olguddisuuf hoggansi mul'ata qabu kan hojicha xiyyeefannooodhaan qindeessu barbaachisaadha. Hirmaannaan cimaan akka taasifamuuf karoora yeroon barbaadu kan haala qabatamaa mana barumsichaatiin qopheeffame baafatee qaama dhimmichi ilaallatu hirmaachisuun akka guutamu gochuuf bakka mootummaa bu'ee mana barumsichaa keessatti kan argamu hoggansa barnootaa waan ta'eef rakkoo kanaaf furmaata kan hin kennamne yoo ta'e barachuun barattootaa ga'umsa barattootaa cimsuu danda'u raawwatamuu hin danda'u. Kanaafuu gufuwwan gama hoggansaatiin jiru kunneen warra kaaniifis madda waan ta'aniif yeroon utuu itti hin kennaman furamuu qaba.

#### **4.9.Qaaccessa Daawwannaa Kutaa barnootaa**

Kaayyoon daawwannaa daree barnootaa kun gaaffii qorannoo qabxii sadaffaa irratti dhihaate 'Barsiisonni Afaan Oromoo akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaatiin qabiyyeefi meeshaalee qindeeffatanii hojiirra oolchuu irratti gochoota akkam akkamii raawwatu'?kan jedhu deebisuudha. Gaaffiwwan mirkanoeffannaa daawwannaadhaaf Dabalee 'D'jalatti caqasaman jalatti wantoonni daree barnootaa keessatti akka qajeelfama waliigalaatti ( General Guidelines) daawwii kutaattii ka'umsa ta'an ijoon kanneen akka xiyyeeffannoo barattootaa;xiyyeeffannoo barsiisotaa;adeemsawan seensaa,dhiyeessaa, shaakala); yaaddeebii (Feedback) barsisaa; si'aayina (Motivation) barattootaafi kan kallattii yookin alkallattiidhaan akkaataa barachuutarsimoo barachuu barattootaatiin walqabatanii wayita barnoota Afaan Oromoo haalota jiran kan ilaallataniidha.

Kaayyoon daawwii kutaa adeemsisuu inni guddaan, qorannoo kana keessatti akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa hojiirra oolchuufi dhiisuu barsiisota daree barnootaa keessaa sakatta'uudhaan gaafannoo afaniifi marii garee xiyyeeffannaa irraa ragaa argame waliin walbira qabuun madaaluun firii qorannichaa amansiisaa taasisuudhaaf sakattoon daree barnootaa wayitiwwan afur afuriif barsiisota afaan Oromoo afuriif taasifamee haalli qabatamaan daree barnootaa keessaa wayitiwwan barnoota afaan Oromoo calaqqisan daawwatamee ragaan isaaniis akkaataa itti aanee jiruutiin qaacceffamee dhihaatee jira.

Xiyyeeffannoo barattootaafi barsiisotaa ilaachisee daawwii taasifamerra bu'aa adeemsa baruufi barsiisuu keessatti daawwatame akka agarsiisutti barsisaan dhiheessa barnootaa raawwachuun dura haalli daree barnootaa maal akka fakkaatu barachuu barattootaatiif mijataamoo miti gaaffileen jedhan gaafannoo mirkanoeffannaa daawwannichaa iraatti jalqabarratti kan dhihaatan yoo ta'u,kan itti aanee qaacceffamu ammoo tartiiba attamiitiin

qabiyyee barsiisuun haala inni irratti argamu gaafannoон mirkaneeffannaа daawwannaа daree barnootaa kan gaafatuudha.

## A.Haala daree barnootaa

Haalli qabatamaa dareebarnootaa manneen barnootaa kanneenii yeroo daawwataman dhimmoonni irratti xiyyeffatamee daawwannaan geggeeffame bal' inni daree, qulqullina,hawwattummaafi baay'inni barattootaaa daricha keessatti barachaa jiran ilaaluun daawwannaа itti fufe. Bu'uruma yaadolee armaan oliitiin ballinni daree barnootaa barattooni kunneen keessatti barachaa jiran akkaataa istaandaardii ijaarsa daree barnootaatiin (7x8) kan ijaarameedha.Kana jechuun bal'innisaа ga'aa akka ta'e mul'isa. Haata'u malee qulqullinni daree , hawwattummaan keenyan daree barnootaa kanneenii baayyee gadaanaadha.Keenyan irratti barattooni dhoqqee horii, biyyee, cileefi kanneen biroodhaan barruuwan garaa garaa kanneen baruufi barsiisuu waliin walitti dhufeeny hinqabne kanneen akka qoosaa, hawwiifi komiiwwan garaa garaa barreessanii boca keenyanii hawwataa akka hin taane taasisanii jiru.Kanarraan kan ka'e keenyan mana barumsichaa karaa keessaafi alaatiin buraa burree ta'ee ofitti kan nama hin harkifneedha.

Teessuma barattootaa daricha keessa jiruutiin walqabatee, baayinni teessoo darichatti argamuu malee kudha shan (15) yeroo ta'u,kanneen dareewwan barnootaa arfan daawwatame keessatti argaman daree 1ffaa keessatti teessuma deeskii digdamii sadii (23) jaatamii shan (65) keessummeessa, Daree2ffaa, deeskii digdamii lamaa (22) fiteessuma dalgee sadii (3) barattoota torbaatamii tokko (71)keessummeessaа kan jiru,3ffaa deeskii digdamii tokko (21) barattoota jaatamii sadii (63) keessummeessaа kan jiu,4ffaa,deeskii kudha saddeet (18) teessuma dalgee shan(5)barattooni jaatamii ja'a (66)keessummeessaа kan jiru akka ta'e daawwatamee jira.

Daawwannaа kana irraa wanti xiinxalamu dareen barnootaa bal'inaan ga'aa yoo ta'eyyuу teessumni heedduun daree keessatti kuufamee barattooni garmalee walitti baayyataanii kan taa'an barsiisaanillee hojii manee kennee keessa deemuuf mijataa kan hin taane akka ta'e hubatamee jira.Iddoo kanatti akkaataa barachuу barattootaa tarsimoolee raawwii gochoota barachuу daree keessatti sochii bakkaа bakkaа gaafatan raawwachuун baayyee rakkisaadha.Sababiin isaa teessoollee bakkaа sochoosanii gareedhaan marii taasisun rakkisaadha.Barsiisonni rakkolee manneen barnootaa kaneeniitiif hojii kennanii barattootaaf duubdeebii laachuun dhamaatii dheeraa waan gaafatuuf ibsa mata duree irratti kennanii,yaadannoo gaggabaabaa barreessuun hojii manee kitaabarrraa akka hojjetanii

dhiheessan taasisuun qabiyyee barnootaa kennname xumuruuf yaadu malee fedhii barattootaa sakatta'uudhaan akka fedhii jiruutti barnoota dhiheessuun daawwannaa taasifameen daree keessatt hin mul'anne.

## **B.Gahee Barsiisaa**

Qabxiilee gaafannoo itti aanee jiru ammoo Barsiisaa/tuun/ tartiiba sadarkaa hubannoo, sadarkaa shaakalaafi galtee,keessa darbuun fayyadameera/teettii?gaaffii jedhutu gaafatamee jira.Kana jechuun haalli duraa duuba dhiheessa barnootaa barsiisota arfan daawwataman keessaa sadii tartiibaa:Sammuu kakaasuu,kan duraa yaadachiisuu,kan guyyichaa dhiheessuudhaan xumura irratti madaallii barttoota sanaaf kenuun kaayyoo madaaluun barsiisu.Barsiisaan tokko garuu tartiiba dhiheessaa eegee osoo hin jalqabin qabiyyeed huma guyyaa sanaatti kallattiin kan ce'e kanammo akka tasaa osoo hin taane,deddeebiidhaan kana kan raawwataa tureedha.Walii galatti haalli dhiheessa barnoota manneetii barnootaa kanneenii keessaa(%75) kan ta'an haala gaariidhaan kan barnoota dhiheessan yeroo ta'u (%25)tartiiba duraa duuba dhiiheessa qabayee eeganii kan barsiisne ta'uu isaa daawwannaadhaan adda baheera.Yaada kana irraa wanti xiinxalamu rakkoon dhiheessa barnootaa daree keessaa ammayyuu manneetii barnootaa keessa jiraachuu isaati.

Haaluma qaaccessa asiin olitti laatametti, gaheen barsisaafi barattoota kutaatti daawwatame isa tooftaa barsiifataa keessatti calaqisu yoo ta'u,barnoonni sirna qabeessaan duraa duuba eeggatee barattoota waliin yaada walii hiruun qooda fudhachiisaa kan deemu miti.K utaa muuxannoon akkanaa irra deddeebiidhaan dalagamutti barnoonni fedhii barattootaa irratti hundaa'ee kennamaa jira jechuun rakkisaadha.Kunis jereenya barattootaa gara fuula duraarratti rakkoo kan uumuudha. Kana jeechuun, akkuma daree barnootaa keessatti wanta barsiisaan jedhu qofaa dhaggeeffatanii waan gaafataman qofa barattooni muraasni deebisuuf yaalan.Haalli akkanaa kun furduree barattoota kanneenii irratti miidhaa ni qabaata.

## **C.Gama hirmaannaa Barattootaa**

Hirmaannaa barattootaa kakaasuufi fedhii barattootatti uumaan akka barnoota isaanii keessatti gahee taphatan taasisuun kan barsiisan daawwannaa kanaan yeroo sakatta'amu barsiisota (%25 ) qofatu muraasa barattoota hirmaachisuu yaala.Isaaniyyuu yaalii taasisuuf malee barattootni sirriitti qooda akka fudhataniif hanga barbaadamu deggeraa hin jiran.Kanneen %75 ta'an marsaa daawwataman hundumaatti yaadannoo barreessuu hoji maneef duubdeebii gabatee irratti barreessuu,ibsa kenuufi yeroo tokko tokko dabtara barattoota muraasaa kanneen hojii manee isaanii hojjetanii dhufaniif soroorsuun kan barsiisan malee,gochaalee daree keessaa addaaddaa irratti hirmaachisuu fedhii barattootaa

irratti xiyyeffatamee haala mijeessuun,barattootni barnoota kennamu fedhiifi xiyyeffannoona akka hordofaniif isaan kakaasuun, Mala baruuf barsiisuu fedha barattootaa irratti bu'uure adda baasuun fayyadamuun ,Barattootni daree keessatti mala isa kamiin barachuu akka qaban ragaa isaanii qindeeffatanii daree dhufuun, barnootaafi gochaaleetti qophaa'ee akkaataa fedhii barattootaatti madaqsuun dhiheessuun, Barsiisaan kitaaba qofaa irratti osoo hin hundaa'in leecalloo mataa isaa qopheeffachuunfi hirmaannaa barattootaa cimsuuf akkaataa fedhii daree keessaa beekuun carraa kennuun barsiisuun waan baayinaan hin mul'anneef malli barachuufi barsiisuu hojii irra hoolaa jiru kan yeroon barbaadu utuu hin taane,kan durii akka ta'e hubatameera.

Kanarraa wanti xiinxalamu akka walii galaatti fedhiin barattootaa ilaalamaa hin jiru; bakka kun hin taanetti ammoo akkaataa barachuufi tarsimoolen barachuu barattootaa hojiirra hoolaa akka hinjirre mul'isa.Haalli kunneen immoo ga'umsa barattootaa irratti dhiibbaa guddaa fiduu dandaa'a.Kanaafuu gochoonniakkanaa kunneen fooyya'anii malleen barsiisuu fedhii barattootaa bu'uureeffate hojiirra oolchuuf tumsa barbaadamu taasisuun hojii nama eeggatuudha.

#### **D.Daawwannaan meeshaalee deggersa barnootaa ilaalchisee**

Meeshaalee deggarsa barnoota, barnoota kennamutti lubbuu horuun qabatamaa taasisu. Barattootni ilaaluun barachuu jaallatan waan baratan akka hin daganneef gargaara.Haata'u malee, guca mirkaneeffanna daawwanna keessatti, meeshaaleen deeggarsa barnootaa kan akka fakkiilee, chaartiiwwaniifi poostarootni keenyan irratti maxxanfamanii jiruu? kan jedhuuf, meeshaaleen kun keenyan irratti maxxanfamanii kan hin argamnedha.Fakkiwwan keenyan irratti duraan kaafamanii turan tuttuqaa addaa addaatiin irraa badanii jiru.Kanneen jiran muraasni ammoo gosa barnoota saayinsii uumamaatiif kan oolaniidha malee barnoota afaaniitiif kan oolan miti.

Akkasumas, guca mirkaneeffanna daawwanna keessatti, barsiisaan kitaaba barnootaan alatti meeshaalee deeggarsaa daree keessatti fayyadamee barsiisaa? kan jedhuuf, barsiisaan meeshaaleen deeggarsaa inni fayyadamee barsiise tokkolee kan hin jirre ta'uu isaa daawwanna irraa hubatameera. Afaan barsiisuu keessatti, meeshaaleen deeggarsa barnootaa barsiisaanis ta'e barattooni yookiin immoo mana barumsaatiin qophaa'ee otoo jiraatee, qalbi barattootaa gariin gara dhimma baratanitti luuccessuuf, akkasumas, akka salphaatti hubatan taasisuun garee barattoota ilaaluun baratanii fayyaduu danda'a. Haa ta'uyyu malee, barsiisonni meeshaalee deeggarsa barnootaa daree keessatti fayyadaman hin jiran.Kun immoo malli barattoota hirmaachisuun akka qooda fudhatan affeelu waan hin jirreef barattooni barnootasaanii keessatti hirmaachuun ga'ee tokkoo tokkoo ofii ba'achuu qaban akka ba'atan gufuu ta'ee jira.

Gaaffii guca mirkanoeffannaal irratti ibsame, raabsaa kitaaba barnootaa ilaachisee daawwannaal qorataan daree seenuu taasiseen, kitaabni barataa barattoota hundaaf kan wal hin geenyee ta'uu hubatameera.Kitaabileen gosa barnootaa baratoonni baratanii, lakkofsa barataan walsiman haa jiraataniyyuu malee,kitaabni Afaan Oromoo kan barattoota tasuma daree keessa kan hinjirreefi kanneen biroo kan lakkofsa barataa waliin wal hin simnes jiru.Kitaabilee lakkofsaan xiqqoo ta'anis, hanguma isaan gahee, carraadhaan kan argatan yoo tahu,akkaataa sakattoo dookimentiwwan raabsaa kitaabolee barsiisotaan rawwatamaniitiin hangi barattoota qaqqabee jiruyyuu sababa baratoonni hundi fidanii hin dhufneef, daree keessatti kitaaba barnootaa fayyadamanii adeemsa baruuf barsiisuu adeemsisuuf, rakkisaa ta'uun daawwannaarraa hubatameera.

Yaada kanarraa wanti hubannuu, sababa hanqina kitaaba barataatiif kan barattootaa tasuma kan hinjirre ta'uu irraa kan ka'e, baratoonni baay'een hojii manaa, hojii daree, hojii cimdiifi hojii garee, akkasumas, haala qabatama naannoo isaaniirratti hundaa'anii gilgaalota kitaabarraa hojjechuuf rakkisaa akka taheedha. Gaaffileefi yaadota olii meeshaalee deggarsaa waliin walqabatee irratti Farrant (1980) yoo ibsu, kitaabileen barnootaa, baay' ina barattootaa waliin walsimu dhabuun, fakkiileen, poostaroonni, chaartonni fi kkf yoo dhabaman, hojiirra oolmaan barnootaa milkaa'u hindanda'u jedha.Kanarraa wanti hubatamu, daree keessatti malli barsiisuu barattoota giddu galeessa godhate kan hin adeemsifamne yoo ta'e, hirmaannaan barattootaa gadi bu'uun akkaataan barachuun barattoota hojiirra oolchuun afaan qofaan kan hafu ta'a.Sababa kanaaf, wantootni mala barachuufi barsiisuu fedhii barattoota giddu galeeffate akka hojiirra hin oolleef danqaa ta'an yoo furaman baratoonni akkaataa fedhii isaaniitiin waan barataniif bu'aqabatamaan argamuu danda'a.

To'annaa kutaa (Classroom Management) ilaachisee, hojileen baratoonni akka dalagan laatameef (kan kitaaba keessatti laataman) haalota adda addaa jirenya isaanii kan wanta qabatamaarratti hundaa'e waan hin ta'iiniif guutummaa guututti salphaadha kan nama jechisiisuu miti.Haalli barsiisaan itti ibses, gilgaalonni baratoonni dalaganis kan maree barattoota yaada keessa galche miti. Barattoota cimina qaban tokko tokkoon ala martuu kan callisanidha.

Haa ta'u malee, yeroo barsiisaan barattoota ciccimoorratti xiyyeefatu kuun isaanii waliin haasa'uunis ni mul'ata. Haallii hirmaanna malee callisa guddaa agarsiisu kun adeemsa barnoota dhihaate lagachuun kun barnoota afaanii irratti rakkoo guddaa kan fiduudha Haallii barachuun barattootaatiif xiyyeefannoon kennamaa jiraachuu mul'isu hinjiru.Fkn:Kutaa barnootaa keessatti barsiisonni yeroo barnoota dhiheessan akka walii galaatti gochoonni isaan argisiisan:odibsa dheeraa,yaadannoo barreessuu,barattoota si'aayina qaban muraasa qofaa irratti

hundaa'anii qabiyee dhiheessuufi meeshaalee deggersa barnootaa ga raa garaa osoo hin qopheeffatin daree dhufuutu adda bahe.Yaada kana irraa wanti nuti hubannu barattoonni harki caalaan daree keessa hirmaanna malee ta'an kunneen sababoota fedhiin akkaataa barachuu isaanii hin guutamneef eeggattoota ta'anii daree keessa taa'u.Barattoota sochiin isaanii laafe kanneenirraa fedhiin funaanuun akkaataa isaan barbaadanitti qindeessuun barnoonni osoo dhihaateefii salphaatti yeroo fedhiin akkaataa barachuu isaanii guutamuuf nisi'aahu ture.Amaloonni akkanaa kunneen ammoo egeree barattootaa kanneenii irratti kallattiifi alkallattiin miidhaa Kunis jereenyaa barattootaa gara fuula duraarratti rakkoo kan uumuu danda'u ta'uun isaa shakkii hin qabu.

Walumaa galatti daawwannaa kana irraa wanti hubatamu barsiisonni qabiyee barnootaa daree barnootaatti yeroo dhiheessan eenyummaa,fedhiin barattootaafi fedhiin sirna barnootichaa hojirra oolchaa akka hin jirre kan nu hubachiisu waanta'eef ,rakkoon kun yewroo utuu itti hin kenne dafee hiika argachuu baannaan barattoonni haala kanaan barachaa jiran miidhamoo ta'uun hirkattummaa keessatti kufanii maatiifi biyya isaanii irratti ba'aa ta'u danda'u.

#### **4.9.5. Cuunfaa yaada Marii garii xiyyeffannoo**

Kaayyoo marii kanaa gaaffiwwan qorannoo qabxii lammaffaafi arfaffaa ‘barsiisonni manneen barnootaa Hoomaafi Sootalloo sad. 2ffaa akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa addaan baasanii hubachuun akka fedhiin barattootaatti qabiyee barnootaa dhiheessuuf qophiin jiru maalfa'i?' jedhuufi kan ‘Akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa hojirra oolchuu irratti gufuwwan gama barsiisotaa, barattootaafi bulchiinsa barnootaatiin jiran maalfa'i?’ kanneen jedhan deebisuufi deebii hoggantootaafi barsiisota irraa guurame cuunfaan dhiheessuun mirkanoeffachuuf dhihaate.Gaafannoo afaniitiif yaada barattootaafi barsiisonni maddisiisan irratti wanti bilchaachuu qabu muuxannoo namoota garaa garaa garee keessa jiranii bu'uureeffachuun yaada gabbataa dhiheessuu,yaada akka feeteedhaan kennname yaada biraatiin bakka buusuufi muuxannoo naannoo barnootaa irratti qaban dabalanii mariidhaan bilcheessuun yaada dhugummaa qabu kennanii haqummaa qorannichaa eeguu akka danda'aniif gaaffiwwan gaafannoo afaniitiin dhihaatan bakka tokkotti cuunfamanii mariif akka tolutti dhihaatanii tuuta qorannoo garee afuritti,barattoota garee sadiitti, barsiisota garee tokkotti qooduun mariin bal'aa taasifamee yaadannoon marii garee erga qabamee waan miseensi itti walii galee qorataan cuunfachuun ragaalee duraanii waliin walbira qabuun walitti fidee qaaccesssee jira.

Faayidaa marii garee xiyyeffannoo irratti hayyooni yaada bal'aa kennaa turanii jiru isaan keessaa,David,(2004:230) yemmuu ibsu, “Fucos groups can be alow cost way of collecting data; but require aconsiderable amount of coopreration and enthusian from participants.” Akka

yaada hayyuu kanaatti, afgaaffiin garee xiyyeffatamee karaa baasi gadaanaatiin odeeffannoo walitti qabachuuf hedduu gargaara. Ta'us tokkummaafi fedhii cimaa namoota odeeffannoonaan irraa guuramee barbaachisa.

Dabalataan Neuman (2007:88) akka ibsetti wayita marii garee isa namni tokko beeku inni biraan hinbeeku; kan tokko dagate inni kan biraan itti dabaluu ni danda'a. Kanaafuu, odeeffannoo gahaa ta'eefi amansiisaa ta'e namootarraa argachuufqorataan kun mala kanaan odeeffannoo kennname dhaggeeffachuun yaadannoo qabatee ragaalee miseensota marii garee irraa argame funaanee qaaccesseera.

Yaanni walii galaa marii garee irraa argame kan barsiisotaafi kan barattootaa kan duraatiin walbira qabuun yeroo ilaalamani baayyee kan walirraa fageenya hinqabne ta'ee, akkaataa barachuu barattootaa hojiirra oolchuu akka hin jirre walii galteerra ga'amme jira. Kunis, hir'ina meeshaalee ga'aa yeroo ga'aa, daree barnootaa mijataa, fageenyaafi bakka jireenyaa mijaawaa, leecalloowwan guutuufi kaka'umsa barsiisotaafi fedhiin barattootaa gadaanaa ta'uu irraan kan ka'e hojiitti hiikuun kan barsiisota danqe ta'uu ibsaniiru.

## **BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO**

### **5.1.Cuunfaa**

Mata dureen qorannoo kanaa xiinxala walsimannaa akkaataa barachuutarsimoolee barachuubarattootaafi mala barsiisonni Afaan Oromoo ittiin barsiisan:xiyyeffannoona mana barumsa sadarkaa lammaffaa Hoomaafi Sootalloo kutaa 9ffaa irratti kan xiyyeffate.Kaayyoona qorannoo kanaa barsiisonni mana barumsaa Hoomaafi Sootalloo sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuubarattootaatti fayyadamuun Afaan Oromoo akka barsiisan xiinxaluudha.Maddi ragaalee qorannichaa barattoota, barsiisotaafi hoggantoota mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Hoomaafi Sootalloo kanneen mala filannoo akkaayyootiin manneen barnootaa lamman keessaa humna nama walqixa ta'an barattootaa,barsiisotaafi dura buutota filatamaniidha.Meeshaleen funaansa ragaaleetiif qoratichi dhimma itti ba'es,bargaaffii, afgaaffii, mariigaree xiyyeffannoofi daawwanna dareetiin.Afgaaffifi marii gareen karaa barsiisotaafi hoggantoota,bargaaffiin ammoo barattootaa manneen barnootaa kana irraa ragaan kan funaaname yoo ta'u, daawwannaan ammoo yeroo barattootni daree barnootaa keessatti baratan ragaawan qorataan qaamaan bakka hojiitti argamuun sassaabaeedha.

Hojirra oolmaa akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuubarattootaatiin Afaan Oromoo barsiisu ilaalchisee daree barnootaa keessatti gochoonni akkamii akka raawwataman iyyafachuuuf gaafannoona afanii barsiisotaa,hoggantootaaf dhihaateefi bargaaffiin barattootaa irraa odeeffanno guurame kan qorataan daawwanna irraa qaamaan argamee guurrateefi marii garee irraa kan argaman xiinxalamani erga hiikamanii booda, akkaataa walfakkaatuun qaacceffamee dhihaatee jira.

Gaafannoof afanii dura buutotaafi barsiisotaaf dhihaatee akkasumas daawwi daree irraa ragaa guuramee marii garee xiyyeffannaatiin gabbatee yaada walii galaa argame cuunfamanii walduraa duubaan akkaataa itti aanee jiruutiin ka'amanii jiru.Ragaa karaa hundumaa funaaname irraa odeeffanno argame cuunfaan yeroo ka'aman,Adeemsi barachuuf barsiisu kan barsisaa daree keessatti hojiirra hoolaa jiru kan menneen barnootaa lammeenii barsiisaadhaan kan dhuunfatameedha.Barattooni gareefi cimdiidhaan mari'achiisuun akkasumas,meeshalee deggersa barnootaatti hin fayyadaman,kana irraan kan ka'e carraan barattooni shaakala garaa garaa gochuu baayyee gadaanaadha.Malli caalaatti hojiirra oolaa jiru odibsaadha.Duubdeebiin hojii garee darbee darbee gabatee gurraacha irratti walii galaan kennama. Barattooni daree keessatti kaka'umsa hinqaban: dhaggeeffachuuifi barreessuudhaan alatti yaada waljijiiruun, haala haqa jirenya barataa qabatamaa ta'e tokko ibsuun yookiin dalagsisuun baayinaan hin mul'atu.

Walumaa galatti ragaalee guuraman kana irraa wanti hubatamu, barsiisonni qabiyee barnootaa daree barnootaatti yeroo dhiheessan eenyummaa,fedhii barattootaafi fedhii sirna barnootichaa hojiirra oolchaa akka hin jirre kan nu hubachiisu waanta'eef hojii irra oolmaa akkaataa barachuu barattootaafi malli barsiisonni ittiin barsiisan kan wal hinsimneedha.Kunis, hubannoон barsiisonni akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa irratti qaban gadi bu'aa ta'u,daree barnootaa keessatti barnoonni dhihaataa jiru fedhii barattootaa irratti kan hin bu'uroofne ta'u,barsiisonni fedhii daree keessa jiru sakatta'uun addaan kan hin baafanne waan ta'aniif barnoota akkasumaan kitaaba barattootaa irraa dubbisuun kan dhiheessaa jiraniidha.

Haata'u malee,barattoonni daree keessa jiran fedhii akkaataa barachuu sakatta'ameen yeroo ilaalaman akkaataan isaan ittiin barachuu dandaa'an:ilaaluun ,gurraan dhaggeeffachuu,gurraan dhaggeeffachaa ijaanimmoo ilaaluun,ijaan ilaala harkaan sochoosuun kana malees,karaa hundumaan barachuu barattoonni dandaa'an daree keessa kan jiran yoota'u, tarsimooleen isaan ittiin baratan ammoo,tarsimoo yaadsammuu olaanaa,tarsimoo yaadsammuu,tarsimoolee kalsirreessuufi tarsimoolee hawaasummaa akka ta'e ragaa funaaname irraa xiinxalamee jira.

Bu'uura yaada kanaatiin osoo fedhiin addaa addaa daree barnootaa keessa jiruu akkaataa fedhii barattootaa jiruutiin qabaiyyee dhiheessuuf kan danqaa ta'an,seenduubee barattootaa,seenduubee barsiisotaa,fageenya manni barnootaa bakka jirenya barsiisotaafi barattootaa irraa qabu,fedhii dhabuun barattootaa,rakkoo leecalloowwan barnootaa kanneen akka meeshaalee barnootaa,muraasachuu daree,walgitinsa dhabuu kitaabaa,kompiyuuteraafi kitaabolee wabii,rakkoo qindoomina hoggansa barnootaafi hawaasa manneen barnootaa,fi hedduumminni barattootaa daree keessaa gufuudha.Kanumarraa ka'uudhaan qorannoo kanarrraa firiin eegamu argannoo irratti qindaa'ee akka armaan gadiitti dhihaateera.

## 5.2. Argannoo

Mata dureen qorannichaa ' xiinxala walsimannaakkaataa barachuu, tarsimoolee barachuu barattootaafi mala barsiisonni Afaan Oromoo ittiin barsiisan:xiyyeeffannoон mana barumsa sadarkaa lammaffaa Hoomaafi Sootalloo kutaa <sup>9ffaa</sup> irratti kan xiyyeeffate' jedhaniif. Ragaaleen qorannichaa funaanaman gadi fageenyaan xiinxalamaniit hiikni itti kennameen booda qaacceffamaniin firriwwan argaman gaaffiwwan qorannoo duraan caqasamanii waliin walbira qabuun gaafffileen kunneen deebii argachuufi hin argatin hafuu irratti dhugaan jiru maal akka ta'e erga addaan baafamanii booda akkaataa dubbisuun hubachuun danda'amutti qindeessuun dhihaateera.Kunis, hojiirra oolmaa akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa daree keessaa ilaachisee ragaa dhihaaterra xiinxalamee firiin argame barsiisonni malleen baruufi barsiisuu daree barnootaa keessatti ittiin barnoota dhiheessan kan bifa tokko qabutti deddeebi'anii akka fayyadamaa jiraniidha.Kana malees,hubannoон akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa irratti barsiisonni

qaban walirraa fagoodha.Tokko tokko sirriitti kan beekan yoo ta'u,kanneen biroon ammoo dhimmicha hin hubatan.Meeshalee deggersa barnootaatti fayyadamuun hin jiru.Akkaataan barachuufi tarsimoooleen barachuu daree keessaa kan walirraa fagaatuudha.Wantoonni hojjiirra oolmaa akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa danqan addaan baafamee jira.Walumaagalatti argannoowwan itti aanan argamaniiru:

- ❖ Barattoonni daree barnootaa keessa jiran warra ilaaluun baratan %,40 dhageettii %7 dubbisuufi barreessuu %16,qaamsochiin%36 yoo ta'an,tarsimooleen isaan ittiin baratan, tarsimoo yaadsammuu %43 tarsimoo yaadsammuu olaanaa%10, tarsimoo yaadqalbii ilaalchaa %14, tarsimoo hawaasummaa %20fi tarsimoo kalsirreessuudhaan % 12 barachuu kan fedhan ta'uu.
- ❖ Hubannoon barsiisonni akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa irratti qaban kan walhin fakkaanne ta'uu.
- ❖ Daree barnootaa keessatti barattoonni argaman akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaaakkamiitiin barachuu akka fedhan barsiisaan ragaadhaan addaan kan hin baafanne ta'uu.
- ❖ Barsiisonni qabiyee barnootaa yeroo dhiheessan akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa irratti xiyyeffanna kan hin kennine ta'uu.
- ❖ Malli barsiisonni Afaan Oromoo ittiin barsiisaa jiran mala barsiisaa giddugaleeffate ta'uu.
- ❖ Akkataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa hojjiirra oolchuu irratti qabattoonni gufuu ta'an :gama barattootaa,gama barsiisotaa,gama bulchiinsaatiin akka jiran kunis,rakkoo dhiheessii leecalloo barnootaa,fedhii dhabuu barattootaa,daree keessatti hedummachuu barattootaa,kaka'umsa dhabuu barsiisotaa,rakkoo qindoomina dhabuu hoggansa barnootaa,hawaasaafi dhaabbilee deggertootaa gidduu akka ta'e addaan ba'eera.

### **5.3. Yaboo qorannichaa**

Argannoowwan qorannichaa irratti hundaa'uun, akkaataa barachuifi tarsimoolee barachuu barattootaafi mala barsiisonni Afaan Oromoo ittiin barsiisan sakatta'uun firii argaman bu'uura godhachuun kallattii furmaataa heeruun barbaachisaa waan ta'eef, wantoonni akka furtuutti hojiirra ooluun rakkooowwan argaman kana fooyyessan yaboowwan armaan gadii qophaa'anii jiru.

- Akkaataa barachuifi tarsimoolee barachuu barattootaa irratti leenjiin hubannoo deddeebi'ee barsiisotaaf osoo kennamee gaariidha.
- Mala baruufi barsiisuu durii irraa gara mala baruufi barsiisuu malleenii boodaa(post method pedagogy)tti kan barsiisota ceesisu maanuwaaliin mala qabatamaan agarsiisuu manneen barnootaa giddugaleessa godhachuun ministeeri barnootaa yoo qopheessan bayeessa.
- Haallan hojiirra oolmaa akkaataa barachuifi tarsimoolee barachuu barattootaa irratti gufuu ta'an leecalloowwan walii gala ministeera barnootaatiin manneen barnootaa rakkoo kanneen qabaniif yoo guutaman gaarii ta'a.
- Manni jirenya barsiisotaa naannoo manneen barnootaa geejjibni irraa fagoo jiruutti hogansa barnootaafi hawaasa naannoo qindeessuun BBOn osoo ijaarsisee gaarii ta'a.
- Barattoonni kutaa gadaanuu eegalanii xiyyeffannoo guddaadhaan barnoota isaanii akka barataniif kutaa gara gadii irratti xiyyeffachuun barsiisuuf BBOn osoo hijiirra oolchee gaarii ta'a.
- Barattoota rakkoo maatii qabaniif sagantaa nyaata barattootaa manneen barnootaa keessatti akka mijatuuf ministeeri barnootaa osoo qopheessisee gaarii ta'a.
- Barsiisonni rakkoo jiru sababeessuu dhiisanii haala qabatamaa naannoo isaaniitiin meeshaalee naannoo irraa baasii malee akkaataa itti moodelota bocanii ittiin barsiisan ofii isaaniitiifis barattootaafis carraa kennun osoo oomishamee gaarii ta'a.
- Barsiisonni fedhii barattootaa daree keessaa meeshaalee akkaataa barachuu(learning style tools) fayyadamuun osoo addaan baafatanii bakka danda'amutti mala barsiisuu isaanii waliin walitti fidanii barattoota jajjabeessanii gaariidha.

## Wabiilee

- ALQahtani, D. A., & Al-Gahtani, S. M. (2014). *Assessing Learning Styles of Saudi Dental Students Using Kolb's Learning Style Inventory*. *Journal of Dental Education*, 78(6), 927–933.<https://doi.org/10.1002/j.0022-0337.2014.78.6.tb05747.x>
- Anoir Lamya, Zargane Kawtar, Erradi Mohamed, & Khaldi Mohamed. (2020). *Personalization of an educational scenario of a learning activity according to the learning styles model David Kolb*. Global Journal of Engineering and Technology Advances, 5(3), 099–108.  
<https://doi.org/10.30574/gjeta.2020.5.3.0114>
- Armstrong, S. J., Peterson, E. R., & Rayner, S. G. (2012). *Understanding and defining cognitive style and learning style: a Delphi study in the context of educational psychology*. Educational Studies, 38(4), 449–455.
- Aziza, D. R., & Wulandari, R. (2020). *The Correlation between Students' Learning Interest and Motivation and the Ability to Solve Problems in Online Learning IPA Subjects*. SEJ (Science Education Journal), 4(2), 143–159.  
<https://doi.org/10.21070/sej.v4i2.914>
- Baliyan, S. P., & Khama, D. (2020). *How distance to school and study hours after school influence students' performance in mathematics and English: A comparative analysis*. Journal of Education and E-Learning Research, 7(2), 209–217. <https://doi.org/10.20448/JOURNAL.509.2020.72.209.217>
- Boumova, BC. V. (2008). *Traditional vs . Modern Teaching Methods : Advantages and Disadvantages of Each*. Masaryk University, 91. Retrieved from [https://is.muni.cz/th/6952/ff\\_m\\_b1/MgrDiplomkaBoumova.pdf](https://is.muni.cz/th/6952/ff_m_b1/MgrDiplomkaBoumova.pdf)
- Budiman, A. (2017). *Behaviorism and Foreign Language Teaching Methodology*. ENGLISH FRANCA : Academic Journal of English Language and Education, 1(2), 101.<https://doi.org/10.29240/ef.v1i2.171>
- Celiköz, N., Erişen, Y., & Şahin, M. (2016). *Learning and Teaching : Theories , Approaches and Models*. Cozum Publishing, 47–51. Retrieved from <https://www.researchgate.net/publication/304119354>
- Chen, M. (2014). *Postmethod pedagogy and its influence on EFL teaching strategies*. English Language Teaching, 7(5), 17–25. <https://doi.org/10.5539/elt.v7n5p17>
- Chetty, N. D. S., Handayani, L., Sahabudin, N. A., Ali, Z., Hamzah, N., Rahman, N. S. A., & Kasim, S. (2019). *Learning styles and teaching styles determine students' academic performances*. International Journal of Evaluation and Research in Education, 8(4), 610–615.<https://doi.org/10.11591/ijere.v8i3.20345>

Dağkiran, İ. (2015). *Postmethod Pedagogy and Reflective Practice: Current Stance of Turkish EFL Teachers*. International Journal of Soil Science. Retrieved from <http://dx.doi.org/10.3923/ijss.2016.1.8> A <http://dx.doi.org/10.3923/ijss.2015.142>.

152

David E. Gray. (2004). Doing Research in the Real World. London: SAGE publications Ltd.

Dunn, R., Dunn, K. & Price, G. E. (1984). *learning style inventory manual* lawrencek.s.:price systems,inc.

Dunn, R. (1984). “*Teacher-made Materials*”. *Instructional Leadership Handbook*. Reston, V.A:NationalAssociation ofSecondary School Principals.

Dunn,et al.(1998).*The goal sand track record of multicultural education*. Educational leadership,54(7),74-77.

Dunn, R. and K. Dunn (1993). *Teaching secondary students through their individual learning styles*.boston: allyn andbacon.inTeaching Primary Schools

Dunn, R., & Brigs, S. (1988). *Learning Styles*: Quiet revolution in American secondary SchoolsFelder,R. &Soloman, B. (2002). LearningStyles and Strategies

Richards, Jack and Rodjers (1986)*The odore. Approaches and Teaching*:Cambridge:Oxforduniversity press,

Dutsinma, L. I. F., & Temdee, P. (2020). VARK Learning Style Classification Using Decision Tree with Physiological Signals. *Wireless Personal Communications*, 115(4), 2875–2896.  
<https://doi.org/10.1007/s11277-020-07196-3>

Elban, M. (2018). *Learning styles as the predictor of academic success of the pre-service history teachers*. European Journal of Educational Research, 7(3), 659–665 <https://doi.org/10.12973/eu-jer.7.3.659>

*Emotional Intelligence as a Vital Indicator of Teacher Effectiveness*. (2019). International Journal of Social Sciences & Educational Studies, 5(3).

<https://doi.org/10.23918/ijsses.v5i3p286>

Ehrman, M. E., & Oxford, R. L. (1989). *Effects of Sex Differences, Career Choice, and Psychological Type on Adult Language Learning Strategies*. Modern Language Journal, 73,

<https://doi.org/10.1111/j.1540-4781.1989.tb05302>

- Estrada, M., Moliner, M. Á., & Monferrer, D. (2019). *The Relation between Learning Styles according to the Whole Brain Model and Emotional Intelligence*: A study of university students. *Estudios Sobre Educacion*, 36, 85–111.  
<https://doi.org/10.15581/004.36.85-111>
- Edwards, D. J., Kupczynski, L., & Groff, S. L. (2019). *Learning Styles In Problem-Based Learning Environments Impacts On Student Achievement And Professional Preparation In University Level Physical Therapy Courses*. *International Journal Of Higher Education*, 8(3), 206–213.  
<Https://Doi.Org/10.5430/Ijhe.V8n3p206>
- Experiential Learning (Kolb). (2017, February 04). Retrieved April 27, 2017, from <https://www.learning-theories.com/experiential-learning-kolb.html>
- Feeney, S. Christensen, D. & Moravcik, E. (1987). *Who Am I in the Lives of Children'*. *Columbus Ohio*: Merill Publishing Company.
- Fleming, N. D., & Mills, C. (1992). *Not Another Inventory*, Rather a Catalyst for Reflection.
- Fleming.Gardner, H., & Hatch, T. (1989). *Multiple Intelligences Go to School*: Educational
- Fleming, N., and Baume, D. (2006) *Learning Styles Again: VARKing up the right tree!*,
- Fleming, N. D. (2011). *Teaching and learning styles*: VARK strategies. Christchurch, N.Z.:
- Ford, J. H., Robinson, J. M., & Wise, M. E. (2016). *Adaptation of the Grasha Riechman Student Learning Style Survey and Teaching Style Inventory to assess individual teaching and learning styles in a quality improvement collaborative*. *BMC Medical Education*, 16(1). <https://doi.org/10.1186/s12909-016-0772-4>
- Gardner, H., & Hatch, T. (1989). *Multiple Intelligences Go to School*: Educational Implications of the Theory of Multiple Intelligences. *Educational Researcher*, 18(8), 4.
- Haug, M. E., & Wasonga, T. (2021). Understanding how leadership matters: Collective efficacy and student achievement. *Athens Journal of Education*, 8(2), 197–220.  
<https://doi.org/10.30958/aje.8-2-5>  
<https://doi.org/10.2307/1176460>
- Gajić, M. M., Miljanović, T. B., Babić-Kekez, S. S., Županec, V. D., & Jovanović, T. T. (2021). *Correlations between teaching strategies in biology, learning styles, and student school achievement*: Implications for inquiry based teaching. *Journal of Baltic Science Education*, 2(2), 184–203. <https://doi.org/10.33225/jbse/21.20.184>
- Grasl, M. C., Kremser, K., Breckwoldt, J., & Gleiss, A. (2020). *Does the tutors' academic background influence the learning objectives in problem-based learning?* *GMS Journal for Medical Education*, 37(1).  
<https://doi.org/10.3205/zma001301>

- Grigg Sarantakos(2005).Social research(3rded)Hound milea;PalgraveMakmilan. Reston,VA:NationalAssociationofSecondarySchoolPrincipals.
- Huang, F., Hoi, C. K. W., & Teo, T. (2018). *The Influence of Learning Style on Learning Achievement Among Undergraduates in Mainland China. Journal of Psycholinguistic Research*, 47(5), 1069–1084.
- Kumaravadivelu, B. (2003). *Understanding postmethod pedagogy*. In Yale University Press (Ed.),*Beyond methods:macrostrategies for language teaching* (pp. 23–44)New Haven andLondon: Mary Jane Peluso. Retrieved from
- Kolb, D. A. (1981). *Learning styles and disciplinary differences*. Thttp:// Haswell, J., (2017  
A Close Look at Learning Styles: Honors Senior Capstone Projects. 23.  
[www.businessballs.com/kolblearningstyles.htm](http://www.businessballs.com/kolblearningstyles.htm)
- Kolb, D. A. (1984). *Experiential learning*: Experience as the source of learning and development (Vol. 1). Englewood Cliffs, NJ: Prentice-Hall.
- McLeod, S. (1970, January 01). Saul McLeod. Retrieved April 27, 2017, from  
<http://www.simplypsychology.org/vygotsky.html>
- McLeod, S. A. (2013). Kolb - Learning Styles . Retrieved from [www.simplypsychology.org/learning-kolb.html](http://www.simplypsychology.org/learning-kolb.html)
- Mayer,R.E.(1982).Learning.InH.E.Mitzel(Ed.),*Encyclopaedia of educational research*.New York:The Free Press.
- Miklitz. G. (1996). *Contrastivity And Mutuality In Seminars On Language Teaching Methodology In China* Retrieved from  
<https://www.zum.de/Faecher/D/DA/miklitz.html> 26/2/2022
- Moyo, W. (2013). Causes and effects of poverty on academic achievements of rural secondary school students: Case of Tshazi secondary school in Insiza District. International Journal of Asian Social Science, 3(10), 2104-2113.
- Multiple Intelligences: *What Does the Research Say?* (2013, March 08). Retrieved April 27,2017, from <https://www.edutopia.org/multiple-intelligences-research>
- Neuman, L.W. (2007). Basic Social Research: Qualitative and Quantitative Approaches (2nd ed.).Bost peason Edu. Cailiral IC.
- Oyebola, B. (2017). *Impact of Overcrowded Classroom on Academic Performance of Students in Selected Public Secondary Schools in Surelere Local Government of Lagos State. Nigeria. International Journal of Higher Education and Research* (Vol. 7, pp. 110–132). Retrieved from [www.ijher.com](http://www.ijher.com)
- Okpala, C. O., Okpala, A. O., & Smith, F. E. (2001). Parental involvement, instructional expenditures, family socioeco- nomic attributes, and student achievement. The

Journal of Educational Research, 95(2), 110–115.

<https://doi.org/10.1080/00220670109596579>.

Prabhu, N. S. (1990). *There Is No Best Method-Why?* TESOL Quarterly, 24(2), 161.

Oxford, R. L. (2003). *Language learning styles and strategies: Concepts and relationships.* *IRAL International Review of Applied Linguistics in Language Teaching*, 41(4), 271–278.<https://doi.org/10.1515/iral.2003.012>  
<https://doi.org/10.2307/3586897>

Qing-xue, L., & Jin-fang, S. (2007). *An Analysis of Language Teaching Approaches and Methods-Effectiveness and Weakness.* US-China Education Review, 4(1), 69–71.s

Reiff,J. C., & National Education Association,W.D.(1992). *Learning Styles. WhatResearch Says to the Teacher Series.*

Scarcella,R.(1992).*The tapestry of language learning:the individual in the communicative*

Salam, U., Sukarti, & Arifin, Z. (2020). *An Analysis of Learning Styles and Learning by a Successful Language Learner.* Journal of English Teaching, 6(2), 111–121.

Retrieved from<http://login.ezproxy1.lib.asu.edu/login>

Shahzad, F., & Saif-ur-Rehman, S. A. (2014). *Learning Styles: History, Conceptualization and Continuum.* Social Sciences Review (SSR), 2(2), 15–31.

Sheets, M. E. (2011). *The Relationship between the Conditions of Rural High School Facilities and Certain Educational Outcomes.* The ACEF Journal, 1(1), 51–65.

Singh, A. S., & Masuku, M. B. (2014).*Sampling Techniques & Determination Of Sample Size In Applied Statistics* Research: International Journal of Economics,

Tigisti Bafiqaaduu,(2012).*Xiinxala Malleen Cunqaa'aa Fayyadamuu Afaan Oromoo Barsiisuu:*waraqaa qorannoo digirii 2ffaa Manneen Barnootaa Sadarkaa 2ffaa Nophaafi Biloo QaarooIrratti kan hujjetame

Vokić, N. P., & Aleksić, A. (2020). *Are active teaching methods suitable for all generation y students? – Creativity as a needed ingredient and the role of*

Wallace, Michael J.( 1991).*Training Foreign Language Teachers.* Glasgow:

CambridgeUniversityPress

Watson, J.B.(1913). *Psychology as the Behaviorist Views it.* Psychological review,

Widharyanto, B., & Binawan, H. (2020). *Learning Style And Language Learning Strategies*

*Of Students From Various Ethnics In Indonesia.*

*Cakrawala Pendidikan*,39(2), 480–492.

**Duubee namoota Ragaaleen Qorannichaa irraa funaanamee**  
**Gabatee 1. Duubee barattootaa odeeffannoo kennanii**

Saala	Baay'ina	kutaa	Umurii							Ida'am
			15	16	17	18	19	20 fi isaa ol		
Dhi	40	9ffaa	3	8	9	7	10	3		40
Dub	40	9ffaa	4	6	12	6	8	4		40
Ida'a	80		7	14	21	13	18	7		80

**Gabatee 2. Duubee barsiisota odeeffannoonaan irraa funaanamee**

Saala	Baay'ina	Umurii				Sadarkaa barnootaa				Muuxannoo hojii			
		30-35	36-40	41-45	45 ol	TII	DIP P	DIG	MA	1- 10	11-20	21- 30	30 ol
Dhi	2	2	-	-	-	-	-	1	1	1	1	-	-
Dub	2	1	1	-	-	-	-	1	-	-	1	-	-
Ida'am a	4	3	1	-	-	-	-	1	1	1	2	-	-

**Gabatee 3. Duubee hoggantootaa odeeffannoonaan irraa funaanamee**

Saal a	Baay'ina	Umurii				Sadarkaa barnootaa				Muuxannoo hojii			
		30-35	36-40	41-45	45 ol	DIP	DIG	MA	1- 10	11-20	21- 30	30o l	
Dhi	3	2	1	-	-	-	2	1	-	3	-	-	-
Dub	1	1	-	-	-	-	1	-	-	1	-	-	-
Ida'a	4	3	1	-	-	-	3	1	-	4	-	-	-

**Dabalee A**  
**Yuuniversiitii Jimmaatti Kolleejii Sayinsii Hawaasaafi namummaa Dame**

**Afaan Oromoofi Ogbarruu**

**Gaafannoo akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa addaan  
baasuuf dhiyaate**

Gaafannoonaan kun kan qophaa'e xiinxala hojii irra oolmaa akkaataafi tarsimoolee barachuu barattootaa sadarkaa inni irra jiru addaan baasuuf qorannoo geggeessuuf waan taheef deebiin isin gaaffii isiniif dhiyaate kanarratti hundooftanii deebisatan fiixaan bahiinsa qorannoo kanaatiif baayyee murteessaa waan taheef gaaffii dhiyaate sodaa tokko malee akka deebiftaniif kabajaanan isin gaafadha.Yaadni isin kennitan icciitiin isaa eegamee faayidaa qorannoo kanaaf kan ooluudha.Qorataanis deebiiwan isin deebiftan icciitiidhaan qabee ragaa barbaachisu irraa barbaada malee gaaffii isin deebiftan sana hordofuun maaliif deebii kana laatte namni jedhu hin jiru.Dhimma kana irratti odeeffannoo kennuuf eeyyamoo ta'uu keessaniif galatoomaa.

Gaaffiowan armaan gadiitiif deebii dhugaafi qulqulluu ta'e kennaa.Gaafannoowwan dhihaatan irratti fedhiin keessan baayyee olaanaa yoota'e lakkofsa shan(5)Baayyeen fedha (4),hangi tokko nanfedha(3),muraasa nanfedha,(2)baayyee muraasan fedha yoo jechuu barbaaddan (2), hin fedhu yoo jechuu feetan (1)jalatti mallatoo(✓)lakkofsa jalatti barreessuun filannoo keessan mul'isaa

T/L	<i>Gaafannoowwan</i>	<i>Sadarkaale e deebii</i>
1.	<i>Akkaataa barachuu barattootaa addaan baasuuf</i>	5   4   3   2   1
1.1	Namootaan wajjin yannaan dubbadhuifi yeroon baradhu waa'ee odeeffannoo dubbatamu sanaa hubachuuf ijaan ilaaluu baannaan natti hin tolu.	
1.2	Nama dubbatu xiyyeffachuu baadhus waan dubbatame dhaggeeffachuu sirriittan hubadha.	
1.3	Barnoonni tokko kan naaf galu yoon yaadanno qabadhee fi yaadota tarreeffadhee waan ta'eef yaadannoo qabachuu, barreessuufi dubbisuun baayyee natti tola.	
1.4	Wanta barsiisaan barsiisuu dhaggeeffachuu fi dubbiisuu irratti hanqina qaba Tartiiba ykn teeknika gocha tokko ibsuuf dhimmicha irrattii gochaan agarsiisuun yookiin gochaan fayyadamee ofiin hojjeechuun garuu baayyee nagammachiisa	

<b>2</b>	<b>Tarsimoolee barachuu barattootaa adda baasuuf</b>			
2.1	Wantoonnii salphaan kan naaf galan yoon irra daddeebi'ee jedheedha.			
2.2	Sammukootti yeroon dubbisu sammuutti qabachuuf jechoota ijoo ta'an jalan sarareen yaadadha.Waan mul'atuunis walbira qabeen yaadadha.			
2.3	Waanin beekuuf hin beekne sirriitti hubadhus ,gadifageessee itti yaaduun beekumsa duraanii fayyadameen odeeffannoo haaraaf hiika kenna..			
2.4	Sodaa tokko malee dalagaawwan kennaman ofta'ee hojjechuufi miirakoo to'adheen tazgabbiin hojjechuutu natti tola.			
2.5	.Waan ifa naaf ta'uu dide Hiriyootakoo waliin mariyachuun baayyee natti tola			
2.6	Odeefffannoo yaadachuuf fakkiif jecha walitti firoomsuufi jechoota qubee jalqabaa walitti qindeessuun barachuun jaalladha			
2.7	Waan salphaatti naaf yaadatamuu dide waanan beekuu wajjin walitti fideen yaadadha.			
2.8	Wanta sirrii ta'ee yaadadhee dubbachuuf hedduuminaan harka koottiin fayyadama			
2.9	Odeeffannoos ta'ee jechoonni haaraan gara sammukoottii gaafa dhufu waanan duraan beeku waliin walcina qabeen xiinxaluun hiika kenna.			
2.10	Waan ifaa ta'uu dide tokko hiriya waliin yaada waljijiiruun yoon mariyadhu salphaattin hubadha.			

## **Dabalee B:**

**Yuuniversiitii Jimmaatti Kolleejii Sayinsii Hawaasaafi namummaa  
Dame Afaan Oromoofi Ogbarruu**

### **AfGaaffii Hoggantootaataaf dhiyaatee**

Afgaaffiin kun kan qophaa'e xiinxala hojii irra oolmaa akkaataafi tarsimoolee barachuu barattootaa sadarkaa inni irra jiru addaan baasuuf qorannoo geggeessuuf waan taheef deebiin isin gaaffii isiniif dhiyaate kanarratti hundoftanii deebisatan fiixaan bahiinsa qorannoo kanaatiif baayyee murteessaa waan taheef gaaffii dhiyaate gadi fageenyaan xiinxaluun shakkii tokko malee akka deebiftaniif kabajaanan isin gaafadha.Yaadni isin kennitan icciin isaa eegamee faayidaa qorannoo kanaaf kan ooluudha.Dhimma kana irratti odeeffannoo kennuuf eeyyamoo ta'uu keessaniif galatoomaa.Qorataanis,deebiwwan isin deebiftan icciitiidhaan qabee ragaa barbaachisu irraa barbaada malee gaaffii isin deebiftan sana hordofuun maaliif deebii kana latte jedhee hin mufatu.dhimma gaafatamtan irratti deebii sirrii kennaa.

1. Barattoonni mana barumsaa Hoomaafi Sootalloo sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu akkam accamiitiin barachuu akka jaallatan barsiisonni addaan baasuun hubachuu irratti raawwiin jiru maalfa'i?
2. Barsiisonni manneen barnootaa Hoomaafi Sootalloo dandeettiwwan Afaan Oromoo yommuu barsiisan garaagarummaa akkaataa barachuu barattootaa adda baasuun akka fedhii jiruutti qabiyyee barnootaa dhiheessu irratti qophiin qaban haala kamiin ibsama?
3. Barsiisonni Afaan Oromoo mana barnootaa kanatti akkaataafi tarsimoolee barachuu barattootaa addaan baasuun hojjirra oolchuu irratti amalli mul'atu maali?
4. Akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa hojjirra oolchuu irratti gufuuwwan gama bulchiinsa barnootaa, barsiisotaafi barattootaatiin jiran maal fa'i?

## **Dabalee C:**

### **Yuuniversiiti Jimmaatti Kollejii Sayinsii Hawaasaafi namummaa Damee Afaan Oromoofi Ogbarruutti Af-gaaffii Barsiisotaaf dhiyaatu**

Af-gaaffiin kun kan qophaa'e xiinxala hojii irra oolmaa akkaataafi tarsimoolee barachuu

barattootaa sadarkaa inni irra jiru addaan baasuuf qorannoo geggeessuuf waan taheef deebiin isin gaaffii isiniif dhiyaate kanarratti hundoftanii deebisatan fiixaan bahiinsa qorannoo kanaatiif baayyee murteessaa waan taheef gaaffii dhiyaate sodaa tokko malee akka deebiftaniif kabajaanan isin gaafadha.Yaadni isin kennitan icciin isaa eegamee faayidaa qorannoo kanaaf kan ooluudha.Dhimma kana irratti odeeffannoo kennuuf eeyyamoo ta'uu keessaniif galatoomaa.

i.Gaaffiilee armaan gaditti isiniif dhihaatan dhaggeeffachuun erga sirriitti addaan baafattanii booda deebii keessan afaañin deebisaa;bakka gaaffiin isiniif ifuu didetti ammoo irra dediin qulqulleeffachaa deebii kennuu dandeessu.

1. Akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaa irratti hubannoo akkamii qabdu?yeroo qabiyyee barnoota afaan Oromoo dhiheessitan maalirratti hundoftanii mala baruufi barsiisuu filattu?
2. Baratoonni daree barnootaa keessa jiran akkaataa barachuu akkamiitiin barachuu akka fedhan tokko tokkoon addaan baafattanii beekuuf qophiin jiru maalfa'i?
3. Haala qophii,dhiheessaa barnootaafi itti fayyadama meeshaalee deggersa barnootaa irratti Carraaleen leenjiwwan adda addaa barsiisota Afaan Oromoo kutaa sagal barsiisan argatan maal fa'i?
4. Fedhii akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu daree barnootaa keessaa addaan baasuun bu'aa maalii qaba jettanii yaaddu?
5. Akkaataa barachuufi tarsimoolee barachuu barattootaatiin Afaan Oromoo barsiisuuf wanti gufuu ta'an maal maalfaati?

## Dabalee D:

**Yuunivarsiitii Jimmaa Kolleejji Saayinsii hawaasaafi namummaa**

**Damee afaan Oromoof ogbarruutti gaaffilee ragaawwan**

**qorannoo ittiin sassaabuuf dhihaatan**

**Daawwannaan daree barnootaa**

Mata durree kana jalatti gaaffiwwan bifa garaa garaatiin haala qabatamaa daree barnootaa keessaa qaamaan argamuun mirkanoeffachuuuf qopheeffamantu dhihaata. Xiyyeefannoona gaaffiwwan mirkanoeffanna daawwannaan kun ammoo gochoota daree barnootaa keessatti hojiirra oolan mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Hoomaaf sootalloo kutaa 9ffaa baratan irraa wayitii afura afura manneen barnootaa lamaan irratti daawwannaan taasisuuf gochaaleen walduraa duubaan raawwatamuu qaban qopheeffamanii jiru.

Daawwannaan daree barnootaa wayita baruufi barsiisuun taasifamutti daawwatamuuf gaafannoona mirkanoeffanno dhihaateera. Gaafanno mirkanoeffanna wayita daawwannaan xiinxala hojii irra oolmaa akkaataa barachu barattootaafi tarsimool ee barachu barattoota addaan baasuuf qopheeffamee dhihaateera. Daawwannaan Kun, filannoowwan gosa lama of keessatti Kan qabate yoo ta'u, gabatee keessatti gaaffilee fuula duratti mallattoo (v) kaahuun deebiin itti kennamee erga kuufamee booda xiinxalamee akkaatta itti aanee jiru kanaan qaacceffamee jira.

Maqaa mana barumsaa \_\_\_\_\_ Daree \_\_\_\_\_

Kutaa \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

T/L	Gochaalee yeroo daawwannaan madaalamen	Eeyyee	Lakki	Yaada
1	<b>Gahee barsiisaa</b>			
1.1	Barnoota darbe yaadachiisuudhaan Mataduree barnoota . guyyichaa barattootaaf beeksiseeraa/ttii?			
1.2	Kaayyoo barnoota guyyichaa barattootaaf ibsameeraa?			
1.3	Gochaalee daree keessaa addaaddaa irrattihirmaachisuuf fedhii barattoota irratti xiyyeefatamee haalli mijaa'eeraa?			

1.4	Barattootni barnoota kennamu fedhiifi xiyyeffannoona akka hordofaniif isaan kakaaseeraa/kakaasteettii?			
1.5	Mala baruuuf barsiisuu fedha barattootaa irratti bu'uure adda baasuun fayyadameeraa/teettii?			
1.6	Barattootni daree keessatti mala isa kamiin barachuu akka qaban ragaaisaanii qindeeffatee/ttee addaan baafatee/ttee jiraa/rtii?			
1.7	barnootaafi gochaaleetti qophaa'ee  akkaataa fedhii barattootaatti madaqsuun dhiyaateeraa?			

1.8	Barsiisaan kitaaba qofaa irratti osoo  hinhindaa'in leecalloo mataa isaa qopheeffatee  dhufeeraa/teettii?			
1.9	Barsiisonni hirmaannaa barattootaa cimsuuf akkaataa fedhii  daree keessa beekuun carraa ni kennuu?			
2.	<b>Gama Barattootaatiin</b>			
2.1	Barattootni gareen mari'achuuf fedhii qabuu ?			
2.2	Garee uumame keessatti tokkoon tokkoon barataa gahee  qabaa?			
2.3	Barattootni hojii daree keessatti kennaamuuf hojjeechuuf  kaka'umsaqabuu?			
3	<b>Haala daree barnootaafi tartiiba dhiyeessa barnootaa</b>			
3.1	Barattoota daree keessa jiraniif teessoon gahaan jiraa?			
3.2	Teessoowwan jiran bakkaa bakkatti kan socho'anidhaa?			
3.3	Baay'inni barattootaafi bal'inni daree barnootichaa  walsimataa?			
3.4	Barsiisaa/tuun tartiiba sadarkaa hubannoo, sadarkaa  shaakalaafgaltee,keessa darbuun fayyadameera/teettii?			
4	<b>Meeshaalee deeggarsa barnootaa</b>			
4.1	Fakkiwwan bifaa addaa addaa, poostaroonni,gabateewwanfi  chaartiiwwan barnooticha qabatamaa taasisuuf qopheeffamanii  dhihaatanii jiruu?			

4.2	Barsiisaan kitabaa barnootaan alatti meeshaalee deeggarsa barnootaa yeroo dareetti fidu barattooni fedhii daawwachuu qabuu?		
4.3	Kitaabileen barnootaa Afaan Oromoo barataa hundaaf gahaadhaa?		
4.4	Meeshaaleen filannoo barsiisaatiin qophaa'an ni jiruu?		
4.5	Meeshaaleen qopheeffaman baayina fedhii barachuu daree keesaatiin walsimoodhaa?		
4.6	Barsiisaan fedhii daree keessaa hanga dandaa'ame guutuuf tooftaaleen fayyadaman jiraa?		
4.7	Barsiisaan/stuun yerootti sirnaan fayyadamteetti?		
4.8	Gaafannoон mirkaneeffata kaayyoo xumuratti gaafatamee jiraa?		
4.9	Kaayyoон barnootaa guyyichaa galma ga'eeraa?	✓	